# Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii

Kutaa 7



## Qajeelcha Barsiisaa

Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 7



Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

ISBN-978-99944-2-063-6
Gatii Qr. 20.75



## የኢትዮጵያ ሕዝብ መዝሙር

የዜግነት ክብር በኢትዮጵያችን ፀንቶ፣
ታዬ ሕዝባዊነት ዳር እስከዳር በርቶ::
ለሰላም፣ ለፍትህ ለሕዝቦች ነፃነት፣
በእኩልነት በፍቅር ቆመናል ባንድነት::
መሠረተ ፅኑ ሰብዕናን ያልሻርን፣
ሕዝቦች ነን ለሥራ በሥራ የኖርን::
ድንቅ የባህል መድረክ የአኩሪ ቅርስ
ባለቤት፣
የተፈጥሮ ፀጋ የጀግና ሕዝብ እናት፣
እንጠብቅሻለን አለብን አደራ፣
ኢትዮጵያችን ኑሪ እኛም ባንቺ እንኩራ::



## Faaruu Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Oromiyaa, Oromiyaa haadha seenaa guddaa
Handhuura Oromootaa galma sirna Gadaa
Dachee heeraa fi seeraa haadha Caffee Odaa
Badhaatuu, gabbattuu magarsituu hundaa;
Xurii bara dhibbaa dhiigaan sirraa dhiqnee
Wareegama qaaliin alaabaa kee ol qabnee
Gammannee gammadii bokkuu deebifannee;
Nagaaf dimokraasii tabaroo namummaa
Misoomaa amansiisaa guddina hatattamaa
Ummatootaa wajjiniis jaalalaafi tokkummaa
Wabii jireenyaatiif goonee kaayyoo cimaa;
Irree gamteeffannee kaanee nu abdadhuu
Oromiyaa lalisii dagaagii jiraadhuu!

# Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii

# Qajeelcha Barsiisaa

## Kutaa 7

**Qopheessaan:**

Ministeera Barnootaa Federaalaa

**Afaan Oromootti Kan Hiikan:**

- Biyyanaa Fufaa
- Maammoo Boggaalaa

**Gulaalaan:**

- Darajjee Mokonnin
- Tsahaay Addunyaa
- Sirnaa Dabalaa

Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa
Rippaabilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

AG PRINTING & PUBLISHING LTD

## Galata

Fandiin Dizaayinii, maxxansaa fi raabsaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii kun deeggersa karaa **Piroojektii Fooyya'insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa** (GEQIP)n kan argame yommuu ta'u kaayyoon piroojeektii kanaas dhaabilee barnoota mootummaa kutaalee 1-12 keessatti qulqullina barnootaa fooyyessuudha.

Mootummaan Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa fandii **Fooyya'insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa(GEQIP)** kana dhaabilee gargaarsa **Internationonal Development Association (IDA), The Fast Track Initiative Catalytic Fund (FTICF)** fi dhaabilee deeggertoota misoomaa biroo kanneen akka **Mootummoota Fiinlaand, Niizerlaandii, UK fi Walta'insa Misoomaa Mootummaa Xaaliyaanii** irraa argate.

Ministeerri Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa qaamolii kallattiinis ta'e al kallattiin kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa BLAG maxxansiisuu keessatti qooda fudhatan hundaaf galata galchuu barbaada.

**©Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa, bara 2003**

ISBN 978-99944-2-063-6

**Dhaabbata Maxxansaa Alguuraarii**
**Lakk. Sanduuqa Poostaa 5613**
**Dubaayi, U.A.E**
Wal ta'insa
**Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Internaashinaalii**
**Lakk Sanduqa Poostaa 100767**
**Finfinnee,**
**Itoophiyaa**

Mirgi maxxansaa seeraan eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamiyyuu hayyama Ministeera Barnootaa ykn hayyama qaama labsii **Nagaarit gaazeexaa lakk 410/2004** qabeenya sammuu egsisuuf angoon kennameefiin alatti baa'yisuun, haala addaatiin itti fayyadamuuf kuusuu fi tamsaasuun dhorkaaddha.

Kitaaba kana keessatti abbootii mirga maxxansaatiif haga danda'ametti beekamtii kennuun ragaalee adda addaa fedhanneerra. Akka tasaa ta'ee beekamtii osoo hin kenniin kan fudhanne yoo jiraate dhiifama gaafachaa, maxxansa fuula duraa keessatti galchuu akka barbaannu asumaan ibsina.

Qaamni mirgi maxxanssaa koo sirriitti beekamtii osoo hin argatiin ragaan koo fudhatameera jedhu yoo jiraate karaa teessoo keenya armaan gadii nuuf barreessuu ni danda'a:

**Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa**
**Lakk. Sanduuqa Poostaa 1367**
**Finfinnee,**
**Itoophiyaa**

# Baafata

**Qabiyyee** *Fuula*

**Boqonnaa 1.** Sirna Dimookiraatawaa .......................................... 1
**Boqonnaa 2.** Olaantummaa Seeraa .......................................... 17
**Boqonnaa 3.** Walqixxummaa .......................................... 29
**Boqonnaa 4.** Haqummaa .......................................... 39
**Boqonnaa 5.** Jaalala Biyyaa .......................................... 48
**Boqonnaa 6.** Miira Itti Gaafatamummaa .......................................... 56
**Boqonnaa 7.** Aadaa Hojii Cimaa .......................................... 63
**Boqonnaa 8.** Of Danda’uu .......................................... 69
**Boqonnaa 9.** Aadaa Qusannaa .......................................... 78
**Boqonnaa 10.** Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa .......................................... 87
**Boqonnaa 11.** Beekumsa Fedhuu .......................................... 94

# BOQONNAA TOKKO

## SIRNA DIMOKIRAASII

*(Wayitii 13)*

**Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booddee**

- Caasa bu'uureffama aangoo mootummaa ni hubatu.
- Garaagarummaan waldanda'anii waliin jiraachuu faayidaa inni qabu ni beeku.
- Qajeelfama bu'uuraa sirna dimokiraasii ni beeku.
- Mirga namtokkee, mirga garee fi mirga dimokiraasii ni hubatu.
- Dalagaa mootummaa federaalaa fi mootummaa naannoo ni beeku.
- Itoophiyaan biyyoota Afirikaaf bu'aa isheen buufte ni beeku.

| Lakk | Barnoota | Kaayyoo gooree | Meeshaalee deggarsa kennan |
|---|---|---|---|
| 1 | • Qajeelfama sirna dimokiraasii | • Qajeelfama sirna dimokiraasii ni ibsu | • Heera mootummaa federaalawaa |
| 2 | • Mirga namummaa fi mirga dimokiraasii | • Mirga nam-tokkee fi mirga garee namummaa fi dimokiraasii ni tarreessuu | • Heera Mootummaa Federaala - waa Dimokiraasummaa Repabilika Itoophiyaa<br>• Faggian, R.(2008) the basics of peace Education for world citizens, Addis Ababa Arada Books |
| 3 | • Garaa-garummaan waldanda'uu | • Garaa-garummaa ofii qaba-tanii waldanda'anii waliin jiraachuun bu'aa inni qabu ni tarreessu. | |
| 4 | • Dalaga(hojii) mootummaa | • Ga'ee mootummaa feder-aalaa fi kan mootummaa naannoo ni addeessu. | |
| 5 | • Aaangoo mootummaa dim-okiraatawaa reppaabilika Itoophiyaa | • Ga'ee hojii Aangoo mootummaa ni tarreessu | • Baahiruu Zoodee (1999 A.L.A irra deebi'amee kan maxx-anfame) A History of modern Ethiopia 1855 - 1991 2ffaa mana maxxansa Yunv-ersitii Finfinnee.<br>• Heera mootummaa Federala Reppaabiliika Itoophiyaa |
| 6 | Imaammata hariiroo alaa Itoophiyaan qabdu | Mootummaan Itoophiyaa biyy-ota Afirikaaf bu'aa isheen buufte ni ibsu | - Ethiopia from empiere to Federation, by Kenfe Abrha.<br>- Immaammata Itoophiyaan hariiroo alaa waliin qabdu ministeera quunnamtii fi preesii qajeelcha ergan dhageettii bara 1994 Finfinnee |

## 1.1 Qajeelfama sirna dimokiraasii *(wayitii 2)*

**Meeshaalee deeggersa barnootaa fi qophii kutaa**

- Heera Mootummaa Federaala dimokiraatawaa reppaabilikaa Itoophiyaa
- Qajeelfamoota ifa gochuuf fakkeenyoota barbaachisan
- PSTR (Mootummoota gamtoomanii fi konvekshinii mirga daa'imanii kan ammate sadarkaa Fedraalaatti komiishina farra malaammaltummaa fi gargaarsa dhaabata daa'immanii suudin waliin kan qophaa'e)

### 1.1.1 Walabummaa waldorgommii aangoo siyaasaa

**Seensa**

**Gaaffilee ka'umsaa**

**Waldorgommii siyaasa walabaa jechuun maal jechuudha?**

**Faayidaan isaa maali?**

**Baarsiisa/tuu!**

Gaaffilee bu'uuraa kanarraa ka'uudhaan barattoonni beekumsa mata duree kanarratti qaban hubachuu waan dandeessisuuf gaaffilee kutaa keessatti barattootaaf dhiheessuun barattoonni deebii isaanii dabtarra irratti akka barreessan godha.

**Gocha**

Barsiisa! barattoonni gaaffilee ka'umsaatti aansanii yaadannoo jiru dhuunfaadhaan akka dubbisan godhaa. Yommuu dubbisanis gaaffilee dura dhihaatan wajjin walsimsiisanii hubannoodhaan akka dubbisan godhi. Yaadannoo dubbisuudhaan deebii argatan, utuu yaadannicha hin dubisiin dura deebii kennan wal cinaa qabuudhaan akka hubatan godhi. Isinis yaada guduunfaa kennuun gara dlalaga itti aanuutti darbaa.

**Barsiisa/tuu!**

Barattoonni gareedhaan ta'anii shaakalarratti akka mari'atan gochuudhaan tokkoon-tokkoo garee waan irra ga'e kutaa hundaaf akka dhiheessan godhi. Sana booddee yaada cuunfaa kennuudhaan gara barnoota itti aanuutti darbuun ni danda'ama.

Haaluma kanaan gilgaala 1ffaa gaaffii jalqabaa ilaalchisee "wal dorgomii aangoo siyaasa walabaa" bu'uura sirna dimokiraasii qajeelfama sababa inni itti ta'e keessaa tokko dorgomtoota hundaaf carraa walqixa kan kennu ta'uu isaa fi lammiileen hunduu siqiqii tokko malee waan itti amanan murteessuu fi filachuu waan isaan dandeessisuufi jedhamee deebii kennuun bira darbuun ni danda'ama.

**Gaaffii 1**. Sirna walabummaa waldorgommii aangoo siyaasa bu'uura sirna dimokiraasii sababainni itti ta'e keessaa tokko sirna dimokiraasii keessatti aangoon kan qabatamu humnaan osoo hin taa'iin filannoowwan garaagaraa jiraatanii sagalee uummanni kennuun hinjifannoodhaan waan ta'eefidha.

**Gaaffii 2**. Waldorgommiin aangoo siyaasa walabaa kan barbaachiseef carraa filannoowwan adda-addaa lammiiwwaniif waan kennuufidha.

**Walabummaa Waldorgomii Aangoo Siyaasaa**

Lammileen fedhii isaanii karaa isaan ittiin ibsatan keessaa tokko hojiiwwan mootummaa keessatti kan isaaniif ta'u (bakka bu'uu) filachuudha. Sirna dimokiraasii keessatti karaa nagaan haala walaba ta'ee fi haqa ta'een bakka

bu’oonni aangoo ni qabatu. Duraan taayitaa qabatanii kan turan aangoo isaanii karaa nagaa ta’een ni gadhiisu. Yeroo filannoo fedhii uummattootaa sodaachisuudhaan kallatti filannoo jijjiirsisuun hin danda’amu malaammaltummaa fi loogii raawwachuun fara dimokiraasiitti. Filannoon walabaa fi haqa qabeessa kan ta’u lammileen filataman hunduu taayitaa mootummaa qabachuuf miirga yoo qabaatanidha. Kanarrattis yeroo filannoon gaggeeffamu waantonni filannoorratti gufuu ta’an jiraachuu hin qaban.

Haqummaa adeemsa filannoo kanneen qoran gufuuwwan gurguddaa lamatu jiru. Inni duraa paartiin injifatee aangoorra jiru ykn paartiiwwan siyaasaa aangoo gadhiisuuf fedha dhabuu isaaniiti. Balaa kana cirumaan balleessuu yoo hin danda’amneyyu tarkaanfilee adda addaa fudhachuudhaan miidhaa isaa dhowwuu fi hir’isuun ni danda’ama. Tarkaanfiiwwan fudhataman keessaa baay’ee barbaachisaa kan ta’e daangaalee filannoo aanaa daangeessuurraa kaasee galmee filannoo fi duula na filadhaa ofkeessatti ammatee hanga raawwii filannootti lakkoofsa sagalee filattootaa dabalee adeemsa jiran hunda qaama walaba ta’een akka gaggeeffamu gochuudha. Miseensonni qaamolee kanaa walaba ta’anii amantaa fudhatama paartiiwwan dorgomtootaa kan qaban ta’uu qabu. Sadarkaa 2ffaatti adeemsa filannoo yaraa, dhiibbaan maallaqaa adeemsa filannichaa haqummaa fi waldorgommiin walabaa aangoo qabachuuf godhamu filannicha waantota balaarra buusan keessatti ramadamuu kan danda’amanidhaa.

### 1.1.2 Ol-aantummaa Seeraa

#### Gaaffilee ka’umsaa

- Ol-aantummaa seeraa jechuun maal jechuudha?
- Sirni dimokiraasii isa tokkichaa fi isa bu’uuraa ol-aantummaa seeraati sababiin itti jedhame maali?

#### Barsiisa/tuu!

Barattoonni gaaffilee kanaaf deebii kennuuf waa’ee ol-aantummaa seeraa kutaa 5ffaa fi kutaa 6ffaa tti waan baratan akka yaadatan gargaari. Deebii isaan kennan gabatee gurraacha irratti barreessuudhaan gara dalaga itti aanuutti darbaa.

#### Gocha

#### Barsiisa/tuu!

Barattoonni gilgaala 2ffaa yaadannoo dubbisanirratti hundaa’anii dhuunfaadhaan kutaa keessatti akka hojjetan godha. Deebii sanaafis yaadannoo isaanii sirnaan akka dubbisan itti himi. Adeemsa sirreessuu keessattis gargaarsa godhiif.

#### Gaaffii 1

- Namni tokko nama haqa isaa jalaa dhiite kamuu qaama seeraatti dhiheessee mirga isaa kabachiifachuu yoo danda’e
- Seera fuula duratti lammileen hundumtuu walqixxummaa yoo argatan

#### Gaaffii 2

- Olaantummaa seeraa hojiirra oolchuun faayidaa inni qabu
- Namoonni seeraaf akka bitaman ni godha. Yoo kana ta’e immoo walitti dhufeenyi namoota gidduu jiru gaarii waan ta’uuf, nageenyi, walkabajuun, misoomni fi guddinni ni dhufa.
- Mirgii fi walabummaan lammiiwwanii wabii argata.
- Lammiiwwan gidduutti loogiin kamuu akka hin raawwanne to’achuu dandeessisa.

### Olaantummaa Seeraa

Seera jechuun mootummaa biyya tokkoo fi uummata gidduutti walitti dhufeenyi ta’uu qabu, itti gaafatamummaa mootummaa fi daangaa aangoosaa, mirga uummmataa bilisummaa fi dirqama akkasumas dalaga namootaa fi walitti dhufeenya isaa to’achuuf qaama aangoo qaburra kan ba’uu fi hojiirra kan oolu tuuta heerotaa jechuudha.

Sirna dimokiraasii keessatti namni kamuu seeraa ol ta’uu hin danda’u. Kun ol-aantummaa seeraa jedhama. Waan kana ta’eef namni kamuu seeraaf bitamuu qaba. Kan seera cabse balleessaa isaaf itti gaafatamaa ta’a. Sirni dimokiraasii seerri walqixummaa fi haqni raawwii akka argatu ni jajjabeessa.

### 1.1.3 Iftoominaa fi Ittigaafatamummaa

### Gaaffii ka’umsaa

- Iftoomina jechuun maal jechuudha? Itti gaafatamummaanoo?

### Barsiisa/tuu !

Gaaffilee kanaaf barattoonni deebii akka kennan jajjabeessa. Deebii isaan kennan gabatee gurraacharratti barreesi. Kunis kan godhamuuf isa boodaa wajjin walbira qabanii ilaaluu akka isaan gargaaruufi.

### Gocha

- Yaadannoo itti aanee jiru yommuu deebbisan gaaffii dhihatu yaadaa ta’uu akka qabu godhaa. Sana booda gilgaala 3 irratti gaaffilee jiran gartuudhaan irratti haa mari’atan. Maree sana booddee gareewwan yaada irra ga’an kutaaf akka dhiheessan godhi. Deebiiwwan kennaman gaaffii ka’umsaarratti deebii kennaman wajjin wal madaalchisaa. Sana booddee barattoonni gilgaala 3ffaa irratti gaaffilee dhihaatan qabxiilee jiraniif sirreeffama akka fudhatan godha.

### Gaaffii 1

- Yaadannoorratti gaaffii 1ffaa fi 2ffaa jedhamee kan caqafame salphisii ibsiif. Seeraa fi heera mootummaa dimokiraasumma reppaabilika Itoophiyaa keeyyata 12 irratti kan tumame ta’uu isaa ibsiif.

### Gaaffii 2

- Iftoominaa fi itti gaafatamummaan hirmaannaa lammilee dhugoomsa. Hirmaannaa uummataa malee dimokiraasiin hiika hinqabu. Iftoominnii fi itti gaafatamummaan lammmileen mirga ragaa sirrii argachuu isaan gonfachiisa.

### Gaaffii 3

- Qajeelfama sirna dimokiraasii keessaa tokko iftoominaa fi ittigaafatamummaa jedhama.
- Ummanni wantoota hir’atan haala salphaan waan ilaaluuf yaada inni kennurraa ka’uudhaan tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu dandeessisa.
- Kana yommuu jedhamu qajeelfamni kun karaa sirrii ta’een hojiirra oolchuun yoo hindanda’amne ijaarsa sirna dimokiraasii godhamu bu’aa akka hin buufne agarsiisuufi.

### Iftoominnii fi Ittigaafatamummaan Maali?

Iftoominnii fi itti gaafatamummaa jechuun hojiin tokko akka hojjetamu qaamni taayitaan kennameef hojii isaa seeraan akka hojjetu fi akka raawwatu itti gaafatamummaa kennameef; seeraan ba’uu yoo dadhabe garuu badii hojjeteef sirna itti gaafachiisudha.

Iftoominnii fi itti gaafatamummaan bakka hinjirretti waa'ee dimokiraasii dubbachuun tapha afaanii ta'uurra hindarbu. Iftoominni fi itti gaafatamummaan dimokiraasii wajjin wanti isaan walitti hidhu sababiin inni bu'uurri hirmaannaa uummataa wajjin kan walqabate ta'uu isaati. Murteewwan hirmannaa uummataa wajjin kan walqabate ta'uu qaba. Kanaaf lammileen hojiiwwan mootummaan raawwatu ragaa gahaa argachuu qabu. Hojii mootummaan hojjetu keessatti bakka odeeffannoo sirrii fi dhugaa ta'e hinjirretti hirmaannaan lammilees ta'e murteewwan sirrii ta'u jedhanii yaaduun hindanda'amu. Ragaalee kanaaf dhiheessi akka mirga lammileetti ilaalamuutti irra jira. Lammileen haala hojii mootummaa isaanii beekuu fi yoo ragaa gaafatanis mirga odeeffannoo argachuu ni qabu. Iftoominni mootummaa immoo lammiileen hirmaannaa mul'ataa gochuu fi murtee tasgabbaa'aa kennuu wajjin yommuu ilaalamu sirni dimokiraasii hundee gadi ergachuu, daraaruu fi jabaachuuf bu'aa guddaa qaba.

### 1.1.4 Murteessummaa Sagalee Wayyabaa fi Kabaja Mirgoota Hagoo

**Gaaffii ka'umsaa**

- Murteessummaa sagalee wayyabaa jechuun maal jechuudha?

**Barsiisa/tuu!**

- Gaaffi ka'umsaa kanaaf deebii akka kennan barattoota murtaa'aniif carra kenni. Deebii isaanis dabtara isaanii keessatti akka barreessan godhi.

**Gocha**

- Barattoonni mata duree jalatti yaadannoo taa'e dubbisuudhaan gaaffii ka'umsaaf dhihaate deebii barbaadanii akka deebisan godhi. Deebilee argatanis gabatee gurracharratti qabxilee taa'an wajjin ammam amma walitti dhihaatu akka hubatan godha.

Barattoonni gilgaala 4ffaa gareedhaan ta'anii akka irratti mari'atan godhi. Barattoonni deebii isaanii erga dhiheessanii boodee qabxiilee kanatti aananii jiran sirreesuuf itt fayyadamuu danda'u.

**Gaaffii 1**

Filannoo bakka bu'aa daree sirna tapha miinaa tooftaa isaa dhiheessuun ifa gochuun ni danda'ama.

**Gaaffii 2**

Olaantummaa sagalee wayyabaa hojiirra oolchuun bu'aa armaan gadii caqasuun ni dada'ama.

- Mari'achuu yaada waljijjiiruu, walfalmuun murtee tokkorra waan ga'amuuf waliigaltee ni uuma.
- Namni kamiyyu dhunfaanis ta'e gartuun yaada isaa nama biroorratti akka hin feene godha.

**Gaaffii 3**

- Murtoo namoonni baay'een dabarsan deggeranii kan bitamaniif ta'uu isaati.

**Gocha**

**Barsiisaa/tuu!**

**Barsiisaa !** Gilgaala 4ffaa tti aanee dhimmoota dhihaatan hojjechuuf barattoota daree keessa jiran garee 4tti qoodi. Tokkoon-tokko garee dhimma tokkorratti mari'achuudhaan deebii qabatanii akka dhihaatan ajaji. Dhumarrattis qabxilee armaan gadii sirreessuuf itti haa fayyadamani.

**Dhimma jalqabaa**

A/ Qajeelfamni ol-aantummaa seeraa hojiirra kan itti ooledha.

B/ Qajeelfamichi haalaan hojiirra ooleera.

**Dhimma lammaffaa**

A/ Iftoominaa fi Itti gaafatamummaa kan ilaaludha.

B/ Qajeelfamichi cabeera

**Dhimma Sadaffaa**

A/ Qajeelfama waldorgommii siyaasa walabaa kan ilaaludha.

B/ Qajeelfamichi haalaan hojiirra ooleera.

C/ Lammiileen filannoorratti hirmaachuu fi nama barbaadan filachuu akka danda'an mirgi isaanii kabajameera.

**Dhimma Afraffaa**

A/ Ol-aantummaa sagalee wayyabaa kan ilaaludha.

B/ Qajeelfamichi haalaan hojiirra ooleera.

C/ Garaa-gartummaan yaadaa karaa nagaa ta'een akka hiikamu dandeessiseera.

**Olaantummaa Sagalee Wayyabaa fi Sagalee Namoota Muraasaa Kabajuun Barbaachisaa Ta'uu Isaa.**

Kitaaba kana keessatti ibsi kenname ga'aa yoo ta'eyyu kana keessatti dhimmi ofeeggannoo barbaadu sagaleen namoota muraasaa ykn fedhii hunda sagalee namoota baay'ee fi fhedhii isaaniitiin ni liqinfamu, ni dhiitama jechuu miti, Fakkeenyaaf naannoo tokko uummati jiraatu paartii siyaasaa isaan deggeran yoo taayitaa qabate, kanneen deggeraa paartii sanaa hintaane muraasni fedhii fi mirga isaanii eeguun dirqama ta'a jechuudha.

**Xumura**

Dhummarratti barnoota guyyaa kanaa walitti qabuu kan dandeessisan gaaffilee barattootaaf dhiheessuun barumsicha xumuraa.

## 1.2 Mirgoota Namummaa fi Mirgoota Dimokiraasii (*Wayitii 3)*

**Qophii kutaa/meeshaa barnootaa**

- Seera Mootummaa Federaalawaa Dimokiraasummaa Reppaabilikaa Itoophiyaa.
- Mirga namummaa idilee addunyaatti tumame.

### 1.2.1 Mirgoota Namummaa Nama Dhuunfaa

**Gaaffilee ka'umsaa**

- Mirgoota namummaa nama dhuunfaa kanneen jedhaman keessaa lamaan isaanii barreessi.

**Barsiisa/tuu!**

Mirgoota namummaa nama dhuunfaa kanneen jedhaman keessaa lamaan isaanii akka tuqaan barattoota muraasaaf carraa kenni. Deebii isaanis gabatee gurraacha irratti barreessi.

**Gocha**

Itti fufuudhaan mirgoota nama dhuunfaa mata duree jedhu jalatti yaadannoo jiru dhuunfaadhaan akka dubbisan godha. Sana booda gilgaala 5$^{ffaa}$ irratti hundaa'anii dhuunfaadhaan akka hojjetan gootee booddee gaaffilee ka'aniif tuqaalee kanneen fayyadamuu ni dandeessu.

**Gaaffii 1** Mirgi jiraachuu nama tokkoo nama kamiinuu akkuma barbaadame sarbamuu waan ittisuuf faayidaan isaa kan nama walgaafachiisu miti.

**Gaaffii 2** Mirgoonni yommuu dhiitaman cal jechuu dhiisuu, mirga namummaa nama biroo kabajuu -- kkf qabxilee jedhan kaasuun ni danda’ama.

### 1.2.2 Mirga Namummaa Garee

### Gaaffii ka’umsaa

- Mirga namummaa garee kanneen jedhaman keessaa lama tuqi.

### Barsiisaa/tuu!

Barattoonni mirga namummaa garee kanneen jedhaman keessaa akka tuqan carraa barattoota muraasaaf kenni. Deebii isaanii dabtara isaanii keessatti akka barreessan godha.

### Gocha

Mata duree kana jalatti ibsi kenname barattoonni dhuunfaadhaan akka dubbisan gochuudhaan gilgaala 6ffaa yaadannoo kennamerratti hundaa’uudhaan dhuunfaadhaan akka hojjetan godha. Sana booda gaaffii fi deebiidhaan sirreeffama kennuuf yaala. Sororsuuf akka tolu qabxiwwan kanneen tuquun ni danda’ama.

**Gaaffii 1**. Kabajamuu mirga garee ilaalchisee qabxilee itti aananii jiran kaa’uun ni danda’ama.

- Walitti dhufeenya gaarii godha.
- Nageenya uuma.
- Ijaarsa sirna dimokiraasii saffisiisa.
- Kaayyoo tokkof waliin socho’uu dandeessisa.
- Guddina dhugoomsuuf gargaara.
- Miira biyyummaa dagaagsa fi KKF.

**Gaaffii 2**. Eeyye! Mirga gareerratti uggurri kaa’amuu ni danda’a. Uggurri kun kan kaa’amuu danda’u sababoota armaan gaditti kaa’amaniinidha.

- Nageenya uummataa fi biyyaarratti balaa kan fidu yoo ta’e.
- Kabaja namaa fi maqaa namaa kan xureessu yoo ta’e.
- Nageenya uummataa kan booressu yoo ta’e fi KKF.

### 1.2.3 Mirgoota dimokiraasii nama dhuunfaa

### Gaaffii ka’umsaa

- Mirga dimokiraasii nama dhuunfaa kan jedhaman caqasi.

### Barsiisaatuu!

Barattoota barnootaaf kakaasuuf gaaffii ka’umsaa kana gaafachuudhaan deebiidhaafis barattoota muraasaaf carraa kennuudhaan gara gocha birootti darbuun nidanda’ama.

### Gocha

Barattooni Gilgaala 7ffaa hojjechuu isaaniitiin dura dhuunfaadhaan yaadannoo akka dubbisan godhi. Sana booddee gilgaalicha kutaa keessatti dhuunfaadhaan akka hojjetan gochuudhaan gaaffii fi deebiin akka dhihaatan godhi. Qabxilee kanatti aananii jiran akka cuunfaatti yoo kennaman barattoonni itti fayyadamuu ni danda’u.

**Gaaffii 1.** Mirga dimokiraasii nama tokko kabajii

- Lubbuu fi maalummaa miira namaa kabajuun kabaja namummaa dagaagsuuf ni fayyada.
- Mirga bakka tokkoo bakka biroo deemuu fi mirga bilisummaa bakka fedhaan jiraachuu ni goonfachiisa.

**Gaaffii 2**. Mirgoota kanaan haalaan itti fayyadamuuf mirgoonni yammuu dhiitaman callisanii ilaaluu dhiisuu; Mirga namoota biroo kabajanii argamuu gaafata.

**Gaaffii 3**. Mirgoota kanarratti uggurri kaa'amuu ni danda'a. Kun kan ta'u, nageenya biyyaa kabaja namaa fi maqaa namaa kan xureessan yommuu uumaman ta'a.

### 1.2.4 Mirgoota dimokiraasii kan garee

**Gaaffii ka'umsaa**

Mirga dimokiraasii garee kan jedhaman tarreessi. Gaaffii kanaaf barattoonni murtaa'an deebii akka kennan erga gootanii booddee gara gocha birootti darbaa.

**Gocha**

**Barsiisaa/tuu!**

Gilgaala 8ffaa barattoonni yaadannoo isaanii dhuunfaan dubbisanii akka hojjetan godhaa. Qabxiwwan kanneen yaada cuunfaa gochuun dhiheessuun ni danda'ama.

**Gaaffii 1**. Mirga dimokiraasii garee kabajuu.

- Uummati tokko mirga hiree isaa ofiin murteeffachuu gonfachiisa.
- Mirga aangoorraa buusu ni gonfachiisa.
- Uummattoonni fedha isaaniitiin walkabajanii waliin jiraachuu dandeessisa.
- Uummattoonni rakkoo isaanii gamtaadhaan hiikkachuu isaan dandeessisa. -- KKF.

**Gaaffii 2**. Mirga namoota biroo dhiibuu dhiisuu /waan akka nuuf godhamu barbaannu kan biroof gochuu) seera mootummaa kabajanii argamuu fi KKF.

**Gaaffii 3**. Eeyyee! ni danda'ama. Ugguricha kan kaa'amuu danda'u mirgoota seera mootummaa keessa kan jiran wajjin yoo walitti bu'ee argamedha.

**Mirga Dimokiraasii fi Namummaa**

Mirgi namummaa namni tokko nama ta'ee dhalachuu isaatiif qofa mirgoota argate yommuu ta'an mirgi dimokiraasii immoo sirna dimokiraasii tokko keessatti kabajamuu lammilee akka ta'u mirga seeraan tumamedha. Mirgoonni kun haallan rakkisoo ta'an yommuu uumaman yeroodhaaf ittisinni seeraa godhamuufiti irra jira. Haalli kunis mirga namummaarraa akka adda ta'an isaan godha.

**Xumura**

Dhumarratti yaada bu'uura barnootichaa gabaabinaan dhiheessuun barnooticha goolaba.

## 1.3 Garaagarummaa keenya waldandeessisuu *(Wayitii 2)*

**Qophii daree /meeshaa deggarsaa**

- Seerri Mootummaa Federaala Dimokiraatawwaa Reppabiliika Itoophiyaa

### 1.3.1 Garaagarummaa waldandeessisuudhaan faayidaa waliin jiraachuu

**Gaaffii ka'umsaa**

- Fakkii olitti mul'atu sirriitti ilaala. Garaa-garummaa ijoollee gidduu jiru yoo xinnaate sadi baasa.
- Fakkichi maal mul'isa? Maalis hubattan?

**Barsiisa/tuu !**

Barattoonni hundumtuu kitaaba isaanii keessaa mata-duree kana jalatti fakkii mul'atu sirriitti akka ilaalan godha. Daawwannaa isaaniirraa maal akka hubatan gara-garummaa argan akka dubbatan erga gootee booddee maal akka hubatan gaafadha. Carraas barattoota murtaa'aniif erga kennitee booddee tuqaalee isaan kaasan gabatee gurraacharratti barreessi.

Gaaffiwwan ka'umsaaf yaada cuunfaa kennuun yoo barbaachise qabxilee armaan gadii dhiheessuun ni danda'ama.

1. Garaa-garummaa barattoota gidduutti mul'atu ilaalchisee
   - Garaa-garummaan saalaa ni mul'ata.
   - Garaa-garummaan amantaa ni mul'ata.
   - Garaa-garummaa lakkoofsa dhalaa fi dhiiraati mul'ata.

2. Garaa-garummaan armaan olitti mul'atan yoo jiraatanillee; garaagarummaa kana kan waldandeessisaan kaayyoo tokko dhugoomsuuf ifaajee isaan godhan ilaaluun ni danda'ama.

**Gocha**

- Gilgaala 9ffaa jalqaba barattoonni "hiriyyoota arfan" mata-duree jedhu dhuunfaan dubbisuu, sanaan booddee gareedhaan yoo hojjetan ni filatama. Barattoonni gareedhaan kan hojjetan erga dhiheessanii booddee. Isin immoo yaada sororsuuf isin gargaaru kennaa. Gaaffilee sanaafis yaada guduunfaa kaasuun ni danda'ama.

**Gaaffii 1.** Gocha hiriyyoota arfanirraa barachuun kan danda'amu garaa-garummaa dhiphisuun waliin nagaan jiraachuun akka danda'amu; akkasumas wal danda'uun yoo jiraate kaayoo galmaan ga'uun kan hin ulfaannedha.

**Gaaffii 2.** Maatiisaarraa hubachuun kan danda'amu ijoollee isaa gidduutti garaa-garummaa jiruwal dandeessisuun wajjin jiraachuuf adeemsa godhamu keessatti guddisuun maatii fi ilaalchi isaanii shoora guddaa akka taphatudha.

**Gaaffii 3**. Gaaffii kanaaf deebii yoo qabaatan akka deebisan godha. (yaadaan ta'uu danda'a).

**Gocha**

**Barsiisaa/tuu!**

Barattoonni gilgaala 10ffaa jalatti gaaffilee jiran akka ilaalan erga gootanii booddee, itti fufuudhaan gaaffileef deebii yaadannoo keessaa akka barbaadan godha. Gilgaalicha barattoonni dhuunfaan daree keessatti akka hojjetan godha. Sirreeffamas bifa gaaffii fi deebiin kennuuf yaala. Dhumarratti guduunfaaf qabxilee ta'an kennaafi. Itti fufuudhaan qabxilee jiran gabatee gurraacha irratti barreessa.

**Gaaffii 1.** Dhimma waliif dursa kennuudhaan, dhimma sanaaf xiyyeeffannoo kennuudhaan kan deemamu ta'uu argisiisa.

**Gaaffii 2**. Kana gochuu kan dandeenyu dhimma waliif dursa kenninee yoo socho'uu dandeenyedha.

**Gaaffii 3**. Nagaa fi jaalalaan wajjin jiraachuun, guddina, misoomaa fi badhaadhina gonfachisuudhaan gara galma waliinitti tokkummaadhaan ga'uuf nama dandeessisa.

**Garaagarummaa Waldandeessisuu**

Uummatoonni sirna dimokiraasiitiin bulan aadaa wal danda'uu hojiira oolchu. Fakkeenyaaf sirna dimokiraasiitiin bulchitoonni gartummaa warra baay'ee yoo ta'aniyyu uummati lakkoofsaan xiqqaa ta'an ilaalcha adda ta'eefi yaada adda ta'een mirga isaanii kabajuu fi kabachiisuuti irraa eegama. Uummattoonni lakkoofsi isaanii xiqqaa ta'e uummattoota wayyaba ta'anirra ilaalcha addaa waan qabaniif ilaalcha isaaniif xiyyeeffannoon kennamee seeraan keessuumeeffamuu yoo baate yeroo tokkotokko mormitoota ta'u.

Waan kana ta'eef bulchitootas ta'e lammileen kamuu nageenyaaf jecha garaagartummaa jiru waldandeessisuudhaan aadaa waliin jiraachuu gabbisuun barbaachisaadha. Sirni dimokiraasii aadaa adda addaa fi ilaalchaan kan badhaadhe yoo ta'u; ilaalchonni kun kanneen wayyaba ta'aniin yoo kabajamuu baate, akka ukkaamaman yoo ta'e sirni dimokiraasii jiraachuu hindanda'u. Lammiileen hundumtuu bu'uura qajeelfama sirna dimokiraasiitiin dhimmoota adda addaarratti walfalmanii, walmari'atanii murtee yoo dabarsan, murteen sun hojiirra ooluu qaba. Dimshaashumatti sirna dimokiraasiitiin amantaa walabaa, garaa-garummaan sanyii fi aadaa yoo jiraateyyu, garaagarummaan aadaa dimokiraasii waan ta'eef lammileen waldanda'uu qabu.

Itti dabalees hubannoo kana gabbisuuf boqonnaa sadii fi boqonnaa afur dubbisuun barbaachisaadha.

**Xumura**

- Dhumarrattis kaayyowwan barumsichaa raawwachuu kan dandeessisan, barnoota guyyaa kanaa cimsuuf gaaffilee barattootaaf dhiheessuun barnooticha xumuraa.

## 1.4 Gahee Hojii Mootummaa *(Wayitii 2)*

**Qophii kutaa/meeshaa barnootaa/**

- Seera Mootummaa Federaalaawaa Dimokiraasummaa Reppabilika Itoophiyaa.
- Chaartii caasaa Dhaabbataa argissiisu.

### 1.4.1 Gahee hojii mootummaa federaala Itoophiyaa

**Gaaffii**

Dalagaalee mootummaa federaala Itoophiyaa keessaa yoo xinnate sadi barreessi.

**Barsiisa/tuu !**

Barattoonni yaadannoo isaanii utuu hindubbisiin dura dalaga mootummaa federaalaa akka dubbatan barattoota muraasaaf carraa kenni. Deebii isaanis dabtara isaanii keessatti akka barreessaan godhi.

**Gocha**

- Itti aansee yaadannoo mataduree kana jalatti barreeffame akka dubbisani fi gilgaala 11ffaa gareedhaan ta'anii daree keessatti akka irratti mari'atan godhi.
- Xumura irratti tokkoon-tokkoo dalagaa mootummaa federaalaa maaliif sadarkaa mootummaa federaalaatti hojjetamuun akka barbaachise sababa kennuudhaan haa ibsamuuf.

- Fakkeenyaaf qarshii maxxansuu humna ittisa biyyaa fi hariiroo biyya alaa hoogganuun gahee mootummaa federaalaatti. Dhimmoonni kunneen labsiiwwan mootummaa ta’uurra darbanii naannooleen hundi qarshii mataa isaanii fi humna ittisa biyyaa yoo qabaatan tokkummaa biyyaa eegsisuu kan hin dandeenye waan ta’eefidha.

**Ibsa**

Mata duree jalatti ibsi kenname gahaa waan ta’eef qabxiiwwan yaadannoo keessaa baasuudhaan ibsa itti haakennan.

**Itti dabalataan**:- ol-aantummaa seeraa boqonnaa 2ffaa jedhu jalatti yaadota kaa’aman ilaaluudhaan deebii isaanii gabbisuun ni danda’ama.

### 1.4.2 Gahee hojii mootummoota naannoolee

**Gaaffii ka’umsaa**

- Dalagaalee mootummoota naannoolee keessaa yoo xinnaate sadi barreessi.

**Barsiisa/tuu !**

Barattoonni dalagaalee kanneen akka himan godhi jajjabeessi. Barattoota muraasaaf carraa kenniitii yaada isaan kaasan gabatee gurraacharratti barreessuudhaan yaadannoo isaanii keessatti qabxilee kaa’aman wajjin akka walmadaalsisan godhi.

**Gocha**

- Itti aansuudhaan yaadannicha dubbisanii gilgaala 12ffaa gareedhaan ta’anii akka hojjetan godha. Gaaffii ka’eef deebii gara booddeetti deebi’anii yaadanoo isaanii dubbisuun argachuu akka danda’an itti himi.

**Ibsa**

Mata-duree jalatti qabxilee taa’an gahaa waan ta’aniif qabxileen kanneen kaasuudhaan ibsa itti kennaa. (Dubbisa dabalataa - boqonnaa 2ffaa olaantummaa seeraa kan jedhu dubbisaa.)

### 1.4.3 Bulchiinsa Magaalotaa fi Ittiwaamama Isaanii

**Gaaffii ka’umsaa**

- Bulchiinsa magaalaa jechuun maal jechuudha?

**Barsiisaa/tuu !**

Barattoonni muraasni bulchiinsa magaalaa jechuun maal jechuu akka ta’e dubbachiisi. Dhumarratti yaada guduunfaa kenniif. Fakkeenyaaf qabxilee itti aanan kaasuun ni danda’ama. Bulchiinsa magaalaa jechuun uummati magaalaa keessa jiraatu fedhii isaa guuttachuu kan isa dandeessisu caasa qabaatee sirna gurmaa’e kan qabu fi buu’uuruma kanaan dhaabbata tajaajila kennuu danda’udha.

Hojii garee ilaalchisee barattoonni hojicha erga hojjetanii booddee mirkaneeffachuuf gara booddeetti deebi’anii yaadannoo akka dubbisan godhi.

**Ibsa**

- Yaadannoo keessatti qabxiwwan dhihaatan gahoo waan ta’aniif qabxiilee sana bal’isuun dhiheessa.

### Xumura

Dhumarratti raawwii kaayyoo barnootichaa kan argisiisuu danda'an barnoota guyyaa kanaa cimsuuf kan dandeessisu gaaffii dhiheessuun barnooticha xumuraa.

### 1.5 Qaamolee Aangoo Mootummaa Federaala Dimokiraatawaa Rippaabilika Itoophiyaa (MFDRI)

### Qophii kutaa meeshaa deggarsaa

- Seera mootummaa federaalaa
- Chaartii caasa aangoo argisiisu

### Gaaffii ka'umsaa

- Chaartii armaan gadii dabtara isaanii keessatti kaafatanii fakkeenya isaanii kennamerratti hundaa'uudhaan hammattuu keessatti mallattoolee gaaffii argaman kan bakka bu'an aangoo qaamolee mootummaa federaalaa haa tarreessan.

### Barsiisaa/tuu!

Barattoonni chaartii dabtara isaanii keessatti akka kaasan gochuun haala qajeelfamaatiin raawwachuu isaanii mirkaneessa. Deebii isaan kennan sirrii ta'uu isaa dhugoomfachuuf yaadannoo jiru akka dubbisan godhi.

**Gocha**

Barattoonni yaadannoo erga dubbisanii booddee gilgaala 13^ffaa^ gareedhaan ta'anii akka hojjetan godhi. Gareewwan yaada irra ga'an kutaa hundaaf haadhiheessan.

Xumura gilgaalotaaf qabxiiwwan armaan gadii ibsamuu ni danda'u.

- Aangoo namni tokko akka ba'u kennameef bahaa inni kaan immoo hojii sana sirriitti akka fiixaan baasu wal gargaaranii inni tokko aangoo isa biroo keessa utuu hinseeniin hojjechuun waan dandeessisuuf.
- Aangoon iddoo tokkotti sababa kuufamuuf abbaa irrummaa ittisuu waan dandeessisuuf.
- Inni tokko to'ataa isa biroo akka ta'uufidha.

### Ibsa

- Qabxiwwan mata-duree kana jalatti ka'an gahoo waan ta'aniif isaanuma ibsuun dhiheessa.

### Guduunfaa

Dhumarratti qabxiilee bu'uura barnootichaa gabaabsuudhaan dhiheessii xumuri.

### 1.6 Quunnamtii alaa Itoophiyaa *(wayitii 2)*

### Qophii kutaa/meeshaa deggersaa

- Seera mootummaa dimokiraasummaa federaala Itoophiyaa
- Imaammata hariiroo biyya alaa
- Barnoota lammummaa fi amala gaarii kutaa 7ffaa

### 1.6.1 Gumaacha Itoophiyaan Biyyoota Afirikaatiif goote

### Gaaffii ka'umsaa

- Suuraalee armaan olitti ilaaltan kanarraa maal hubattan?
- Bu'aa Itoophiyaan biyyoota Afirikaaf buufte amma beektan bareessaa (dubbadha).

### Barsiisaa/tuu !

Barattoonni fakkiirraa waan hubatan akka dubbatan erga gootanii booddee gara gaaffii 2ffaatti utuu hin ce'iin waa'ee fakkichaa ibsa gabaabaa kenniif. Haala kanaan fakkichi waan inni argisiisu Itoophiyaa biyyoota Afirikaaf nageenya buusuuf gargaarsaa humna waraanaa gootedha.

Sana booddee barattoonni murtaa'an bu'aa Itoophiyaan biyyoota Afirikaaf buufte akka dubbatan godhi.

### Gocha

Barattoonni gilgaala 14ffaa gareedhaan hojjetanii akka dhiheessan godhi.

Qabxilee kanneen akka yaada guduunfaatti fayyadamuun ni danda'ama.

### Barsiisaa/tuu!

Gaaffii kanaaf raayyaan ittisa biyyaa Itoophiyaa nageenya mirkaneessuuf maqaan biyya inni itti duulee utuu dhihaatee gaariidha. Biyyoota armaan gaditti tarreeffaman ta'uu danda'u.

**Fkn**

- Koongoo
- Laaybeeriyaa
- Burundi
- Suumaalee fi kkf.

Hojii raayyaan kun hojjetee fi hojjetaa jiru akka bu'uuraatti nageenya biyyittii eegsisuu yommuu ta'u; wal maddeessaanis sochii hojii misoomaa gaggeesseera.

### Ibsa

Dhumarratti dimshaashumatti Itoophiyaan biyyoota addunyaa fi biyyoota Afirikaa wajjin hariiroo isheen qabdu ilaalchisee ibsa kennaa.

### Walitti dhufeenya biyya alaa Itoophiyaa

Imaammanni walitti dhufeenya biyya alaa Itoophiyaa maal fa'i?

Walitti dhufeenyi Itoophiyaan biyya alaa wajjin qabdu seera mootummaa keeyyata 86 keessatti akkuma ibsaman:

1. Faayidaa uummatoota Itoophiyaa kan eegsisu, bilisummaa biyyattii kan kabachiisu imammata walitti dhufeenya biyya alaa gaggeessuu.
2. Maalummaa mootummootaa kabajuu, walqixummaa biyyootaa kabajuun dhimma biyya biroo keessa seeenuu dhiisuu.
3. Imaammata walitti dhufeenya keenyaa faayidaa walii wajjin qabnuu fi walqixxummaarratti kan hunda'e ta'uu isaa, akkasumas sadarkaa addunyaatti waliigalteen ta'an faayidaa Itoophiyaa kan eegsisan ta'uu isaa mirkaneessuu.
4. Biyyummaa Itoophiyaa kan kabajan, faayidaa uummataa kan hinfaallessine seeraa fi dambii waliigaltee jiru kabaju.
5. Biyyoota ollaa fi biyyoota Afirikaa biroo wajjin yeroo-yeroon guddachaa kan deemu tumsa dinagdee fi obbolummaa uummattootaa dagaagsuu;
6. Biyyoota gidduutti walitti bu'iinsa uumaman karaa nagaa ta'een akka hiikaman carraaquu kan jedhanidha.

Bu’aa Itoophiyaan biyyoota Afirikaaf gumaachite ilaalchisee kanneen armaan gadii kaasuun ni danda’ama.

- Itoophiyaan kaayyoo gamtaa Afirikaaf amanamaa ta’uun adda durummaan ga’ee guddaa taphachaa jirti.
- Gamtaan Afirikaa walitti bu’iinsa maqsuu bu’a qabeessa akka ta’u hirmaannaa ho’aa gochaa jirti.
- Biyyoota Afirikaa gidduutti dinagdeen cimaa akka uumamu carraaqqii godhamu daran deggeraa jirti. Maqaan ishees adda durummaa biyyoota bu’aa buusan keessatti kaa’ameera. Kana wajjin walqabatee dinagdee Afirikaa akka fooyya’u karoora ’Neeppad’ fi sagantaalee bahan deggaruudhaan adda durummaadhaan shoora cimaa ba’uurratti argamti.

### Guduunfaa

Dhumarratti qabxiiwwan bu’uura barnootichaa ta’an kaasuudhaan gabaabinaan dhiheessuun barnooticha guduunfi.

# Deebiiwwan gaaffilee keessa deebii

**I. ”Dhugaa” ”Soba”**

1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa 4. Dhugaa 5. Soba

**II. Firoomsuu**

1. A 2. E 3. D 4. B 5. E 6. D 7. B

**III. Bakka duwwaa guutuu**

1. Aangoo waldorgommii siyaasa walabaa, ol-aantummaa seeraa, Iftoomina, fi ittigaafatamummaa akkasumas ol-aantummaa sagalee wayyabaa fi mirga namoota muraasaa kabajamuu.
2. Seera baaftuu, seera raawwachiiftuu fi seera hiiktuu

**IV. Filannoo**

1. C 2. D 3. E

**V. Deebii gabaabaa**

1. Qaamoleen mootummaa sadan, seera baaftuu, seera raawwachiiftuu fi seera hiiktuu yommuu ta'an faayidaan sadi ta'uu isaanii hojii qajeelaa fi madaallii isaa eege akka jiraatu gochuuf gargaara. Kanatti dabalees aangoo itti kenname seera malee akka itti hinfayyadamne tokko isa biroo ni to'ata.
2. Deebii kanaa argachuuf dalagaalee mootummaa federaala Itoophiyaa; dalagaalee mootummoota naannolee mata duree jedhu jalatti ibsoota dhihaatan gara-dubaatti deebi'amee dubbisuun ni danda'ama.

## Iddattoo karoora barnootaa

**Barannoo 1. Qajeelfama Sirna Dimokiraasii**

| Yeroo | Dalaga barsiisaa/tuu | Dalaga barataa |
|---|---|---|
| 8’ | **Seensa**<br>• Qajeelfama sirna dimokiraasii mata duree jedhu jalatti gaaffilee ka’aniif barattoonni duraa duubaan waan hubatan akka ibsani fi yaada akka kennan jajjabeessuun barumsa eegaluu | • Haala hubataniin deebii kenn-uurratti hirmaachuu |
| 20’ | **Ibsa**<br>• Walabummaa waldorgommii ”aangoo siyaasaa” mata duree xiqqaa jedhu jalatti yaadannoo jiru barattoonni akka dubbisan gochuu.<br>• Gilgaala 1ffaa kutaa keessatti dhuunfaan akka hojjetu gochuu, sororuu<br>• Olaantummaa seeraa mata-duree xiqqaa jedhu jalatti yaadannoo kenname dhuunfaadhaan akka dubbisu gochuu. | • Yaadannoo isaa dhuunfaan dubbisuu<br>• Gilgaala 1ffaa dhuunfaadhaan kutaa keessatti hojjechuu.<br>• Gaaffii fi deebiidhaan deebii barbachisaa deebisuun hirmaachuu.<br>• Yaadannoo isaa sonaan dubbisuu. |
| 5’ | **Cimsuu**<br>• Barnoota duraan baratan keessaa xiyyeeffannoon kan itti kenname yaadachuu akka danda’an gaaffii fi deebii adeemsisuun cimsuu.<br>**Guduunfaa**<br>• Barnoota guyyaa kanaa ilaalchisee qixa kaayyoo isaatiin waan hubachuu qaban argachuu isaanii mirkaneeffachuu. | • Gaaffii gaafatamaniif deebii barbaachisaa kennuu<br>• Gaaffilee guduunfaa dhihaataniif waan hubatanirraa ka’anii deebisu. |
| 7’ | • Olaantummaa seeraa mata-duree xiqqaa jedhu jalatti gilgaala 2ffaa mana isaaniitti hojjetanii akka dhihaatan gochuu | Hojii manaa kennameef manatti hojjetu. |

# BOQONNAA LAMA

## OLAANTUMMAA SEERAA

***(wayitii 10)***

**Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booddee:**

- Eegumsa seeraa jechuun maal jechuu akka ta'e fi faayidaa isaa ni beeku.
- Maalummaa amala gaarii fi faayidaa isaa ni hubatu.
- Icitii maatii eeguu dhabuun miidhaa inni geessisu ni hubatu.
- Bakka bu'oonni ummataa fi qaamoleen aangoo mootummaa keessa jiran aangoo isaan qaban kan daanga'e ta'uusaa ni hubatu.

| T.L | Barnoota | Kaayyoo Gooree | Meeshaalee deggersaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Heera mootummaa | Maalummaa fi barbaachisummaa seeraa fi heera mootummaa federaalaa ni addeessu. | • Heera mootummaa federaalaa<br>• Qajeelfama barnoota lammuummaa fi amala gaarii kutaa 7ffaa |
| 2 | Amala gaarii | • Akka miseensa hawaasaatti waan isaanirraa barbaadamu amala gaarii ni ibsu.<br>• Amala gaarii hawaasa keessatti fudhatama qabu ni gonfatu. | • Gadi jedhanii maanguddoota nagaa wal gaafachuu suuraa argisiisu.<br>• Suuraa namoota duula hojiitti bobba'anii argisiisu. |
| 3 | Daangeffamuu aangoo | • Barbaachisummaa aangoo daangessuu ni ibsu. | |
| 4 | Iccitii | • Maalummaa icitii maatii ni ibsu.<br>• Icitii maatii eeguu dhiisuun miidhaa inni geessisu ni tarreessu, | |
| 5 | Malaammaltummaa | • Hiika malaammaltummaa ni himu.<br>• Rakkoo malaammaltummaan geessisu ni tarreessu. | • Komiishina Farra Malaammaltummaa Federaalaatti ji'a sadi - sadiin barruulee, gaazexaa fi suuraa maxxanfamanii bahan (Addis Zaman). |

### 2.1 Heera Mootummaa(Wayitii 2)

**Qophii kutaa/meeshaa deggersaa**

- Heera mootummaa federaalaa fi Heera mootummoota naannoo
- Qajeelfamoota garaagaraa, dambiiwwani  fi labsiiwwan
- Seerota adda - addaa (seera hariiroo hawaasaa, seera yakkaa)

### 2.1.1 Maalummaa Heera Mootummaa Federaalawaa

**Gaaffii ka'umsaa**

- Heerri mootummaa Itoophiyaa maaliif heera federaalawaa jedhame?

**Barsiisaa/tuu!**

- Barattoonni kutaa darbe keessatti Heera mootummaa ilaalchisee waan baratan keessaa yaadatanii akka deebisan jajjabeessa.
- Itti fufuudhaan Heerri Mootummaa Itoophiyaa maaliif kan federaalawaa akka jedhame barattoonni cimdii - cimdiin irratti mari'achuudhaan akka deebisan carraa kennuudhaan hirmaannaan barattoota hundaa jiraachuu isaa mirkaneeffadha.
- Dhumarratti gaaffii dhihaateef deebii sirrii ta'e kaa'uudhaan gara gocha itti fufuutti darba. Guduunfaadhaaf heerri mootummaa federaala Itoophiyaa jedhamuu isaaf sababa kan ta'e yaada itti aanee jiru akka qabxii tokkootti kaa'uun ni danda'ama.
- Heerri mootummaa federaala Itoophiyaa, heera mootummaa sababiin itti jedhame, mootummaa federaalawaa kan hundeessan mootummoonni naannolee waliigaluudhaan kan qopheessanii fi kan mirkaneessan sanada bu'uraa waan ta'eefidha.

**Gocha**

**Barsiisaa/tuu!**

Barattoonni gilgaala 1ffaa dhuunfaadhaan yaadannoo isaanii dubbisaa akka hojjetan godhaa. Gilgaalicha hojjetanii erga xumuranii booddee bifa gaaffii fi deebiitiin akka dhihaatu gochuudhaan sirreeffama kenna. Deebiin gaaffiiwwanii yaadannoo keessat argachuun waan danda'amuuf isatti fayyadamuudhaan yaada xumuraa dhiheessuun ni danda'ama.

**Maalummaa Heera Mootummaa Federaalaa**

Heera Mootummaa federaalaa yommuu jedhamu aadaa garaa-garaa, seenaa fi qubannaa taa'umsaa uummattootaa, sabaa fi sablamootaa faayidaa waliitiif kan hundeeffaman, karaalee adda-addaa walqunnamtii isaanii kan itti murteessan; nagaan wajjin jiraachuu kan isaan dandeessisu, walii wajjin mirkaneessanii wal wajjin kan itti hojiirra oolchan sanada bu'uraati.

Bal'inaan dhiheessuudhaaf heerri mootummaa federaalaa:

- Sirna bulchiinsa federaalaatiin uummattoonni bu'an faayidaa isaanii fi mirgi isaanii
- eegamee waldanda'uudhaan qajeelfama san dura walii wajjiin ittiin jiraatanidha.
- Heerichi kan qophaa'u fedhii mootummoota naannolee, mootummaa federaalaa
- hundeessaniinidha.
- Heerichis seerota biyyattii keessa jiran hundaaf isa ol-aanaa ta'e kan tajaajilu yommuu
- ta'u, seerri kamiyyuu, kan aadaa akkasumas qaamni mootummaa ykn aanga'aan murtee
- seera kana wajjin walfaallessu yoo dabarsee fudhatama hin qabaatu.

### 2.1.2 Barbaachisummaa Heera Mootummaa Federaalaa

**Gaaffii ka'umsaa**

- Faayidaa heerri mootummaa federaalaa kennu tarreessi.

**Barsiisaa/tuu!**

Deebii gaaffii ka'umsaa kanaaf ta'u, akka laatan barattoota murtaa'aniif carraa kennaa.
Deebii isaan kennanis gabatee gurraacharratti barreessa.

Seensa akka ta'uuf biyya keenya keessatti heerri durumaa kaasee akka jiru yaadatanii amala heerota kanaan dura turanii, hanqina isaan qaban (keessumattuu uummatoonni wal jaallatanii wajjin nagaan jiraachuu, gama kabajamuu mirga namaatiin) seera amma hojiirra oole wajjin walbira qabuudhaan faayidaa isaa guddisuudhaan haadhiheessan.

### Gocha

- Itti fufuudhaan barattoonni yaadannoo dhihaate dubbisuudhaan gilgaala 2ffaa dhuunfaadhaan akka hojjetan godhaa.
- Gilgaalichaaf yaada cuunfaa kennuudhaan gara mata duree itti aanuutti darbuun kan danda'amu yommuu ta'u; yaada guduunfaa kanaaf ta'u bifa kanatti aanee jiruun kaa'uun ni danda'ama.
  - Gaaffii jalqabaa ilaalchisee, utuu heerri mootummaa hin jiraannee uummattoonni tokkummaadhaan kaayyoo tokkoof wajjin socho'uu hin danda'an. Waanti walitti isaan hidhu waan tokkollee hinjiru.
  - Gaaffii 2ffaa ilaalchisee seerri sadarkaa naannoo fi sadarkaa federaalaatti jiraachuun isaa mootummoonni lamaan hojii isaanii aangoo isaaniif taa'e keessaa akka hinbaane fi akka hojjetan isaan dandeessisa.
  - Gaaffii 3ffaa ilaalchisee, mootummoonni naannolee heera mataa isaanii qabaatanii utuu heera waliin hin qabannee biyya tokko ijaaranii wajjin jiraachuun hin danda'amu.

### Ibsa

- Maalummaa fi barbaachisummaa heera mootummaa federaalaa ilaalchisee qabxileen ka'an gahaa waan ta'aniif, isaanuma bal'inaan kaasaatii ibsa gahaa dhiheessa.

### 2.1.3 Faayidaa Dahoon seeraa lammiiwwaniif qabu

### Gaaffii ka'umsaa

- Namoonni yeroo wal lolanii fi yeroo miidhaman gara seeraatti nu geessaa jedhanii kan kadhatan maaliif isinitti fakkaata?

### Barsiisa/tuu !

- Gaaffii ka'umsaaf dhihaatef barattoonni deebii sirriidha jedhanii yaadan akka kennan jajjabeessa. Deebiiwwan kennaman keessaa kan sirrii ta'an dabtara isaanii keessaatti akka barreeffatan godha.
- Sana booddee gaaffii sanaaf yaada mataa keetii kennuudhaan gara dalaga itti aanuutti darbaa. Qabxilee kanatti aanan tuquu ni danda'ama.
- Namoonni rakkoon yommuu isaan quunnamu gara seeraatti dhihaachuu kan barbaadaniif seerri miidhamaa sanaatti qulqulluudha waan hin jenneef, seerri waan hin loogneef, seerri olaanaa waan ta'eef seerri dahoo nuuf ta'a. Mirga keenya nuuf kabachiisa. Haqa nuuf kenna jedhanii waan yaadaniif akka ta'e ibsuun ni danda'ama.

**Gocha**

- Gareewwan haala kutaa isaaniitiin gurmeessuu (miseensoni garee tokkoon-tokkoo isaanii nama torba caaluu hin qabu).
- Tokkoon - tokkoo garee maree sana kan gaggeessuu fi barreessaa yaada maree sana qindeessu tokko akka filatan godhaa.
- Jalqaba dubbisicha dhuunfaadhaan, sana booda gareedhaan akka dubbisan gochuudhaan gaaffilee gilgaala 3ffaa daree keessatti akka dhiheessan godha.
- Gabaasaalee dhihaatanirratti gaaffiin yoo jiraate gareedhaan ibsa akka itti kennan godhi.
- Dhumarratti namoonni dahoo seeraa barbaaduuf gara qaama seeraa deemuun dirqii ta'a gara yaada jedhuutti akka dhufan gargaari.

**Gocha**

**Barsiisa/tuu!**

Barattoonni gilgaala 4ffaa ”faayidaa dahoon seeraa lammileef” kennu yaadannoo jedhu kutaa keessatti dubbisuudhaan akka hojjetan godha. Deebii isaanii bifa gaaffii fi deebiidhaan akka dhiheessan godha. Yaadolee armaan gaditti dhihaatan akka yaada gabbisaatti itti fayyadamuu ni dandeessu.

- Gaaffii 1ffaa ilaalchisee dahoon seeraa namoonni hojii seera qabeessa ta'e akka hojjetan ykn hojii seeraan ala ta'e utuu raawwatanii saaxila baasuu isaaniif miidhaan akka irra hingeenye seerri eegumsa inni godhuufidha.
- Gaaffii 2ffaa ilaalchisee lammilee dahoon seeraa kan isaan barbaachisu mirga seeraa ykn dirqama seerri isaanirratti murteesse haalaan akka raawwatan akka danda'aniifidha.
- Gaaffiilee 3ffaa fi 4ffaa ilaalchisee barattoonni seera akka hin cabsine gochuudhaan raawwachiisuu ni danda'ama.

**Ibsa**

- Faayidaa dahoo seeraa lammileef kennu mata-duree xiqqaa jalatti ibsi dhihaate kan barbaachisuu fi hundumaa ammatee kan qabate waan ta'eef isuma ibsanii dhiheessuun gahaadha.

**Guduunfaa**

- Dhumarratti raawwii kaayyoo barnootaa kan argisiisuu danda'an barnoota guyyaa kanaa gaaffilee walitti qabuu danda'an barattootaaf dhiheessuudhaan barnooticha goolabaa.

**2.2 Amala gaarii**

**Qophii kutaa/meeshaa deggersaa**

- Dargaggoonni waantota adda-addaa yommuu raawwatan (gadhee faggee ta'e gaarii) fakkii, 'poostera' argisiisu.
- Fakkiiwwan ibsoota garaa-garaa qaban ”birooshiroota”

**Amala gaarii hawaasni barattootarraa eegu**

**Gaaffii ka'umsaa**

- Gabatee kanatti aanee jiru dabtara keessan irratti galagalchaa. Itti aansuudhaan gabatee sanarratti hundaa'aatii uummanni kan inni isinirraa barbaadu amala gaarii ilaalchisee (☐) mallattoo kana kaa'uudhaan mirkaneessa.

**Barsiisaa/tuu !**

- Barattoonni naannoo isaaniitti kan taajjaban amala dargaggootaa (gaariis ta’e gadhee) akka dubbatan carraa kennif. (gaaffiicha ’poosteraan’ deggeranii utuu dhiheessanii gaarii ta’a).

**Gocha**

- Sana booddee barattoonni amala mataa isaanii akka madaalan gabatee qophaa’e jalqaba dhuunfaadhaan erga guutanii booddee barataa isaan cinaa taa’u wajjin waljijjiiruudhaan akka irratti mari’atan godha.
- Itti fufuudhaan qabxilee cuunfaa kanatti aananii jiran kennaafi.
  - Gabatee keessatti amaloota taa’an keessaa lakkoofsa 9ffaa irratti kan taa’erra kan hafe hundumtuu amala gaarii kan calaqisiisan dalaga akka ta’anii fi barattoonni sonoota kana kabajuun akka isaanirra jiraatu argisiisuu
  - Uummati amala gaarii barattootaarraa eegamu yoo ta’e adeemsa ijaarsa amala gaarii keessatti ga’een hawaasaa cima akka ta’e argisiisuu.
  - Amalli gaarii guddina biyyaa fi nageenya naannoo mirkaneessuu keessatti faayidaa inni qabu haala isaanii galuu danda’uun fakkeenya adda-addaa kaasuudhaan ibsuudha.
  - Adeemsa ijaarsa amala gaarii keessatti ga’ee kutaa hawaasa adda-addaa argisiisuu.

**Fkn** - kan maatii

- kan mana barumsaa fi
- Gahee hawaasa hundumaa tarreessuun argisiisuu barbaachisa.

**Gocha**

**Barsiisa/tuu !**

- Barattoonni gilgaala 5ffaa hojjechuu akka danda’an gabatee kitaaba isaanii keessa jiru gabatee gurracha irratti guddifamee barreessuudhaan bifa fakkeenyaatiin haala gaariitiin bal’isaatii ibsa. Sana booddee fakkeenya kenname bu’uura godhachuudhaan gartuudhaan akka hojjetan godha.
- Gaaffii 2ffaa ilaalchisee ”maatiif ajajamuun dur hafe; hangafa kabajuun dur hafe” yaada jedhu kan deggaranii fi kan morman garee qopheessuudhaan, abbaa seeraa filuudhaan akka walfalman gochuu.
- Barumsicha caalaatti cimsuuf namoota beekamoo fi kabajamoo ta’an affeeruudhaan ummanni amala gaarii barattootarraa eegurratti ibsa akka godhan, maatii kabajuun akka barbaachisu, hangafoota kabajuun bifa amalli gaariin ittiin ibsamu ta’uu isaa kan argisiisu xumura jedhurra akka ga’an godhi.

**Barsiisa/tuu !**

- Isin durii kaasee amalli gaariinbarbaachisaa akka ture, har’as akkuma kana barbaachisaa akka ta’e, yeroon kan hin balleessine akka ta’e qaroominnis balleessuu akka hinqabne argisiisuun hubannoo sirrii ta’e akka qabatan godha.
- Barattoonni dargaggoota naannoo isaanii jiran amala gadhee isaan argisiisan barreessanii akka fidan hojii manaa kennuudhaan furmaata isaarratti akka mari’atan godha.
- Dhumarratti qixa kaayyoo barnootichaan hubannoo irra ga’an madaaluudhaan barnooticha guduunfa.

**Amala Gaarii Hawaasni Barattootarraa Eegu**

Dargaggootarratti xiyyeeffannoo addaa gochuun maaf barbaachise?

Dhaloonni haaraan amala gadhee yoo qabaatan jiraachuun biyya tokkoo gaaffii keessa gala. Kanaafuu amalli gaariin hundee akka gad ergatu gochuu keessatti dargaggootarratti tooftaa adda-addaa uumuudhaan jabaatanii hojjechuun kan barbaadu mul’iftoota amala gaariiti. Xiyyeeffannaa isaas sababa inni dargaggootarratti godhuuf:

- Dargaggoon dhaloota amma jiru dhaloota itti aanee dhufu wajjin kan wal quunnamsiisu waan ta'eef,
- Dargaageessi har'aa kan boor biyya bulchu, itti gaafatamummaa adda-addaarra kan taa'u waan ta'eef, dargaggoon ijaarsa amala gaarii keessatti xiyyeeffannoo kennee socho'uun akka barbaachisu beektonni hawaasumma ni hubachiisu.

Hawaasnis barattootarraa /dargaggoota/ kan inni eegu keessaa mul'iftoota amala gaarii kan ta'an muraasni isaanii kanneen armaan gadiiti.

- Sonoota hawaasni irratti waliigalu kabajanii argamuu
- Nama kamiifuu kabaja kennuu
- Mataasaa, uummataa fi biyya isaa gargaaruudhaan hiyyummaa fi booddeetti hafummaa keessaa baasuuf ciminaa fi seeraan hojjechuu
- Garaa-garummaaf kabaja keennee socho'uu isaa arguu.
- Kabaja hojii fi faayidaa isaa hubatee hojjetaa cimaa ta'ee akka argamu.
- Maaltu amma koo ga'aa fi oftuulummaarraa akka fagaatu.
- Dirree adda-addaarratti dandeettii cimaa kan qabaniif dinqisiifannaa fi kabaja akka kennu.
- Shiraa fi hojiiwwan miidhaa geessisanirraa akka fagaatu.
- Hojii misoomaarratti hirmaannaa ho'aa akka godhu.
- Hojiiwwan isa miidhanii fi hawaasa miidhanirraa akka fagaatu.
- Yeroo fedhee fi bakka fedhetti dhugaadhaaf akka dhaabbatu.

### Goolaba

Dhumarratti qabxiwwan bu'uura barnootichaa kaasuudhaan gabaabinaan ibsuudhaan barnooticha goolaba.

### 2.3 Daangaa Aangoo *(Wayitii 2)*

### Qophii kutaa /meeshaa deggersaa)

- Namni tokko hojii baay'ee yeroo tokkotti hojjechuu yoo yaale badii ga'uu fi dalga itti galuu isaa fakkii argisiisu.
- Gita hojii garaagaraa fi itti gaafatamummaa qajeelfamootaa fi damboota argisiisan.
- Labsiiwwan garaagaraa.
- Chaartii caasefama aangoo argisiisan.

### 2.3.1 Barbaachisummaa aangoo qondaaltota mootummaa daangessuu.

### Gaaffi ka'umsaa

- Aanga'oota mootummaa namoonni jedhaman isaan kami?
- Aangoo Aanga'oota mootummaa daangessuun maaliif barbaachise?
- Gaaffilee ka'aniif deebii kennuu akka danda'an barattoota jajjabeessuudhaan deebii isaan kennan dabtara isaanii keessatti akka barreessan godha.

Sana booddee yaada guduunfaa kennuudhaan gara hojii itti fufuutti darbuu ni dandeessa. Yaadi goolabaas qabxilee kanneen ammachuu ni danda'a. Aanga'oota mootummaarratti aangoo daangeessuun kan barbaachiseef:

- Mirgi namummaa fi mirgi dimokiraasii lammilee akka hin cabne (hubannoo caalaatiif boqonnaa 1ffaa jalatti waan barreeffame akka dubbisan godhi).
- Olaantummaan seeraa akka hin cabne (hir'anne) gochuuf.

- Iftoominnii fi itti gaafatamummaan akka dagaagu gochuu.
- Hawaasni dhaabbilee mootummaa tajaajila hawaasummaa kennan hariitii fi tajaajila ga'umsa qabu akka argatu gargaaruu.
- Loogiin, seera dhabummaa fi sirna dhabummaa ittisuu fi kkf.

**Gocha**

- Gilgaala 6ffaa hojjechuuf barattoota gareedhaan qooda. Barattoonnis "yetim geeta" dubbisa jedhu duraan dursee dhunfaadhaan erga dubbisanii booddee gaaffii gaafatamaniif gareedhaan mari'atanii kutaadhaaf akka dhiheessan godhi.
- Barattoonni gareen mari'atanii qabxilee irra ga'an erga dhiheessanii booddee isin yaada guduunfaa akka gootan ni eeggama.
- Qabxilee kanatti aananii jiran yaada xumuraa keessatti calaqqisuu ni danda'u.

**Gaaffii 1**. Obbo Yetimgeetaa daangaan aangoo irratti godhamuu qaba yoo kana ta'uu baate abbaa irree ta'uudhaan rakkoo caalu uumu.

**Gaaffii 2**. Eeyye! namni tokko hunda ta'uu hindanda'u. Namni cimina akka qabu hunda dadhabinas ni qabaata. Qaawwa nama dadhabaasana namni cimaan dahuufi ni danda'a. Waan kana ta'eef namni tokko aangoo hunda dhuunfaa isaatiin qabatee hojii hojjechuu utuu hinta'iin taayitaa qooduudhaan namni hunduu itti gaafatamummaan akka jiraatu gochuu qaba.

**Gaaffii 3**. Aangoo namootaa daangessuu fi haga dandeettii isaanii naannoo aangoo isaanii kenname qofatti akka hojjetan gochuu.

**Gocha**

- Barsiisa ! Barattoonni gilgaala 7ffaa gareedhaan hojjechuudhaan tokkoon - tokkoo garee yaada buu'uuraa irra ga'e kutaa hundaf akka dhiheessan godha.
- Dhumarrattis qixa kaayyoo barnootichaan barattoonni qabxii barbaadame akka qabatan gaaffii fi deebiidhaan, mareedhaan baruuf yaalii haagodhan. Goolabuuf akka isin gargaarutti yaadannoo gilgaala 6ffaa tti aanee jiru keessatti yaadolee kaa'aman itti fayyadamuu haa yaalan.

**Ibsa**

- Qixa kaayyoo barnootichaatiin yaadannoon mata-duree kanaaf ta'e gahaa waan ta'eef muuxannoo qabduutti fayyadamuudhaan gabbiftee dhiheessuu ni dandeessa.

**Goolaba**

- Dhumarratti raawwii kaayyoo barnootichaa waantota argisiisuu danda'an barnoota guyyaa kanaa waliitti qabuu gaaffilee dandeessisan barattootaaf dhiheessuudhaan barnooticha goolaba.

## 2.4 Iccitii *(Wayitii 2)*

**Qophii kutaa /meeshaalee deggersaa**

- Maatiin tokko yommuu isaan mari'atan fakkii mul'isu

### 2.4.1 Iccitii Maatii

**Gaaffii ka'umsaa**

- ”Iccitiin maatii akka hin baane” yommuu jedhamu dhageessanii beektuu?
- ”Iccitiin dhakaa daakuu baaqqelaa miti.” kan jedhamu maali?

**Barsiisaa/tuu !**

Barattoonni ”Iccitii Maatii” mata-duree jedhu jalatti gaaffiwwan kennamaniif deebii akka kennan barattoota jajjabeessa.

**Gocha**

- Kana booda maalummaa icitii maatii fi icitii maatii dhimmoota hintaane addaan baasanii akka hubatan; dhimmoota gabatee keessatti kaa'aman jalqaba dhuunfaadhaan akka ilaalan erga gootanii booddee, garee afur hundeessuudhaan tokkoon-tokkoo garee dhimma tokkorratti akka mari'atanii fi waan qabatamaa irra ga'an kutaadhaaf akka dhiheessan godhaa. Naannoo marii isaaniitti qabxiwwan dhihaatan irratti maree banuudhaan hubannoo fooyyee qabu akka qabaataan godha.
- Kana malees barattoonni qixa naannoo isaanii, aadaa isaaniitiin dhimmoota icitii maatii ta'uu danda'an walitti qabanii akka dhufan gochuudhaan barattoonni akka irratti mari'atan gochuudhaan yaada kana jabeessuuf yaala.
- Kanarratti dabalee icitiin maatii nama icitii kana beekuu hinqabne bira yoo ga'e miidhaa maatiisanarra ga'u fakkeenyota dabalataa dhiheessuudhaan hubannoo fooyyee qabu uumuuf yaala.
- Fakkeenyaaf icitiin maatii yoo ba'e nageenyi maatii, tasgabbiin maatii balaarra bu'uu akka danda'u argisiisuu.
- Icitiin maatii miseensota maatii keessatti qofa yoo eegamuu baate, yoo lo'ee ba'e maatii gidduutti waliigaltee dhabuu uumuu akka danda'u fakkeenyaan deggeruudhaan dhiheessuun ni danda'ama.

**Gocha**

- Barattoonni gilgaala 8ffaa cimdii - cimdiin ta'uun akka hojjetan, dhumarratti kutaa marti akka irratti mari'atan gaaffii dhiheessiif.
- Sirreeffamaaf akka ta'u gaaffiiwwan dhihaataniif deebii argachuuf yaadannoo dhuunfaadhan akka dubbisan godhi.

### 2.4.2 Iccitii maatii eeguu dhiisuun miidhaa geessisu.

**Gaaffii ka'umsaa**

- Iccitii maatii eeguu dhiisuun miidhaa maal geessisa?
- Iccitii maatii isaanii eeguu dhiisuudhaan maatiiwwan rakkoo keessa bu'an beektu? Yoo beektan icitichi ba'uu isaatiin rakkoo uumame hiriyyaa keetiif hiri.
- Gaaffii ka'umsaa kana ilaalchisee barattoonni muxannoo yoo qabaataan akka dhiheessan jajjabeessa.

**Gocha**

- Itti fufee barattoonni dubbisa ”Furtuu--” jedhu dhuunfaadhaan dubbisanii maatii Mimmiifaarra rakkoon ga'e maal akka ta'e; rakkoon sun sababa maali akka qaqqabe akka deebisan gaaffi qomaa gaafadhu.
- Isinis Icitiin maatii eegamuu dhabuun maatii sanarra waan ga'e argisiisuudhaan hubannoo isaanii cimsuu yaalaa.

- Barsiisa ! Gilgaalota kana lamaan (gilgaala 9 fi 10) barattoonni cimdiidhaan ta'anii akka irratti dubbatan bifa gaaffii fi deebiidhaan akka dhihaatu godhi
- Qabxilee sororsuudhaaf ta'an yaadannoofii dubbisa "Furtuu" jedhu dubbisuun argachuu akka danda'an yaadachiisi. Gargaarsas godhiif.

**Iccitii**

Gama kaayyoo barnootichaatiin yaadannoon mata duree kana jalatti dhihaate gahaa waan ta'eef muxannoo itti dabaluudhaan babal'iftee dhiheessuu ni dandeessa.

**Goolaba**

- Dhumarratti raawwii kaayyoo barnootichaa waantota argisiisuu danda'an barnoota guyyaa kanaa xumursiisuu gaaffilee danda'an barattootaaf dhiheessuudhaan barnooticha goolabi.

## 2.5 Malaammaltummaa *(Wayitii 2)*

**Qophii kutaa /meeshaalee deggersaa**

- Namni tokko gara dhaabbata mootummaa tajaajila kennuu deemee hiriira keessaa sababa matta'aa kenneef dursa argatee dhimmi isaa yommuu raawwatu kan argisiisu, sana bukkeedhaan immoo kanneen seera eeganii hiriiran kan argisiisu, sababa kanaan dallansuu isaanii utuu ibsanii kan argisiisu addeessa fakkiin deeggarame;
- Komishinii farra malaammaltummaa fi amala gaarii Federaalaatiin barrulee, "Biroosheroota" waraqaa fi "poosteroota" qophaa'an.

### 2.5.1 Malaammaltummaa Dhaabbilee Mootummaa fi Miti-mootummaa Keessatti

**Gaaffilee ka'umsaa**

- Gochaawwan malaammaltummaa Dhaabbilee mootummaa fi miti-mootummaa naannoo keessan jiran keessatti raawwatamuu danda'an ibsaa.
- Dhimma kee fi dhimma maatii keetii raawwachiisuuf gara mana hojii tokkoo deemtee bu'aa ba'iin siquunnamee beekaa? Yoo siquunnameera ta'e hiriyyaa keetti himi.
- Barattoonni cimdiidhaan ta'anii gaaffii ka'umsaaf dhihaatanirratti yeroo gabaabaaf akka irratti mari'atan gochuudhaan qabxiilee irra ga'an (gama mudannoo isaaniitiin) akka dubbatan gochuu.

**Gocha**

- Dabalataan "koricha" mta duree jedhu jalatti dubbisa dhihaate jalqaba dhuunfaadhaan akka dubbisan godha. Dubbisicha dhuunfaan dubbisanii erga xumuranii booddee gilgaala 10 gareedhaan akka hojjetan godha.
- Barattoonni gilgaala kana gareedhaan ta'anii gaaffileef ragaalee gabatee keessa taa'an wajjin mirkaneessuudhaan akka irratti mari'atan gochuudhaan dhumarratti tokkoon tokkoo garee irratti mari'atanii waan qabatamaa irra ga'an kutaa hundaaf akka dhiheessan gochuun mari'achiisa.

Gaaffilee gilgaala keessatti ka'aniif qabxilee guduunfaa kanatti aananii jiran dhiheessuun ni danda'ama.

Gaaffii 1$^{ffaa}$ Malaammaltummaan raawwateera.

Gaaffii 2$^{ffaa}$ Malaammaltummaan raawwate loogii gochuudha.

Gaaffii 3$^{ffaa}$ Malaammaltummaa kan raawwatan miseensota koreeti.

Gaaffii 4ffaa Malaammaltummaa kanaan kan miidhaman Caaltuu, Agenyee fi Balaay Girmaafa'i.

Gaaffii 5ffaa Hojiiwwan iftoomina qabaniif beeksisa baasuuti irra ture; dorgommichis ulaagaalee ba'an qofaanta'uuti irra ture.

**Malaammaltummaa Dhaabbilee Mootummaa fi Miti-mootummaa**

Malaammaltummaan dhaabbilee mootummaa fi miti-mootummaa keessatti yakka raawwatudha. Malaammaltummaan raawwachuu kan danda'u hojjetaa tajaajila kennuu fi namiticha tajaajila barbaadu gidduutti walitti dhufeenyi ta'uu qabu ibsame taa'uu yoo dhabedha. Kanarratti dabalee tajaajilli kennamu bu'a qabeessa kan ta'u gartuun tokko isa biroorraa kan eegu sadarkaan itti gaafatamummaa fi amala gaarii ifa ta'ee yoo mul'achuu dhabedha. Hojiin seerotaa ifa ta'an, damboota akkasumas akkaataan tajaajila kennuu qajeelfama iftoominaa fi itti gaafatamummaa irratti kan hin hundeeffamne yoo ta'e malaammaltummaan uumamuunsaa hin hafu.

## Goolaba

Malaammaltummaan bakka adda-addaatti uumamuu kan danda'u yakkadha. Dhaabbilee keessatti rakkoolee raawwii malaammaltummaaf ka'umsa ta'uun kanneen tuqamuu danda'an:-

Seeronni ifa ta'an dhabamuu fi qajeelfamni hojmaataa ifa ta'e dhabamuu.

Seerrii fi qajeelfamnis jiraatee, haala seerrii fi qajeelfamni jedhuun hojjechuu dhabuu.

Firoomaa fi hiriyyummaan hojjechuu.

Gaarummaan dhabamuu.

Of jaallachuu (kaka'uu) faa keessatti argama.

## Gocha

- Gaaffii jalqabaa ilaalchisee barattoonni gilgaala 11ffaa keessatti hojii malaammaltummaadha kan jedhan gareedhaan ta'anii irratti mari'achuudhaan dimshashumatti barattoonni kutaa keessatti akka dhiheessan godhaa.
- Gaaffii 2ffaa ilaalchisee garee afur hundeessuudhaan tokkoon-tokkoo garee wajjira barbaadan akka filatan gochuudhaan waajjira filatan keessatti haala malaammaltummaan itti raawwatu "tapha geengoo" Role play" akka dhiheessan hoj-manee kennaafi.

# Deebii Gaaffii Keessadeebiif Dhihaate

**I. ”Dhugaa” ”Soba”**

1. Dhugaa 2. Soba 3. Soba

**II. Walitti firoomsi**

1. C 2. D 3. A, 4. E 5. B

**III. Bakka duwwaa guutaa**

1. Dahoo seeraa 2. Daangaan angoo
3. Seera mana barumsa isaanii fi qajeelfamoota kan kabajan, amanamtoota, dhugaa kan dubbatan, ittigaafatamummaa kan fudhatan, dirqama isaanii kan bahan, biyya isaanii kan jaallatan --kkf

**IV. Filannoo**

1. C 2. C 3. B

**VI. Deebii gaggabaaboo**

1. Heerri federaalaa uummatoota gidduutti waljaalalaa fi, walqixxummaarratti kan hundaa'e tokkummaa waan gabbisuuf
   - Qooddannaa aangoo fi qabeenyaa haqa qabeessaa fi madaalawaa haala ta'een murteessuuf waan gargaaruuf.
   - Aangoo guutuu uummattootaa waan mirkaneessuuf --- kkf.
2. Aanga'ootarratti daangaa aangoo kaa'uun kan barbaachiseef olaantummaa seeraa mirkaneessuufi itti gaafatamummaa uummuufidha.
3. Aanga'oonni haangoo isaanii kaa'ameen ala lammiileerratti miidhaa akka hingeessifne gochuuf.
4. Waantii kamiyyu, tasgabbii maatii, nageenyaa fi waantota fooyya'insaaf barbaachisan hundu icitii maatii ta'anii qabamuu danda'u.
5. Waajjiroolee mootummaa keessatti karaa malaammaltummaan itti raawwatu firoomaan hojjechuu, seeraa fi qajeelfamaan ala hojjechuu fi karaa kana fakkaatuunidha.

# Iddattoo karoora Barnootaa

## Barannoo 1. Heera Mootummaa

| Yeroo | Hojii barsiisaa/tuu | Hojii barataa |
|---|---|---|
| 10” | **Seensa**<br>• Barattoonni waa’ee heera mootummaa baroota darbaniirra beekumsa waan argataniif maalummaa fi barbaachisummaa heera mootummaa federaalaa irratti yaada akka kaasan jajjabeessuudhaan barnooticha eegalchiisuu. Yaada isaan kaasaniis gabatee gurraacharratti barreessuu | • Yaada kennuu |
| 20’ | • Naannoo mata-durichaarratti ibsa kennuu.<br>• Hojii barattoonni kutaa keessatti hojjetan ifa godhanii itti himuu.<br>• Yommuu barattoonni kutaa keessatti hojii hojjetan to’achuu (daree to’achuu)<br>• Hirmaannaa barattootaa ol guddisuu; daddamaqsuu.<br>• Gaaffiiwwan ka’aniif deebii kennuu.<br>• Maree barattootaa hoogganuu, to’achuu.<br>• Yaada goolabaa kennuu.<br>• Sirreeffama kennuu | • Dhaggeeffachuu<br>• Ajaja kennamuuf dhaggeeffachuun raawwachuu<br>• Hojiiwwan kennamaniif hojjechuu<br>• Hojii gareerratti hirmaachuu<br>• Gaaffii gaafachuu<br>• Maree irratti yaada kennuu<br>• Goolabarratti yaada kennuu<br>• Sirreeffama fudhachuu |
| 5’ | • Barnoonni guyyaa kanaa haala kaayyoo isaatiin deemuu isaa mirkaneeffachuuf gaaffilee adda-addaa gaafachuu.<br>• Barnoota guyyaa kanaa qixa kaayyoo isaatiin cuunfanii dhiheessuu. | Gaaffilee gaafatamaniif deebii barbaachisaa kennuu |
| | **Xumura**<br>• Barnoota guyyaa kanaa ilaalchisee qixa kaayyoo kanaatiin qabxilee barbaachisan argachuu isaanii mirkaneessuu. | Gaaffilee goolabaaf dhihaatanif waan hubatan dubbachuu. |

# BOQONNAA SADII

## WALQIXXUMMAA

***(Wayitii 8)***

**Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booddee:**

- Saboonni, sablammoonnii fi uummattoonni Itoophiyaa walqixummaa fi mirga walqixatti fayyadamuu ni beeku.
- Dhiirrii fi dhalaan haala kam keessattu walqixa ta'uu isaanii ni himu.
- Mirga walqixa itti fayyadamuu qaama miidhamtootaa ni hubatu.

| T.L | Kutaa barnootaa | Kaayyoo Gooree | Meeshaalee deggersa kennan |
|---|---|---|---|
| 1 | Walqixxummaa fi mirga walqixa itti fayyadamuu | Mirga saboota, sablammootaa fi uummattoota Itoophiyaa walqixx-ummaa fi mirga walqixa fayyadamuu ni tarreessu. | Heera mootummaa feder-aalaa |
| 2 | Mirga saboonni, sablamm-oonnii fi uummatoonni Itoophiyaa afaan, aadaa fi eenuymmaa isaanii walqixa kabajamuu. | Afaan amantiinii fi aadaan sabootaa, sab lammootaa fi uummattoota Itoo-phiyaa barbaachisummaa walqi-xa kabajamuu ni tarreessu. | • Heera mootummaa |
| 3 | Walqixxummaa saalaa | • Sadarkaa isaaniitti walqixx-ummaa kanneen kan faalle-ssanirratti ni qabsaa'u.<br>• Dubartoonni gaa'ela fi jireenya maatii keessatti walqixxummaa isaan qabanii fi mirga isaanii ni tarreessu.<br>• Dubartoonni maatii fi naannoo isaanii keessatti mirga wal-qixx-ummaa isaanii ni kabaju. | • Imaammata waliigalaa dhimma dubarootaa<br>• Heera mootummaa federaalaa |
| 4 | Mirga qaama miidhamtootaa | Mirga qaama miidhamtootaa eeguu dhabuun miidhaa inni geessisu ni ibsu. | 5 |
| 5 | Faayidaa walqixxummaa amantii kabajuun qabu | • Walqixxummaa amantii kabajuu bu'aa inni qabu fakkeenyaan deggaranii ni ibsu. | Heera mootummaa federaalaa |

## 3.1. Mirga Walqixxummaa fi Walqixxummaan Fayyadamuu

### Qophii kutaa /meeshaalee deggersaa

- Heera Mootummaa Federaalaa
- Gamtaa Mootummootaa dimshaashatti ibsa mirga namummaa ilaalchisee baase.
- Mirga uummattoota xiqqaa
- Kaartaa Itoophiyaarratti, saboota, sablammootaa fi uummattoota garaa-garaa eenyummaa isaanii ”poostera” ibsu.

### Gaaffii ka’umsaa

- Saboonni, sablammoonni fi uummattoonni Itoophiyaa walqixxummaan jiraachuun isaanii bu’aa maal qaba?

### Barsiisaa/tuu !

- Naannoo gaaffilee ka’umsaaf dhihaatanii barattoonni yaada qaban akka calaqqisiisan godha. Qabxiwwanis akka dabtara isaanii keessatti barreeffatan godha.
- Akkasumas yaada isaan gaaffii ka’umsaaf kennan dubbisa itti aanee dhufu keessatti yaadolee dhihaatan wajjin ammam amma walitti dhihaatu akka sakatta’an yaadachiisuudhaan dalaga itti aanu raawwadhaa.

Mirga Walqixxummaa fi Walqixxummaan Fayyadamuu

Heerri Mootummaa Federaalawa Dimokiraatawaa Rippaabilika Itoophiyaa walqixxummaa sabaa, sab-lammootaa fi uummattootaa walqixxummaan kabajamee akka itti fufuu qabu ifatti lafa kaa’a. Mirgi walqixxummaa mirga siyaasaa waan ta’eef, innis uummata tokko uummata biroo wajjin mirga walqixa qabaachuu isaa kan argisiisudha. Mirga walqixa ittifayyadamuun walqixxummaa siyaasaarratti kan hundaa’e ta’ee misooma biyyattii keessatti walqixa itti fayyadamuu uummattootaa mirkanaa’uun tokkummaa cimaa waljaalalarratti hundaa’e uummata dinagdee fi siyaasa tokko qabu fi kaayyoo tokko qabu uumuun akka milkaa’u gochuun baay’ee barbaachisaadha.

### Gocha

**Barsiisa !** Barattoonni gilgaala 1ffaa ”Marii Yashii Immebeetii fi Guleed” mata duree jedhu
jalatti dubbisa dhihaate dhuunfaadhaan erga dubbisanii booddee gaaffilee gareedhaan akka dhiheessan godha.

### Barsiisa/tuu !

- Yaada goolabaa dhiheessuudhaan sirreeffama akka godhan barattoota gargaari. Yaanni goolabaas qabxilee kanatti aananii jiran qabaachuu ni danda’a.
- Yaadni falmii Yashii Immebeet kan deggeramu akka ta’e erga itti himamee booddee yaada dabalata deggersaa dhiheessuuti irra jiraata.
- Gilgaala 2ffaa ilaalchisee waan naannoo isaaniitti arganii fi heera mootummaa federaalawwaa keeyyata 25 akka dubbisan **ykn** isin dubbisaafiitii yaada isaanii akka ibsan godhaa.
- Gaaffii 3ffaa ilaalchisee garuu lammileen walkabajuu fi waldanda’uun akka jiraatan, kanaanis misoomni akka saffisu mirgoonni isaanii kabajamuun barbaachisaadha

### 3.1.1 Ibsitoota Mirgoota Walqixxummaa fi Walqixxummaan Fayyadamuu Saboota,Sablammootaa fi Uummattootaa

**Gaaffii ka'umsaa**

- Biyyi keenya Itoophiyaan muuziyeemii uummattootaati yommuu jedhamuu maal jechuu isinitti fakkaata?

**Barsiisa/tuu!**

Barattoonni kitaaba isaanii keessatti fakkii jiru ilaalanii waan qabatamaa akka dubbatan erga gootanii booddee "Itoophiyaan muuziyeemii uummattootaati" yommuu jedhamu maal jechuu akka ta'e akka dubbatan jajjabeessaa. Dhumarrattis yaada guduunfaa keessaniis qabachiisa. Itoophiyaan muuziyeemii uummattootaatti yommuu jedhamu aadaalee gara-garaa, Afaanii fi Seenaa mataa isaanii kan qaban gamtaa uumanii biyya keessa jiraatanidha jechuu barbaadamee akka ta'e ibsa

**Ibsitoota mirgoota walqixxummaa fi walqixxummaan fayyadamuu sabootaa, sablammootaa fi uummattootaa.**

Heera mootummaatiin kan mirkanaa'an mirgi walqixxummaa sabaa fi sablammootaa keeyyata 39 keeyyata xiqqaa 2 fi 3 irratti barreeffamanii argamu. Keeyyanni xiqqaan 2ffaa saboonnii fi sablammoonni hundi mirga afaan isaaniitti fayyadamuu fi afaan isaanii guddiffachuu, aadaa isaanii gabbifachuu, seenaa isaanii babal'ifachuu fi mirga kunuunfachuu akka qaban ibsa. Keeyyanni xiqqaan 3ffaa saboonnii fi sablammoonni hundi mirga ofiin ofbulchuu akka qaban, dhaabbattoota mootummaatti karaa madaalawaa ta'een bakka bu'ummaa akka qaban ni kaa'a.

Uummattoonni hundi ibsitoota eenyummaa isaanii kan ta'e afaan mataa isaanii aadaa fi seenaa ni qabu. Uummattoonni Itoophiyaa qooqa, seenaa fi aadaa ida'ama sonoota sabootaa fi bu'aa walitti hidhama isaanii kan ta'an bu'aa ida'ama sonoota waliiniti. Uummani tokko uummata biroo kan caalu **ykn** uummata birootiin gadi miti.

Uummattoonni hundi walqixxa yoo jedhame, eenyummaa fi amalli sonoota ummata sanaa seera fuulduratti beekamtii fi eegumsi godhamuu fi qaba. Waan kana ta'eef uummattoonni hundinuu mirga qooqa isaaniitti fayyadamuu fi guddifachuuf mirga walqixa qabaatu. Uummattoonni hunduu aadaa isaanii babal'ifachuu fi dagaagfachuuf mirga walqixa qabaatu. Kabajamuun walqixxummaa mirgaa, uummata siyaasa dinagdee tokkoo uumuuf kaayyoo bahe kan galmaan ga'u ta'a.

**Gocha**

- "Uummatoota Heesee" mata duree jedhu jalatti dubbisa dhihaate dhuunfaadhaan tasgabbiin akka dubbisan godha. Sana booda barattoonni gilgaala 3ffaa gareedhaan ta'anii erga hojjetanii booda kutaa hundaaf akka dhiheessan gochuudhaan yaada kallattii siriittii qabsiisan dhiheessuudhaan guduunfa. Qabxilee kanatti aananii jiran yaada xumuraa keessatti hammachiisuun ni danda'ama.
- Mirgi ofiin of bulchuu faayidaa inni kennu keessaa
    1. Guddina madaallii isaa eege fiduu dandeessisa.
    2. Kaka'umsa misoomaa argamsiisa.
    3. Uummata naannoo fayyadamtoota misoomaa taasisa.

- Gaaffii 2ffaa ilaalchisee dubbisa dubbisuun qabxiiwwan argachuu waan dandeessisuuf dubbisicha hubannoodhaan akka dubbisan itti himi.
- Waliigaltee fi walkabajuun waltumsuun wajjin jiraachuun, mirga ofiin of bulchuu, afaan ofiin barachuu, mirga aadaa ofii guddifachuu fi aadaa ofiitti boonuu, mirga naannoo ofii misoomsuu, qabeenya naannootti mirga walqixa fayyadamuu, karuma fedheenuu mirgi walqixa ilaalamuu kan tuqamanidha.

**Gocha**

**Barsiisa/tuu !**

Barattoonni gilgaala 4ffaa akka hojjetan jalqaba gilgaala 3ffaa itti fufee immoo yaadannoo akka dubbisan godha. Deebii gaaffii qabxilee ta'an yaadannoo isaaniirraa akka barbaadan itti hima. Sirreeffama isaa kutaa keessatti gaaffii fi deebiin haadhiheessan. Kallattii qajeelaa kan qabsiisu xumura dhiheessa.

**Gaaffii 1**. Gilgaala gaaffii 3ffaa deebii kenname tokko ilaala.

**Gaaffii 2.** Mirgi kun heera mootummaa keessatti hammatamee jiraachuun mana maree lamaanuu keessatti bakka bu'ummaan walgitu jiraachuu tuquu ni danda'u.

**Xumura**

Saboonni, Sablammoonnii fi uummattoonni Itoophiyaa guddinaan sadarkaa tokkorra hin jiran. Kanaaf naannoowwan baay'ee booddeetti hafan gara guddina walmadaalaatti fiduuf hojiin dursee hojjetamuuti irra jiraata. Haala kanaan mootummaan gargaarsa addaa, tarkaanfii /affirmative action/ fudhachaa jira. Fakkeenyaaf dubartoonni dhiira wajjin yommuu walbukkee (walbira) qabamee ilaalamu ogummaa adda-addaa fi gaggeessummaarratti hin argamani. Qaawwaa kana guutuuf hojiin ga'umsa barattootaa cimsuu hojjetamaa jira.

Qaawwi kun naannolee gidduuttis ni mul'ata. Kanaafuu mootummaan naannoolee guddinarra jiran misoomsuudhaan guddisuu mirga kanatti fayyadamuu isaanii mirkaneessuuf ifaajee guddaa fi deggersa gochaa jira. Kanaafuu deggersi addaa akka kanaan gochuun loogii jechuu nama hindandeessisu.

## 3.2 Barbaachisummaa kabajamuu mirgoota walqixxummaa afaanii fi ibsoota aadaa sabootaa, sab lammootaa fi uummattoota Itoophiyaa (Wayitii 2)

### Qophii kutaa/meeshaalee deggersaa

- Heera mootummaa federaalaa
- Imaammata barnootaa fi leenjii

### Gaaffii ka'umsaa

- Mirga saboota, sablamootaa fi uummattoota bifa guutuu ta'een kabajuun faayidaa inni kennu ni tarreessu.
- Kabajamuu dhabuun mirgaa miidhaa maal geessisuu danda'a.

  - Gaaffii kana deebisuuf barattoonni waantota adda addaa akka tuqan jajjabeessa.
  - Qabxilee isaan kaasan gabatee gurraacharratti barreessa. Sana booddee isin yaada guduunfaa dhiheessa. Itti fufee qabxilee jiran kaa'uun barnooticha goolabuuf sin gargaara.

- Baroota darban mirgoonni kun kabajamuu dhabuun uummattoonni adda addaa eenyummaa isaanii afaan isaanii fi aadaa isaaniitti akka hinboonne haalli itti godhame akka ture; amma garuu mirgi kun bu'uura heeraa qabaatee daa'imman afaan itti hiikkataniin barachaa akka jiran, uummatoonni aadaa isaanii guddisuu seenaa sirrii ta'e beeksisuu carraan akka uumameef kunis uummattoonni waljaallachuu fi waliigaluun wajjin kaayyoo bu'aa tokkoof hojjechuuf kaka'uumsa akka isaanii uume bu'aan argamaa jiraachuu isaa ibsuun ni danda'ama.

### Yaadannoo

Hubannoo dabalataa argachuuf heera mootummaa federaalawaa, imaammata barnootaa fi leenjii ilaaluun ni fayyada.

### Gocha

- Gilgaala 5ffaa hojjechuuf jalqaba barattoonni dhuunfaadhaan ibsa kenname akka dubbisan godha. Achiin booda barattoonni mari'atanii qabxilee irra ga'an kutaaf haa dhiheessan, sororuuf akka gargaaru gilgaala 3ffaa gaaffii jalqabaaf deebii dhihaatetti fayyadamuun xumuruu ni dandeessu.

**Gaaffii 1**. Mirga saboota, sablammootaa fi uummattootaa kabajuu fi walkabajuun jaalalli biyya akka qabbatu godha. Kunnis misoomni biyyaa akka saffisu gargaara.

**Gaaffii 2**. Mirgoonni kabajamuu dhabuun lammilee gidduutti waliigaltee dhabuu fi walitti bu'iinsa uuma. Misooma dadhabsiisa.

**Gaaffii 3**. Keessummaa dhimmicha gabaabsee ibsu affeeruu, keessummaa argachuun yoo dadhabame kabaja dhiimmaa miira walqixxummaan waldhaggeeffachuu dhabuun walfixiinsa suukanneessa uummattootaa kan geessise akka ta'e tuquu.

**Ibsa**

Yaadannoo mata duree kana jalatti dhihaate qixa kaayyoo barnootichaan yoo ilaalame gahaadha. Waan ta'eef yaadannoo keessaa qabxiiwwan kaasuudhaan ibsuun dhiheessuun ni danda'ama.

### Xumura

Dhumarratti raawwii kaayyoo barnootichaaf barnoota guyyaa kanaa gaaffii walitti qabuu danda'u dhiheessuudhaan barnooticha goolaba.

## 3.3 Walqixxummaa Saalaa *(Wayitii 2)*

### Qophii kutaa/meeshaalee deggersaa

- Heera mootummaa federaalawaa
- Imaammata dhimma dubartoota biyyoolessa
- Ibsoota mirga namummaa

### 3.3.1 Mirga Walqixxummaa Dubartootaa

### Gaaffilee ka'umsaa

- Fakkii armaan ol jirurraa maal hubattan?

Barsiisa ! Barattoonni fakkiiwwan daqiiqaa muraasaaf dhuunfaadhaan ilaalanii cimdii-cimdiin akka irratti dubbatan godha. Daawwannaa waliinii fakkiiwwaniirraa maal akka hubatan barattoonni akka dubbatan godha.

**Gocha**

Barsiisa ! Dubartoonni sadan naannoo mata-duree kanaatti waan isaan dubbatan barattoonni tasggabbiidhaan akka dubbisanii fi gilgaala 6ffaa akka irratti mari'atan godha. Gareewwan waan irra ga'an erga dhiheessanii booddee yaada walii galaa dhiheessa. Ibsoota itti aananii jiran deebii barattootaa sirreessuuf itti fayyadamuu ni danda'u.

**Gaaffii 1**. Dubartoonni qaama maatii walakkaa ta'uu isaanirrayyu addunyaa kana jijjiiruu kan danda'an lammileen uuman, hawwan hiriyyaa gaa'ela isaanii bu'a qabeessa akka ta'an kan dandeessisaan haadhawwarraa kkf waan ta'aniif kan dubbatamudha.

**Gaaffii 2**. Dubartoonni humna qaama hawaasaa walakkaadha yoo jedhame humna walakkaa kana ga'umsaa fi haqaan kan hin hirmaachifne sochiin misoomaaf godhamu bu'aa fiduu hindanda'u.

**Gaaffii 3**. Gaaffii kana haqa danda'ametti namas yoo ta'e gaafatanii kutaa keessatti akka ibsan godhi.

Miseensa sadi-sadi kan qabu garee lama hundeessaatii "dubartooti" warra dhiiraa wajjin dandeettii samuu ni qabu/hinqaban mata duree jedhurratti walhaa falmani. Dhumarratti isinis dandeettii hubannoo walqixa qabu isa jedhu deggerraatti gara xumuraatti fida.

**Mirga Walqixxummaa Dubartootaa**

Dubartoonni walakkaa qaama hawaasaa waan ta'aniif kan isaan irratti hin hirmaatiin dhimmi kamiyyu bu'aa gaarii argamsiisuu hindanda'u. Wixina misoomaa kamiiyyu keessatti itti fayyadamaa ta'uuf hirmaannaa dubartootaa cimsuuti barbaachisa. Hirmannaa guutuu akka hin goone waantota gutuu ta'an maqsuun barbaachisaadha.

**Fakkeenyaa:-**

- Rakkinni isaanii hanqina humnaa yoo ta'e, dandeettii isaanii guddisuu, hojii gaggeessummaarra akka taa'an deggersa gochuu (affirmative action) fudhachuu.
- Hojii misoomaarratti akka hirmaachuu danda'an, gola keessaa akka hin baane waantota isaan taasisan salphisuu.
- Rakkoon isaanii mirga dhabuu yoo ta'e haala mirgi isaanii itti kabajamu tooftaa diriirsuudhaan hojiirras oolchuu.
- Mirgi isaanii yommuu dhiitamu haala isaan dahoo seeraa itti argatan miijessuun barbaachiisaadha. Dabalataanis miirga dubartootaa kanneen dhiibaan aadaa fi barmaatilee hojii tiksuu fi maqsuuti barbaachisa.

**Hubannoo caalaaf kanneen armaan gadii dubbisuun faayidaa qaba.**

- Imaammata dhimma dubartootaa.
- Heera mootummaa federaalaa.
- Dhimmoota biroo dubartoota ilaalan.

### 3.3.2 Ibsitoota Mirgoota Walqixxummaa Dubartootaa

**Gaaffii ka'umsaa**

- Mirgi walqixxummaa dubartootaa maal-maaliin ibsama?

Barsiisa ! Barattoonni gaaffii ka'umsaa kana cimdii-cimdii ta'uun irratti mari'atanii yaada irratti waliigalan akka dhiheessan godha. Yaada isaan kaasanis gabatee gurracharratti barreessa. Kunis yaadannoo isaanii keessatti yaada jiru wajjin walbira qabanii akka ilaalan waan isaan dandeessisuufidha.

### Gocha

- Sana booddee yaadannoo dhihaate dhuunfaadhaan akka dubbisan gochuun, yaada dubbisuurra argatan qabxii gabatee gurraacharratti barreeffame wajjin akka wal madaalchisan godha.
- Dhummarratti isin yaada goolabaa dhiheessuun gara dalaga itti fufuutti darba. Goolabnis qabxilee kanatti aanan ofkeessatti ammachuu ni danda'a.
- Barsiisa ! Barattoonni gilgaala 8ffaa mata duree kana jalatti yaadannoo dhihaate dubbisuudhaan kutaa keessatti gareedhaan akka hojjetan godha. Tokkoon-tokkoo garee erga dhiheessee booddee isin itti fufuudhaan kan itti aanee jiru yaadi bu'uuraa kana keessatti ammatame yaada xumuraa dhiheessa.
- Mirgi dubartootaa akka kabajamu gochuu karaa inni ittiin danda'amu keessaa tokko fi inni bu'uuraa uummata barsiisuu akka ta'e.
- Qixa mirgaatiin dubartiin tokko akkuma dhiirtichaa hiriyyaa gaa'elaa barbaadde yeroo barbaaddetti itti heerumuuf mirgi ishee kabajamuu akka qabu ibsuu.

Hubannoo caalaaf naannoo mirga dubartootaa irratti kan barreeffaman:
Kitaabolee, Gaazexaa, barrulee (niwuus leterooch) labsiiwwanii fi imaammata ilaaluun ni fayyada.

- Barattoonni yaadannoo isaanii dubbisanii gilgaala 9ffaa mana isaaniitti hojjetanii akka dhufan, kutaa keessatti bifa gaaffii fi deebiitiin akka dhiheessan godha.
- Qabxileen xumuraa yaadannoo isaanii keessatti argachuu waan danda'aniif yaadannoo dubbisuun yaada goolabaa kenniifi.

### Ibsitoota mirgoota walqixxummaa dubartootaa

- Hirmaannaadhaan ibsama.
- Hiriyaa jaalalaa filachuu danda'uusaaniitiin ibsama.
- Meeshaa oomishaa, abbaa qabeenyaa fi oomisha to'achuuf aboo qabaachuun ibsama.
- Ilaalcha booddeetti hafaa dubartootarraa jiru jijjiiruun ibsama fi kkf.

### Xumura

Dhumarratti kaayyoon barnootichaa raawwii isaa argisiisuu kan danda'an barnoota guyyaa kanaa gaaffilee walitti qabee kan hubachiisu barattootaaf dhiheessuun barnooticha goolaba.

## 3.4 Mirgoota Qaama Miidhamtootaa (Wayitii 2)

### Qophii kutaa /meeshaa deggersaa

- Konvekshinii Gamtaa Mootummootaa mirga daa'immanii
- Heera mootummaa federaalawaa
- Qaama miidhamtoonni hojiiwwan garaa-garaa yommuu hojjetan fakkii, poostera argisiisu.

### Gaaffii ka'umsaa

- Kanaa olitti fakkii ilaaltanirraa maal hubatta?
- Fakkiiwwan kanarraa waa'ee qaama miidhamtootaa yaada akka kennan barattoota murtaa'an gaafachuudhaan hundumtuu hubannoo sirrii ta'e akka qabatan gargaara.

**Gocha**

Itti fufe ”Kormee xiqqichaa” dubbisa jedhu dubbisuudhaan gilgaala 10ffaa gareedhaan hojjetanii kutaadhaaf akka dhiheessan godha.

Deebii isaan kennanis sirrii ta’uu fi ta’uu dhabuu isaa dubbisicha irra deddeebanii dubbisuun mirkaneessuu akka danda’an hubachisa.

### 3.4.1 Mirgoota qaama Miidhamtootaa Kabajuu Dhiisuun Miidhaa Geessisu

**Gaaffilee ka’umsaa**

Mirgi qaama miidhamtootaa haala barbaachisaa ta’een kabajuu dhiisuun miidhaa akkamii geessisa?

**Barsiisa/tuu !**

Barattoonni mirga qaama miidhamtootaa kabajuu dhiisuun miidhaa inni geessisu akka dubbatan gaafadha. Gaafficha salphisuudhaan fakkeenyaan deggeruudhaan dhiheessaafi. Barattoota murtaa’anirra deebii fuudha. Deebii isaanis gabatee gurraacharratti barreessuudhaan yaadannoo dubbisuun qabxilee keessaa argatan gabatee gurraacharratti haabarreessan.

**Gocha**

Itti aansee yaadannoo mata-duree kana jalatti dhihaate dhuunfaadhaan deebbisuudhaan gilgaala 11[ffaa] hojjetanii akka dhufan godha. Deebii gilgaalichaa argachuu akka danda’an dubbisicha irra deddeebi’anii akka dubbisan itti hima.

**Ibsa**

Qixa kaayyoon barnootichaa taa’een yaadannoo matadurichaaf taa’e gahaa waan ta’eef qabxiiwwan yaadannoo isaanii keessaa kaasuudhaan ibsanii haadhiheessan. Dabalataanis qabxilee kanatti aanaanii jiran akka yaada dabalataatti itti fayyadamuun ni danda’ama.

Konvekshinii mootummoota gamtoomanii mirga daa’immanii kan ibsu keeyyata 23 keessatti waa’ee daa’imman qaama miidhamtootaa haala armaan gadiitiin barreesseera.

- ”Daa’imman qaama miidhamtoota ta’an kabaji namummaa isaanii eegamee haga danda’ametti kunuunsi addaa godhamefi uummata keessatti dammaqinaan akka hirmaatan gochuun warra kaanitti makamanii barachuu kan isaan dandeessisuu barnootii fi leenjiin kennamuufi qaba. Mootummaan daa’ima miidhaan qaamaa irra ga’e kunuunsa addaa, barumsii fi leenjii addaa gahaa akka argatan haala miijesuu qaba.”
- Naannoo qaama miidhamtootaa jiru ilaalcha jijjiiruuf hubannoo uummataa gabbisuudhaan mirgi qaama miidhamtootaa kabajameef sochii misoomaa biyyitiin gaggeessaa jirtu keessatti hirmaannaa cimaa gochuu akka danda’an muuxannoo biyyoota hedduurraa hubachuun ni danda’ama.

**Xumura**

- Dhumarratti raawwii kaayyoo barnootichaa waantota argisiisuu danda’an, barnoota guyyaa kanaa walitti sassaabuu kan danda’u gaaffii barattootaaf dhiheessuun (gaaffii fi deebiin) barnooticha goolaba.

## 3.5 Faaydaan Kabajamuu Walwixxummaa Amantii

**Qophii kutaa/meeshaa deggersaa**

- Heera Mootummaa Federaalawaa

### Gaaffii ka'umsaa

- Mirga walqixxummaa amantii kabajuun faayidaa maalii argamsiisa?

Barsiisa ! Gaaffii ka'umsaa barattootaaf dhiheessuun deebii isaan kennan dabtara isaaniirratti akka barreessan itti himi. Gaaffichis qophaa'ummaa barattootaa mirkaneeffachuuf itti fayyadami.

### Gocha

Itti fufuudhaan yaadannoo sana dhuunfaadhaan akka dubbisan ajaja. Yommuu dubbisanis gaafficha yaadaa akka dubbisan itti himi.

Yaadannoo dubbisanirratti hundaa'uudhaan gilgaala 12ffaa gareedhaan ta'anii akka hojjetan godha. Yaada irra ga'anis kutaadhaaf akka dhiheessan godha.

Xumuraaf akka gargaaru qabxiilee yaadannoo keessatti qabaman isin sirnaan dhiheessaafi. Qabxiwwan yaadannoo isaaniitiin ala waan hintaaneefidha. Qabxiwwan kanatti aananii jiran gilgaalota xumuruuf itti fayyadamuu dandeessu.

- Yeroo baay'ee waldanda'uu dhaabuudhaan rakkoowwan uumaman ”ani nan caala” **ykn** ”kan kooti caala” kan jedhu waa'ee ofii guddisanii dhiheessuurraa kan ka'u akka ta'e ni amanama. Seera miidhagaa kana kabajanii hojiirra oolchuun rakkoolee akka kanaa hundaaf furuudha. Seerichis waan akka sirratti raawwatu hin barbaanne hunda nama biroorratti hin raawwatiin” ykn ”waan akka siif ta'u jaallattu namoota kaaniifis akkuma kana godhi” kan jedhuddha.
- Asirratti yaad rimee ”sekulaarizimii” ibsanii dhiheessuu gaafachuu danda'a.

## Deebii gaaffilee Keessa deebii

**I Dhugaa gkn soba**

1. Dhugaa 2. Dhugaa 3. Soba 4. Dhugaa 5. Soba

**II. Walitti firoomsi**

1. C 2. D 3. B 4. A

**III. Bakkee Duwwaa**

1. Saboota, sablammoonnii ti unnattoonni
2. Heera Mootummaa federaalawaati.

**IV. Filannoo**

1. D 2. D 3. A 4. B

**V. Ibsi kitaaba keessatti Kenname gahaa dha.**

# BOQONNAA AFUR

# HAQUMMAA

*(Wayitii 12)*

## 4.1 Adeemsa Hojii Haqaa Loogiirraa Walba Ta'e Jiraachuu (Wayitii 2)

**Qophii kutaa /meehsaa deggersaa**

- Heera mootummaa federaalawaa
- Hojiiwwan haqummaa qaban poosteroota, fakkiiwwan ibsitoota argisiisan

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Adeemsa hojii haqaa loogiirraa walaba ta'e jechuun maal jechuudha?
- Gochaalee loogummaa agarsiisu jettee yaaddu barattoota daree keetiif tarreessi.

**Barsiisaa/tuu !**

Warri maatii bulchuu keessatti xiyyeeffannoo itti gochuudhaan ijoollee isaanii gidduutti loogii waan tokkollee utuu hin godhiin yoo bulchan bu'aan isaa maal ta'uu akka danda'u, hojiin loogiirraa fagaate maatii keessatti haala kamiin akka ibsamuu danda'u barattoota muraasa gaafadha. Deebii isaanis barnootichi erga dhihaatee booddee walbira qabuu akka danda'an dabtara isaanii keessatti akka barreeffatan itti hima.

**Gocha**

- Itti fufuudhaan barattoonni "Ganda Wanciitii" mata duree jedhu jalatti dubbisa dhihaate dhuunfaadhaan akka dubbisan godha. Gilgaalota dubbisa keessaa bahan barattoonni gareedhaan ta'anii akka irratti mari'atan, waan irra gahanis kutaaf akka dhiheessan godha. Deebii isaanis bifa gaaffii fi deebiin akka dhiheessan godha Qabxilee gareedhaan dhiheessan ka'umsa isaatiin waantota barattoti kaasan wajjin wal-bira qabanii akka ilaalan godha.
- Gilgaala 1ffaa qabxiiwwan kanatti aananii jiran goolabaaf itti fayyadamuun ni danda'ama.

**Gaaffii 1**. Gandoota kufiitiif kan geessise loogii fi dhabamuun haqaa jiraachuu isaati deebii jedhu kennuun ni danda'ama.

**Gaaffii 2.** A/ maatiirraa kaasee hanga dhaabbilee mootummaatti hojii wwan haqa gabbisan hojjechuu.
B/ Waltajjii araaraa fi waliif dhiisuu hundeessuu barnoota waa'ee nageenyaa fi haqummaa babal'isuu.

**Gaaffii 3**. Nageenya amansiisaa misooma saffisaa mirkaneessuun sirna dimokiraasii ni jabeessa.

**Barsiisaa/tuu !**

Kanatti aansuudhaan barattoonni yaadannoo mata-duree kana jalatti kenname dhuunfaadhaan akka dubbisan godha. Sana booda gilgaala 2ffaa mana isaaniitti hojjetanii akka dhufan godha. Deebii isaaniis gaaffii fi deebiidhaan akka dhiheessan godhaa. Goolaba gilgaala 2ffaa yaadota armaan gadiitti fayyadama.

**Gaaffii 1**. Lammiiwwan mirgi isaanii waan kabajamuuf sochii misoomaa keessatti hirmaannaa isaan qaban olaanaa ta'a. Kaka'umsi isaanis ol ka'a. Hirmaannaanii fi kakka'umsi bu'aa galmeessisuurratti hinkoo isaa guddaadha.

**Gaaffii 2.** Jiraachuun isa tokkoo isa biroof murteessaa waan ta'eef, walitti dhufeenyi isaanii kan jabaatedha.

**Gaaffii 3**. Nageenya booruuf sababoota gurguddoo keessa tokko hojii loogii adeemsisuudha. Hojiin loogummaarraa walaba ta'e nageenya mirkaneessuu keessatti faayidaa inni qabu guddaadha.

**Ibsa**

- Hojiin loogirraa walaba ta'e fi haqa qabeessa ta'e jiraachuun yaadannoo mata duree kana jalatti dhihaate gahaadha.
- Al-loogummaa jechuun dhugaa fi haala madaalawaa ta'een raawwachuu dhiisuudhaan gartummaa qabachuun ejjennoo ofii gaggeessuu, garee biroo ilaalcha dogoggora ta'een miidhuu jechuudha.
- Al-loogummaan itti gaafatamummaa akka hin baane gochurra darbee olaantummaan seeraa akka hindagaagne godha.

## 4.2 Rakkoowwan gochaaleen loogummaa geessisan *(Wayitii 2)*

### Qophii kutaa /meeshaa deggersaa

- Heera mootummaa federaalaa
- Qajeelfama amala gaarii
- Hojii al-loogummaarraa kan ka'e rakkoolee uumamuu danda'an poostera', fakkii argisiisuu danda'an.

### Gaaffii ka'umsaa

- Hojiiwwan al-loogummaa rakkoolee uumuu danda'u jettan tarreessa.

**Barsiisa/tuu !**

Mudannoo al-loogummaa barattootarratti raawwatee beeku yoo ta'e **(Fkn** maatii, mana barumsaatti, dhaabbata tajaajila hawaasummaa kennan keessatti) barattoota gaafadha. Sababa al-loogummaan irratti raawwateen miira isaanii keessatti maaltu isaanitti akka dhaga'ame akka ibsan godha. Deebii isaan kennanis gabatee gurraacharratti barreessa.

### Gocha

- Kana booddee "Gocha loogummaa fi Rakkoo inni Geessisu" dubbisa jedhu dhuunfaadhaan erga dubbisanii booddee gilgaala 3ffaa gareedhaan akka hojjetan godha. Waan irra ga'anis kutaadhaaf akka dhiheessan erga gootanii booddee isinis yaada goolabaa dhiheessa. Goolabni keessan yaadolee bu'uuraa armaan gadii kan calaqqisiisu ta'uu danda'a.

**Gaaffii 1**. Gaaffii kanaaf, dhimmoota siyaasaafis ta'e dinagdee walqixa hirmaachuu dhabuun cubbuu, miidhaa fi **kkf** fida jedhanii deebiisuun ni danda'ama.

**Gaaffii 2.** Hojiin loogummaa babal'achuun sadarkaa biyyaatti rakkoolee isaan qaqqabsiisan keessaa; kaka'umsi hojii dhabamuu, fincilaaf kaka'uu, nagaa fi tasgabbiin dhabamuu fi kkf akka rakkooleetti tuquun nidanda'ama.

### Rakkoo Gocha Loogummaan Geessisu

Mata duree kana jalatti ibsi dhihaate qixa kaayyoo kanaatiin gahaa yoo ta'eyyu hubannoo caalaadhaaf boqonnaa 1ffaa, 2ffaa fi 3ffaa gara duubaatti deebi'anii dubbisuun ni fayyada.

### Goolaba

- Dhumarratti raawwii kaayyoo barnootichaa fi yaadota bu'uuraa argisiisuu danda'anii fi walitti qabuu danda'an gaaffii barattootaaf dhiheessuun barnooticha goolaba.

## 4.3 Dhaabbilee Tajaajila Hawaasummaa Kennan (Wayitii 2)

### Qophii kutaa /meeshaa deggersaa

- Chaartii faca'iinsa Tajaajila Hawaasummaa argisiisan
- Heera mootummaa federaalawaa

### 4.3.1 Haqymmaa Facaatii Dhaabbilee Hawaassummaa

- Dhaabbileen tajaajila hawaasummaa kennan isaan kami?
- Dhaabbilee tajaajila hawaasummaa faca'iinsa haqaa jechuun maal jechuudha?

### Barsiisaa/tuu !

Gaaffii ka'umsaa barattoonni hundi akka dhaga'uu danda'anitti sagalee keessan olkaasaa dubbisaa. Sana booddee barattoonni murtaa'an deebii akka kennan carraa kennif. Deebii isaan kennan booddee madaaluun akka danda'amu dabtara isaanii keessatti akka barreeffatan itti hima.

Barattoonni yaada cuunfamee fi qabatamaa ta'e qabachuu akka danda'an yaada walii galaa kennaafi. Deebii sanas haala armaan gadiitiin dhiheessuu ni dandeessu.

Dhaabbileen hawaasummaa uummata tokkoof tajaajila adda-addaa kan kennuu danda'an kanneen akka mana barnootaa, mana yaalaa fi kkf yommuu ta'an faca'iinsi iddootii-iddootti garaa-garummaan utuu irratti hin-godhamiin bakka hundumtti haala walmadaalaa ta'een dhaabbileen kun jiraachuu jechuu akka ta'e ibsuudhaan gara dalaga itti aanuutti darba.

### Gocha

Naannoo gaaffilee ka'aniitti hubannoo fooyyee qaban argachuu akka danda'an mata duree "Bulchiinsa Kaannoo" jedhu jalatti dubbisa dhihaate barattoonni akka dubbisan ajajaa. Dubbisichaarratti hundaa'anii gilgaala 5ffaa dhuunfaadhaan kutaa keessatti akka hojjetan godha. Gilgaalichaaf qabxilee armaan gadii tuqanii darbuu ni danda'u.

**Gaaffii 1**. Dubbisarraa akkuma hubachuun daanda'amu garaa-garummaa faca'iinsa dhaabbatichaaf loogiin akka ka'umsaatti lakkaa'amuu ni danda'a.

**Gaaffii 2**. Haqummaa kan hin qabne faca'iinsi dhaabbilee tajaajila hawaasummaa kan inni sirraa'uu danda'u hojii loogiirraa walaba ta'ee fi haqummaa qabu hojjechuu qofaanidha.

**Gaaffii 3**. Faca'iinsi dhaabbilee tajaajila hawaasummaa walgituu dhabuun rakkoo hawaasummaa, tasgabbii dhabuu, fincila, miira gartummaa kakaasuu danda'a. Kana booddee barattoonni jalqabuma deebii kennan deebii dimshaashaa ofiikeesan kennitan wajjin akka walmaddiitti ilaalan godha. Dabalataanis qajeelcha barnootichaa keessatti qabxilee taa'an akka barnooticha cimsutti itti fayyadamuu ni dandeessu.

Itti fufuudhaan gilgaala 5ffaatti fufee faca'iinsa haqummaa dhaabbilee tajaajila hawaasummaa keessatti ilaalchisee yaadannoo dhihaate barattoonni dhuunfaadhaan akka dubbisan gochuudhaan, kanumarratti hundaa'uudhaan gilgaala 6ffaa akka irratti mari'atan erga gootanii booddee waan irra ga'an kutaadhaaf akka dhiheessan godha.

Dhumarrattis gilgaalarratti yaada dimshaashaa kennaa.

- Biyya tokko keessatti faca'iinsi dhaabbilee tajaajila hawaasummaa kan wal hin gitne yoo ta'e rakkoo hawaasummaa gara-garaa uumuu akka danda'u beekuudhaan faca'iinsi dhaabbilee hawaasummaa haqa qabeessa taasisuu keessatti deggersii fi hirmaannaan lammilee akka barbaachisu yaada dhiheessitan keessatti qabxilee dhihaachuu danda'anidha.

### Dhaabbilee Tajaajila Hawaasummaa Kennan

Gama kaayyoo bu'uura barnootichaatiin yoo ilaalame ibsi kenname gahaadha. Qabxilee yaadannoo keessaa fudhachuudhaan ibsa kennuuf yaala.

### Xumura

- Dhumarratti qabxiilee bu'uura barnootichaa gabaabinaan dhiheessuun goolaba.

## 4.4 Qaamolee Haqaa Sadarkaa Adda-addaarratti Argaman (Wayitii 2)

### Qophii kutaa / meeshaa deggersaa

- Ibsa fakkiiwwan hojii haqaa mul'isan
- Heera mootummaa federaalawaa

### 4.4.1 Barbaachisummaa haqaa qaamoleen haqaa naannoo adda-addaa hojjetan.

### Barsiisaa/tuu !

Barattoonni gaaffii ka'umsaaf deebii akka kennan gootomsa. Deebii isaan kennanis gabatee gurracharratti barreessa. Gosa barnoota itti aanuutti utuu hin ce'iin gaaffilee ilaalchisee qabxilee kanneen kaaftanii darbuu ni dandeessu. Qaamolee haqaa naannootti argaman ilaalchisee maree maatii sadarkaa adda-addaatti kan argaman mana murtii kaasuun ni danda'ama. Hojiin qaamolee kanaa haqummaa fi sirrummaa, gartummaarraa walaba kan ta'e murtii kennuuf, nageenya amansiisaa uumuuf misooma saffisaa mirkaneessuuf ga'ee guddaa qaba.

### Gocha

- Dabalataanis barattoonni gilgaala 7ffaa qaama haqaa naannoo isaaniitti argamu deemuudhaan ragaa sassaaban irratti hundaa'uudhaan gareedhaan gabaasa akka dhiheessan, sanumarratti hundaa'anii akka mari'atan gargaara.
- Gilgaala 8ffaa immoo barattoonni yaadannoo dubbisuudhaan dhuunfaa isaaniitiin mana isaaniitti akka hojjetan godha. Gaaffii fi deebiidhaan qabxii sirreeffamaa kennaafi.

1. Dhaabbileen haqaa sadarkaa adda-addaarratti dhaabbachun isaanii murtii sirrii fi gartummaarraa qulqullaa'e akka jiraatu gochuu dandeessisa. Nageenya amansiisaa fiduuf misooma saffisaa mirkaneessuu nidandeessisa. **kkf**

2. Dhaabbileen haqaa murtii haqaa akka hin hordofne kan isaan godhu keessaa ilaalcha uummata keessatti dhimma saalaa ilaalchisee jirudha. Ol-aantummaa seeraa, bitamuu diduu, hojiiwwan aadaa fi kkf jedhamee tuqamuu danda'a.

**Dhaabbilee Haqaa Sadarkaa Adda-addaatti Argaman**

Qixa raawwii kaayyoo barnootichaatiin ibsi kenname gahaadha. Qabxilee yaadannoo keessaa baasuudhaan ibsaatii dhiheessuu yaala.

**Goolaba**

- Dhumarratti raawwii kaayyoo barnootichaa mirkaneessuun barnoota guyyaa kanaa walitti qabuu kan dandeessisu gaaffiwwan barattootaaf dhiheessuun barnooticha goolaba.

## 4.5 Mirgoonni yommuu dhiitamanii fi haqni yommuu jal'atu tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban *(Wayitii 2)*

**Qophii kutaa/meeshaa deggersaa**

- Ibsoota fakkii mirgoonni yommuu dhiitaman mul'isu.
- Konvekshinii Mirga Namummaa
- Heera Mootummaa Federaalawaa

### 4.5.1 Mirgootaa fi Haqa Kabachiisuuf Tarkaanfiiwwan Fudhataman

**Gaaffii ka'umsaa**

- Mirgoonni yommuu cabanii fi haqni yommuu jal'atu mirga kabachiisuuf tarkaanfii akkamiiti fudhatamuu qaba jettu?

**Barsiisaa/tuu !**

Gaaffii ka'umsaa barattootaaf dhiheessuudhaan barattoota murtaa'anirraa deebii fuudhuuf yaalaa. Deebii barattoonni kennan gabatee gurraacha irratti barreessa.

**Gocha**

- Gaaffii ka'umsaaf deebiiwwan kennaman yaadannoo keessatti qabxiiwwan taa'an wajjin walbira qabanii ilaaluu akka danda'an yaadannicha dhuunfaadhaan akka dubbisan ajaja. Dhumarrattis yaadannoo keessatti qabxilee argatan gaaffilee ka'umsaaf deebii kennaman wajjin ammam amma walsimatan wal cinaa qabuudhaan akka ilaalan godha. Itti fufuudhaan gilgaala 9ffaa yaadannoorratti hundaa'anii dhuunfaadhaan daree keessatti akka hojjetan godha. Barattoonnis hojii daree keessatti hojjetan sirreeffachuu akka danda'an qabxilee dimshaashaa kenniif. Qabxileen goolabaa kanneen armaan gadii ofkeessatti hammachuu danda'u.

**Gaaffii 1**. Adeemsa haqa kabachiisuu keessatti gahee lammilee kan ta'u ofirrattis ta'e kanneen biroorratti dhiittaan mirgaa yoo raawwate gara qaama haqaatti dhiheessuu.

**Gaaffii 2**. Mirga namoota biroo dhiituu dhiisuu, yoo dhiittes dhiifama gaafachuun akka itti hinfufne gochuu.

**Barsiisaa/tuu !**

Dalagni itti fufu barattoonni mata duree kana jalatti yaadannoo dhiihaate itti fufanii dubbisuun, gilgaala kanarratti hundaa'ee dhihaate gilgaala 10ffaa dhuunfaadhaan kutaa keessatti akka hojjetan gochuu ta'a. Hojjetanii yoo xumuranis sirreeffama isaa gaaffii fi deebiidhaan akka fudhatan godha.

- Qbxii guduunfaas dhiheessaafi

**Gaaffii 1**. Namoonni sirna ol iyyannoo kan itti fayyadaman adeemsa manni murtii murtee haqaa kennuurratti quufuu dhabuun ta'uu danda'a.

**Gaaffii 2**. Barattoonni amma danda'ame sirna ol-iyyannoo beekanii akka ibsan wanta barbaachise hunda gochuuti irra eeggama.

**Mirgoonni Yommuu Dhitamanii fi Haqni yommuu Jal'atu Tarkaanfiiwwan Fudhatamuu Qaban**

- Mata duree kana jalatti ibsi kenname gahaadha. Waan kana ta'eef qabxiiwwan yaadannoo isaanii keessaa baasuudhaan dhiheessuu yaala.

**Xumura**

- Dhumarratti raawwii kaayyoo barnootichaa kan mirkaneessanii fi barnoota guyyaa kanaa kan walitti qabuu danda'an gaaffii barattootaaf dhiheessuudhaan barnooticha xumura.

## 4.6 Gibira (Ashuuraa) (Wayitii 2)

### Qophii kutaa /meeshaa deggersaa

- Uummata gibira kaffalu hubannoo isaanii cimsuuf barreeffama ragaa kennuu.

### 4.6.1 Mirgaa fi Dirqama Kaffaltootaa Gibira fi Ittigaafatamumaa Uummataa

### Gaaffii ka'umsaa

- Faayidaa gibiraa **ykn** barbaachisummaa isaa ibsa.
- Kanneen gibira kaffalan mirga attamii qabu? Dirqamni isaanii maalidha?

**Barsiisaa/tuu !**

Gaaffii ka'umsaa barattootaaf dhiheessuun deebii isaan kennaniin hubannoo isaaniimadaala. Itti fufuudhaan gibira ilaalchisee yaada keessan qooduufiidhaan hubannoo isaanii olguddisuu yaala.

**Mirgaa fi Dirqama kanneen gibira kaffalanii fi Ittigaafatamummaa uummataa**

Gibirri bu'uura misoomaa uummata fayyadu diriirsuuf gargaara. Kanaaf uummati tajaajiloota adda-addaatti fayyadamaa akka ta'u gargaara. Kanaaf bu'uura misooma adda-addaatti fayyaadamuuf gibira kaffaluun jaallannes jibbines dirqamadha. Gibirri dinagdee tasgabbaa'aa fiduun qoodama galii haqa qabuu fi madaalawaa gochuun eegsisa. Waan kana ta'eef uummati gibira idaatti ilaaluu hinqabu. Kanatti dabalee gibirri haala jireenya lammiiwwanii haala hiika qabuun fooyyessuudhaaf akka meeshaatti gargaara.

Uummati gibira kaffalu ilaalchisee deebii qajeelaa kennuudhaan guddina waliif kaka'umsa waliinii gama isaatiin akka jiraattu ga'ee inni taphatu guddaadha. Waajjiroota galii sassaban wajjin harka walqabachuudhaan aadaa walii wajjin hojjechuu akka uumamu ifaajee mataasaa gochuuti irraa eegama. Kaayyoo kana dhugoomsuuf kanneen gibira kaffalanii fi gibira sassaaban walitti dhufeenya isaanii cimsuun ummati waa'ee gibiraarratti ilaalchaa fi hubannoo isaanii jijjiiruu hojii dandeessisan hojjetamuuti irra jiraata. Uummatichis galiin guddina biyya tokkoo fi badhaadhina bu'uura ta'uusaa hubatanii naanna'ee faayidaan isaa isaaf akka ta'e hubatee jaalalaan waan isarraa barbaadamu gochuu gara danda'uutti geessisuuf barsiisuu fi dadamaqsuu, akkasumas ragaalee barbaachisaa nuffii tokko malee kennuuti barbaachisa.

Mirga fi dirqama namoota gibira kaffalanii ilaalchisee yaadannoo keessatti ifaan waan taa'eef isa dubbisuun barbaachisaadha.

## Gocha

- Itti fuffudhaan hubannoo fooyya'aa uumuuf "Marii Hawwasaa" mata duree jedhu hubannoodhaan akka dubbisanii fi gara gaaffii ka'uumsaatti deebi'anii deebii kennan dubbisa keessaa yaada argatan wajjin akka walbukkee (walbira) qaban gochuudhaan barbaachisummaa gibiraa gara yaada walii galteerra ga'uu danda'anitti akka ce'an gargaara.

## Gaaffii gareedhaan hojjetan

- Barsiisa ! Barattoonni gaaffilee kana akka hojjetan gareedhaan qooduudhaan, kan murtaa'an gaaffii 1$^{ffaa}$ kanneen biroo immoo gaaffii 2$^{ffaa}$ hojjetanii akka dhufan itti hima. Yeroo bal'aas kennaafi.
- Tokkoon-tokkoo garee kan irra ga'e karaa bakka bu'aa isaanii akka dhiheessan erga gootanii booddee kutaa hundaaf waltajjii mare saaqa.
- Gareen hundumtuu erga dhiheessanii booddee isin yaada guduunfaa dhiheessa.

## Goolaba

Dhumarratti qabxiilee bu'uuraa ta'an gabaabssuudhaan dhiheessii barnooticha goolabi.

# Deebii gaaffiiwwan keessa Deebii

**I. " Dhugaa" "Soba"**

1. Soba 2. Dhugaa 3. Soba 4. Dhugaa 5. Dhugaa

**II. Walitti firoomsi**

1. D 2. A 3. C 4. F 5. B

**III. Bakka duwwaa guutuu**

1. Dhiitamuun mirgaa yoo namarra ga'e qaama dhimmi isaa ilaalutti beeksisuu, kanneen biroorrattis dhiittaan mirgaa yoo irra ga'e qaama ilaallatutti dhiheesssuu.
2. Haqummaa 3. Kan aadaa fi kan ammayaa

**IV. Filannoo**

1. D 2. D 3. D 4. D 5. C

**V. Deebii gabaabaa**

1. Nama kamuu ija walqixaan ilaaluu, hojii daangaa aangoo keenyaa fi ol-aantummaa seeraa bifa bu'uura godhateen raawwachuu, aangoo hin barbaachiifnetti fayyadamuu dhiisuu, miirga karaa seera qabeessa ta'e qofaan kabachiisuu.
2. A/ Mana baarumsaatti qulqullina barnootaa miidha. Barattoota gidduutti walqixummaa jiru jal'isa.
   B/ Maatii keessatti nageenya, waldhaggeeffachuu fi walkabajuun akka hinjiraanne godha.
   C/ Hojii uummattoota gidduutti nageenyi gaariin jiru akka boora'u godha.
   D. Hojmaata gadhee manni murtii hojjetuun mirgi lammiiwwanii ni dhiitamu. Yakki nibaaya'ata. Uummatti mootummaarratti amantaa dhabu.

# Iddattoo Karoora barnootaa

## Barnoota 1. Hojmaata haqaa loogummaarraa qulqullaa'e

| Yeroo | Dalaga barsiisaa/tuu | Dalaga barataa |
|---|---|---|
| 5' | **Seensa**<br>• Mata duree barnoota guyyaa kanaa wajjin walbarsiisuu<br>• Barattoonni barumsicha booddee jijjiirraa amalaa eegamu akka beekan godhi.<br>• Deebii barattootaaf kennuudhaan akka hirmaatan jajjabeessuu, barnoota guyyaa kanaaf akka qophaa'an gochuu. | • Dhaggeeffachuu<br>• Gaaffii ka'umsaaf deebii gahaa kennuu. |
| 25' | • Hubannoo caalaa akka aargataniif "Gandoota Wancii" mata duree jedhu jalatti dubbisa dhihaate dhuunfaadhaan tasgabbiin akka deebbisan gochuu.<br>• Barattoonni dubbisicha dhuunfaa isaaniitiin erga dubbisanii booda kutaa hundaaf dubbisuu.<br>• Haala dubbisichaatiin gilgaala 1ffaa gareedhaan ta'anii daaree keessatti akka hojjetan gochuu.<br>• Barattoonni gocha kennameef utuu hojjetanii qalbefachuu, dhimmoota ifa hintaanerratti ibsa kennuu.<br>• Gareedhaan hojiin kutaa keessatti kenname akka dhihaatu gochuudhaan deebbiiwwan gaaffii ka'umsaaf kennaman wajjin akka walbira qabanii ilaalan gochuu.<br>• Gilgaalarratti yaada goolabaa kennuu. | • Dubbisa dhuunfaan dubbisuu, barsiisaan yommuu dubbisu dhaggeeffachuu.<br>• Dalagaalee kennamaniif hojjechuun yaadolee ifa hintaane irratti gaaffii dhiheessuu.<br>• Hojii garee kutaadhaaf dhiheessuu. Qabxiwwan kennamanirratti hundaa'uun sirreeffama nifudhatu. |
| 5' | Yaada guduunfaa dhiheessuudhaan kaayyoo barnootichaa qabachuu isaanii gaaffilee mirkaneessuu danda'an gaafachuu. | • Gaafachuu<br>• Gaaffiwwan hubannoof dhihaatan irratti hirmaachuu. |

# BOQONNAA SHAN

## JAALALA BIYYAA

***(Wayitii 9)***

**Barattoonniboqonnaa kana erga xumuranii booddee:**

- Seenaa biyyaa fi seenaa uummattootaa isa sirrii ta'e fi aadaa sonaan hub-achuudhaan miira jaalala biyyaa ni gabbifatu.
- Nageenya waliinii kanneen jeequu fi diiguu danda'an yaada hamaa fi barmaatilee miidhaa geessisan ni beeku.

| T.L | Barnoota | Kaayyoo Gooree | Meeshaa deggersaa kennan |
|---|---|---|---|
| 1 | Jaalala biyyaa | • Ibsitoota miira jaalala biyyaa haaarawaa ni tarreessu.<br>• Seenaa biyyaa fi uummataa isa sirrii ta'e jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu.<br>• Mana barumsaa fi naannoo isaaniitti tokko isa biroof fakkeenya gaarii kan ta'u hojii ni hojjetu. | |
| 2 | Gochaalee miidhaa geessisanii fi diigan | • Naannoo isaaniitti waantota garaa-garaa miidhaa geessisanii fi diigan ofirraa ittisu.<br>• Meeshaalee manneen barnootaa fi naannoo isaaniitti argaman ofeeggannoon ni qabu. | |
| 3 | Tarsiimoo fi Istiraatejii misoomaa | • Tarsiimoo fi Istiraatejii misoomaa hiyyummaa ballessuurratti iddoo isaan qaban ni tarreessu. | • Tarsiimoo fi Istiraatejii msoomaa baadiyaa<br>• Imammata Industirii |
| 4 | Lammummaa | • Mirgaa fi dirqama lammiiwwanii ni addeessu.<br>• Sadarkaa isaaniitti mirgaa fi dirqama isaanii ni tarreessu | • Heera mootummaa federaalaa |
| 5 | Alaabaa biyyooleessaa | • Seenaa alaabaa Itoophoyaa haala inni keessa darbe ni ibsu. | • Heera mootummaa federaalawaa |

### 5.1 Jaalala Biyyaa *(Wayitii 3)*

**Qophii kutaa /meeshaa deggersaa**

- poostera Sabootaa fi sablammoota Itoophiyaa mul'isu.
- Heera mootummaa federaalawaa

### 5.1.1 Ibsitoota Miira Jaalala Biyyaa Isa Haaraa

**Gaaffii**

- Ibsitoota jaalala biyyaa kan ta'an keessaa muraasa tarreessaa.

**Barsiisaa/tuu!**

Barattoonni cimdii cimdiin gaaffii olii irratti yeroo murtaa'eef erga mari'atan booda, cimdii murtaa'e irraa yaada fuudhaa. Deebiiwwan dhiyaatan waliin madaaluuf akka tolutti gabatee boronqii irratti barreessaa.

**Gocha**

Itti aansuun dubbifama "Seenaa Biyyaa" keessaa gaaffii baheef qabxiilee deebii ta'uu danda'an irratti xiyyeeffachaa akka dubbisan barattootatti himaa.

- Dubbifama irratti hundaa'uun Gilgaala 1 daree keessatti dhuunfaan akka hojjetan qajeelchaa.
- Barattoonni gilgaala hojjetanii erga fixanii booda, gaaffii fi deebiidhaan deebii sirrii akka hubatan taasisaa. (Dabtara barattoota hundaa ilaalanii sooroorsuun yeroo hunda waan hin mijoofneef bifa kanaan deebii sirrii qabsiisuun ni danda'ama.)
- Dhuma irratti isin guduunfaa kennaa. Kanaafis qabxiilee armaan gadiitti fayyadamaa.

**Ibsitoota Miira Jaalala Biyyaa Isa Haaraa**

Qabxiileen kana jalatti ka'uu qaban keessaa seeraa fi heera mootummaa kabajuu, mirgoota namoota biroo kabajuu, ittigaafatamummaa namatti kenname gahumsaan bahuu, hojiiwwan hawaasaaf fakkeenya ta'an dalaguu, seenaa ummataa fi biyyaa qajeellootti ibsuu fi kkf ta'u.

**Gocha**

- Gilgaala 2 yaadannoo kenname dubbisuun isa irratti hundaa'uun manatti hojjetanii akka dhufan itti himaa.
- Gaaffii fi deebiin akka soroorsan taasisaa. Kana keessatti barattoonni hundi akka hirmaatan jajjabeessaa.
- Gaaffiiwwaniif deebii akka argataniif yaadannoo irraa dubbisaatii guduunfaa kennaa.

**Guduunfaa**

Gaaffiiwwan kaayyoo barannichaa fiixaan baasanii fi yaadicha walitti qaban dhiyeessuun barannicha guduunfaa.

## 5.2 Gochaalee Diigoo Fi Miidhoo (Wayitii 2)

**Qophii daree/Meeshaalee deeggarsaa**

Poostaroota/fakkiiwwan gochaalee miidhaa qaban ibsan.

### 5.2.1 Gochaalee Diigoo fi Miidhoo Naannawa Keenyatti Hubataman

**Seensa**

Poostaronni/fakkiiwwan dhaamsa akkamii dabarsu?

**Barsiisaa/tuu!**

Barattoonni yaada fakkii/poostarii irraa argatan akka ibsan taasisaa. Gochaalee fakkii irratti mul'atan keessaa isaan kamtu baay'inaan akka raawwataman, isaan gochaalee akkasii keessatti qooda fudhatanii beekuu isaanii, gochaaleen kunniin miidhaa akkamii fiduu akka danda'an hanga beekan akka ibsan barattootaaf carraa kennaa.

**Gocha**

- Barattoonni daran hubannoo akka argataniif dubbifama ”Afarsataa” jedhu dhuunfaan akka dubbisan taasisaa. Barattoonni hundi dubbisanii xumuruu mirkaneeffachuun, ofii sagalee ol kaasuun al-tokko dubbisaafii. Kana booda Gilgaala 3f akka dubbifamaatti gareedhaan akka deebii kennan taasisaa.
- Hojii gareedhaan hojjetan karaa bakka bu’aa gareetiin erga dhiyeessan booda, isin qabxiilee silaabasii keessa jiran akka guduunfaatti fayyadamuu dandeessu. Kana malees, yaadannoo Gilgaala 3 booda jiru dubbisuu fi qabxiilee ijoo keessa jiran baasuun yaada guduunfaa kennuu dandeessu.

**Gochaalee Miidhaa Qaban**

Mataduree kana jalatti ibsi kenname kaayyoo barannichaa waliin yoo ilaalamu gahaa waan ta’eef, yaadannicha keessaa qabxiilee baasuun ibsuu yaalaa.

**Guduunfaa**

Gochaaleen miidhaa qaban kanneen naannawa jireenyaatti mul’atan nagaa fi nageenya hawaasaa booressuu danda’u. Kanaafuu, hawaasni wantoota waliin itti fayyadamu akka kan ofiitti ilaalee of eeggannoon yoo hin qabne miidhaa inni qabu sirriitti hubachiisuu barbaachisa.

## 5.3 Imaammatootaa fi Tarsiimoowwan Misoomaa

**Qophii daree/Meeshaalee deggarsaa**

- Fakkiiwwan/ragaalee bu’aawwan misoomaa Itoophiyaa keessatti galmaa’an kan agarsiisan.
- Heera Mootummaa FDRI

### 5.3.1 Imaammatoonnii fi Tarsiimoowwan Misoomaa Biyyattii Gahee Isaan Hiyyummaa Dhabamsiisuuf Qaban

**Gaaffiiwwan marii**

- Dhaamsa fakkiiwwan akka dabarsan barbaadame maali?
- Biyya tokko keessati wantoonni ibsitoota hiyyummaa ta’uu danda’an maali?

**Barsiisaa/tuu !**

- Barattoonni fakkii dhiyaate irraa maal akka hubatanii fi ibsitoonni hiyyummaa maal akka ta’an akka dubbatan carraa kennaafii. Yaada ofii kennanis dbatara yaadannoo ofii irratti akka qabatan itti himaa. Isinis yaada waliigalaa kennaafii. Qabxiilee armaan gadiitti fayyadamuu dandeessu.

  Yaadoleen fakkiiwwan dhiyaatan irraa hubataman, Itoophiyaan hiyyummaa balleessuuf imaammatootaa fi tarsiimoowwan misoomaa baafattee isaaniin hojjechaa akka jirtu; kanaan kan ka’e gama qonnaa, industirii fi bu’uura misoomaatiin firii gaariin argamaa jiraachuu; namoonni cimanii hojjetan mootummaadhaan akka jajjabeeffaman hubannoo kennuu danda’u. Karaa kanaan faallaa ta’een, cimanii hojjechuu dhiisuun immoo hiyyummaaf kan nama saaxilu; ibsitoonni hiyyummaa dhukkuba, beela, hojii-dhabdummaa, jeequmsa hawaasummaa, doofummaa, tasgabbaa’uu dhabuu fi kkf ta’uu danda’u.

**Gocha**

- Hubannoo dabalataaf akka isaan gargaaruuf, dubbifama ”Dargageeyyii Araddaa Haaraa” jedhu dubbisanii Gilgaala 5 gareedhaan hojjetanii akka dhiyeessan taasisaa. Mari’atanii waan irra gahanis karaa bakka bu’oota gareelee akka ibsan taasisaa.

- Gilgaala 6 immoo hoj-manee godhatanii dhuunfaan akka hojjetan gochuun, gaaffii-deebiidhaan irratti hirmaatanii akka deebisan haala mijeessaa. Guduunfaa akka ta'uufis yaadannootti fayyadamaa.

### Yaadannoo

**Kitaabolee armaan gadii dubbisuun hubannoo argachuun ni danda'ama**.

- Imaammatoota, Tarsiimoowwanii fi Toftaalee Misooma Baadiyaa.
- Imaammatoota, Tarsiimoowwanii fi Toftaalee Misooma Industirii.
- Itoophiyaatti Dhimmoota Ijaarsa Sirna Dimookraasii.

### 5.3.2 Rakkoolee Waliinii Hiikuuf Gahee Gocha Gaarii

### Gaafii marii

- Rakkoolee waliinii kan jedhaman maal maali?

### Barsiisaa/tuu !

Barattoonni rakkoolee waliinii kan jedhaman akka tarreessan gaafadhaa. Deebii isaanii gabatee boronqii irratti barreessaa. Kana gochuunis yeroo isin guduunfaa kennitan walbira qabanii ilaaluuf fayyada.

### Gocha

- Rakkoolee waliinii kan jedhaman erga tarreessan booda, walaloo dhiyaate callisanii akka dubbisan taasisaa. Osoo gara Gilgaala 7tti hin cehin dura isin altokko walaloo sana dubbisaafii.
- Walaloo sana irratti hundaa'uun Gilgaala 7 akka hojjetan qajeelchaa. Deebii isaanii akka waliif dhiyeessan taasisaa.
- Barattoonni deebii quubsaa yoo hin kennine isin guduunfaa kennaa. Rakkoo waliinii hiikuu keessatti dhaamsi "kaka'umsa"  qabaachuu akka ta'ee fi walaloo keessatti "Ani" kan jedhu kaka'umsa ofiitiin tajaajila kennuu fi rakkoo fi roorroo lammiitiif birmachuun, nageenya naannootiif gumaachuuf, dagaaginnii fi soorumni dhufee rakkoon akka fagaatuuf rakkoo waliinii hiikuun akka barbaachisu yaada dhiyeessuun ni danda'ama.

### Imaammatootaa fi Tarsiimoowwan Misoomaa

- Mataduree kana ilaalchisee ibsi dhiyaate kaayyoo barannichaa waliin yoo ilaalame gahaadha. Kanaafuu, yaadannoo keessaa qabxiilee barbaachisoo baasuun ibsaafii.

### Guduunfaa

Yaadolee ijoo kaayyoo barannichaa dhugoomsuu danda'an akka guduunfaatti dhiyeessaa.

## 5.4 Lammummaa *(wayitii 2)*

### Qophii daree/Meeshaalee deggarsaa

- Heera Mootummaa FDRI
- Seera Mirgoota Namoomaa
- Heerota Naannolee

### 5.4.1 Mirgaa fi Dirqama Lammiiwwanii

**Gaaffii marii**

”Biyyi koo maal naaf goote jechuu qofa osoo hin taane, ’ani biyya koof maalan godhe’ jedhaa of gaafadhaa,”(Pirezidaantii Ameerikaa durii John F Kennedy)Yaanni armaan olii ergaa maal qaba?

**Barsiisaa/tuu !**

- Yaada armaan olii Pirezidaantiin Ameerikaa dubbatan barattoonni akka hubatanitti akka ibsan gaafadhaa. Deebii isaaniis gabatee boronqii irratti barreessaa.
- Ibsi yaada armaan olii, lammiiwwan mirga isaanii qofa gaafachuu osoo hin taane, dirqama lammummaa isaan irra jiru bahuun akka isaan irra jiruu fi lamaan isaanii (mirgaa fi dirqama) waliin madaaluun akka barbaachisu dubbii Pirezidaantichaa irraa hubachuu akka qaban ibsaafii.

**Gocha**

- Dubbifama ”yaada hirmaattotaa” jedhu dhuunfaan dubbisanii Gilgaala 9 dareetti gareedhaan hojjetanii karaa bakka bu’oota gareewwaniin dhiyeessanii erga mari’atan booda isin guduunfaa kennaa. Achiis hojii itti aanutti cehaa.
- Itti aansee yaadannoo ”Mirgaa fi Dirqama Lammiiwwanii” jedhu erga dubbisan booda Gilgaala 10 yaadannicha irratti hundaa’uun manatti hojjetanii akka dhufan taasisaa.
- Hoj-manee hojjetanii dhufan gaaffii fi deebiidhaan erga dhiyeessan booda yaada guduunfaa kennuun gara hojii itti aanutti cehaa.

**Mirgaa fi Dirqama Lammiiwwanii**

Mataduree kana jalatti ibsi kenname gahaa waan ta’eef, yaadannicha keessaa qabxiilee baasuun ibsaa.

**Guduunfaa**

Yaada ijoo barannichaa gabaabinaan kennuudhaan guduunfaa kennaa.

## 5.5. Alaabaa Biyyoolessaa (Wayitii 2)

**Qophii daree/Meeshaalee deggarsaa**

- Alaabaa biyyoolessaa kan gidduun isaa mallattoo urjii roga shanii qabu.
- Heera Mootummaa FDRI

### 5.5.1 Adeemsota Seenaa Alaabaan Itoophiyaa Keessa Darbe

**Gaaffii ka’umsaa**

- Fakkichi dhaamsa maalii qaba?

**Barsiisaa/tuu !**

- Fakkii mataduricha waliin dhiyaate irraa barattoonni maal akka hubatan akka ibsan gaafadhaa.Deebii gaaffiiwwaniis dabtara isaanii irratti akka barreeffatan taasisaa.
- Isinis alaabaa Itoophiyaatti fayyadamuun ibsa Heera keessatti dhiyaate irratti barattoonni hubannoo akka cimsataniif Alaabaan birmadummaa biyya tokkoo ibsuuf, lammiiwwan boonsuuf akka tajaajilu ibsuufiin gara hojii itti aanuutti cehaa.

**Gocha**

- Dubbifama dhiyaate dubbisiisuun Gilgaala 11 daree keessatti akka hojjetan qajeelchaa. Gaaffiiwwaniif deebii argachuun akka danda'amutti, yaadannoo mataduricha jalatti dhiyaate dubbisuun ibsaafii.
- Gilgaala 12 hoj-manee godhatanii daree keessatti immoo deebii isaanii irratti akka waliin mari'atan taasisaa.

**Alaabaa Biyyoolessaa**

Kaayyoo barannichaaf ibsi kenname gahaadha. Qabxiilee barannichaa yaadannoo keessaa fudhachuun ibsaa.

**Guduunfaa**

Yaada ijoo barannichaa gabaabinaan ibsuun yaada guduunfaa kennaa.

# Deebii Gaaffiiwwanii

**I. Soba / Dhugaa**

1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa 4. Dhugaa 5. Dhugaa 6. Soba

**II. Walitti firoomsuu**

1. F 2. G 3. E 4. A 5. B 6. C 7. D

**III. Bakka duwwaa guutuuImaammatootaa fi tarsiimoowwan misoomaaKaka'umsa ofii/tolummaa**

1. Imaammatootaa fi tarsiimoowwan biyyattii
2. Gocha Gaarii

**IV. Filannoo**

1. D 2. D 3. D 4. D

**V. Deebii gabaabaa kennuu**

1. Tajaajila bu'uura misoomaa mootummaan kennu sirriitti fayyadamuun hin danda'amu.
2. Tolummaan (kaka'umsi ofii) kan mootummaan bira gahuu hin dandeenye guutuuf deggarsa ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, nageenya naannoo eegsisuu irratti humni mootummaa bakka mara walgahuu waan hin dandeenyeef, hawaasni tolummaa ofiitiin humna nageenya eegu tumsee hanqina humna namaa guutuun gumaachuu danda'a.

# Iddattoo Karoora Barnootaa

## Barannoo 1: Jaalala Biyyaa

| Wayitii | Gocha Barsiisaa/tuu | Gocha Barattootaa |
|---|---|---|
| 10’ | **Seensa**<br>• Barattoonni ibsitoota jaalala biyyaa akka ibsaniif gaaffiiwwan ka’umsaa gaafachuu; akka hirmaatan jajjabeessuu; deebii barattootaa galmeessuu. | • Gaaffiiwwaniif deebii kennuu.<br>• Gaaffii gaafachuu<br>• Deebii irratti yaada kennuu. |
| 20’ | **Ibsa**<br>• Waa’ee ibsitoota haaraa jaalala biyyaa irratti yaadannoo keessaa ibsa kennuu fi barattoonni akka mari’atan haala mijeessuu.<br>• Hojii daree kennuu fi to’achuu<br>• Barattoonni deebii dhiyeessan irratti ibsa kennuu fi yaada qaban keessummeessuu. | • Dhaggeeffachuu<br>• Yaadannoo fudhachuu<br>• Mari’achuu<br>• Hojii daree hojjechuu |
| 10’ | **Guduunfaa**<br>• Waa’ee ibsitoota haaraa jaalala biyyaa yaada guduunfaa dhiyeessuu.<br>• Gaaffiiwwan guduunfaa ta’uu danda’an dhiyeessuu.<br>• Irra deebi’uu<br>• Hoj-manee kennuu | • Waa’ee ibsitoota haaraa jaalala biyyaa yaada kennuu.<br>• Yaadolee ifa hin taane irratti gaaffii dhiyeessuu,<br>• Hoj-manee hojjetanii dareetti dhiyeessuu |

# BOQONNAA JAHA

## MIIRA ITTIGAAFATAMUMMAA

***(Wayitii 13)***

**Barattoonni barannoo boqonnaa kanaa erga xumuran booda,**

- sadarkaa fi akaakuu ittigaafatamummaa adda addaa beeku.
- ittigaafatamummaa qabeenya uumamaa fi hambaalee seenaa kunuunsuu hubatu.
- barbaachisummaa dhibee HIV/AIDS irraa of eeguu hubatu.

| Lakk | Barnoota (mataduree) | Kaayyoo Gooree | Meeshaalee Deggarsa Barnootaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Ittigaafatamummaa bahuu | Akaakuu fi sadarkaa ittigaafatamummaa tarreessu. | |
| 2 | Waadaa | • Waadaa mana barnootaa fi naannawa isaaniitti seenan ibsu.<br>• Ittigaafatamummaa isaanii sirriitti bahu. | Fakkii eebbifamtoota waadaa seenanii |
| 3 | Qabeenyawwan uumamaa fi hambaalee seenaa | • Sababoota qisaasina qabeenya uumamaa fi hambaalee seenaa ibsu.<br>• Qabeenya uumamaa fi hambaalee seenaa kunuunsu. | Suura bosonaa fi bineensotaa<br><br>Fakkiiwwan hambaalee seenaa |
| 4 | HIV/AIDS | • Miidhaa dhibeen HIV/AIDS hawaasa irraan gahu ibsu.<br>• Karaalee dhibeen HIV/AIDS ittiin daddarbu irraa of eegu. | |

### 6.1 Ittigaafatamummaa Bahuu

**Qophii daree/meeshaalee deggarsaa**

- Fakkii namootaa akka umrii fi saala isaaniitiin hojii adda addaa yeroo hojjetan kan agarsiisu.
- Heera Mootummaa FDRI

### 6.1.1 Akaakuu fi Sadarkaa Ittigaafatamummaa

**Gaaffii ka'umsaa**

**Fakkicha irraa maal hubattan?**

**Barsiisaa/tuu !**

- Barattoonni ittigaafatamummaa bahuu ilaalchisee fakkicha irraa maal akka hubatan akka ibsan taasisaa, Deebii isaaniis dabtara isaanii irratti akka barreessan qajeelchaa. Gaaffichas miira barattootaa kakaasuu fi itti qophaawuu isaanii akka cimsutti ittifayyadamaa.

**Gocha**

- Barattoota muraasa irraa deebii erga fudhattan booda, barannicha irratti hubannoo akka cimsataniif dubbifama dhiyaate dhuunfaan akka dubbisan qajeelchaa. Dubbifamicha irratti hundaa'uun, Gilgaala 1 dareetti akka hojjetan taasisaa.
- Barattoonni gilgaala hojjetanii deebii akka kennan qajeelchuun ibsoota armaan gadii dhiyeessuu dandeessu.
- Imaanaa fi taayitaa ummataa qabatanii gubboodhaan galii mootummaa xiqqeessuun kallattii ittigaafatamummaan kan nama gaafachiisuudha. Karaa kanaan ejjannoon abbaa taayitaa ibsame ittigaafatamummaa isaanii bahuu agarsiisa. Fakkeenyummaa isaanii kan qooddachuu qabnu ta'uu ibsaafii. Karaa biraatiin ittigaafatama qabaatanii hojii mootummaa raawwachuuf gubboo fudhachuun sammuu namaa jeeqee murtii kan dabsu, misoomaa fi guddina kan gufachiisu ta'uu isaa barattootaaf ibsaa.

**Gocha**

- Gilgaala 2 ragaa barreeffama dhiyaate keessaa argataniin hoj-manee hojjetu. Yeroo hojjetanii dareetti fidan bifa gaaffii fi deebiitiin deebii akka argatan taasisaa. Dabalataanis yaadolee armaan gadii dhiyeessuun ni mala.
- Ittigaafatamummaa jechuun hojii namaaf kenname tokko seeraa fi danbiin hojii sana raawwachiisuuf bahe akka eyyamutti hojjechuudha. Hojiiwwan bu'aa waliinii fidan waliin hojjechuun ittigaafatamummaa waliinii bahuu jechuudha. Namni ittigaafatamummaa isaa hin baane kan ofii isaa fi hawaasa miidhuu danda'u ta'uu isaa ibsaafii.

**Ibsa**

Yaanni dhiyaate gahaadha. Kanaafuu, qabxiilee barbaachisoo yaadannicha keessaa fudhachuun muuxannoo jireenyaa barattootaa waliin walqabsiisaa hubachiisaa.

**Guduunfaa**

Dhuma irratti yaadolee kaayyoo barannichaa dhugoomsan barattootaaf gaaffii fi deebiin dhiyeessuun barannicha guduunfaa.

### 6.2 Waadaa *(Wayitii 2)*

**Qophii duraa/Meeshaalee deggarsaa**

Fakkii yeroo namoonni ittigaafatamummaaf muudaman waadaa seenan agarsiisu.

**Gaaffii ka'umsaa**

Waadaan maali?

**Barsiisaa/tuu !**

Gaaffii ka'umsaatiif barattoota muraasa irraa deebii erga fudhattan booda, deebii isaanii gabatee boronqii irratti barreessaa.

**Gocha**

- Dubbifama dhiyaate barattoonni dhuunfaadhaan akka dubbisan qajeelchaa.
- Erga dubbisanii fixan booda, Gilgaala 3 gareen hojjetanii karaa bakka bu'oota garee isaanii dareef akka dhiyeessan taasisaa.

- Isinis qabxiilee armaan gadii dhiyeessuun barannicha guduunfaa. Imaanaa fi waadaan ittigaafatamummaa kan ibsan yoo ta'u, waadaan garee lama gidduutti kan walqixa kabajamuu qabu jechuudha.
- Gaaffiiwwan hafaniif yaadolee deebii ta'uu danda'an dubbifama dhiyaate keessaa argachuu akka qaban ibsaafii.
- Gilgaala 4 hoj-manee gochuun barreeffama dhiyaate hubatanii deebii akka argatan taasisaa.
- Dhuma irrattis guduunfaa kennuun wayitii barannichaaf kenname xumuraa.

**Waadaa**

- Ibsi kenname kallattii kaayyoo barannichaan yoo ilaalamu gahaadha. Kanaafuu, yaadannoo kenname keessaa qabxiilee barbaachisoo baasuun muuxannoo barattootaa waliin walqabsiisaa dhiyeessaa.

**Guduunfaa**

**Qabxiilee ijoo barannichaa dhiyeessuun xumuraa.**

### 6.3 Qabeenyaa Uumamaa fi Dabareewwan Seenaa *(Wayitii 2)*

**Qophii duraa/meeshaalee deggarsaa**

Suuraa fi fakkii qabeenya uumamaa fi hambaa seenaa agarsiisana.

**Seensa**

**Gaaffii ka'umsaa**

- Hambaalee uumamaa fi seenaa naannawa keessan jiran tarreessaa.

**Barsiisaa/tuu !**

Barattoonni muraasni wantoota naannawa isaaniitti qabeenya uumamaa fi seenaa ta'an akka tarreessan carraa kennaafii. Deebii isaanii gabatee boronqii irratti barreessaa. Kunis deebii dhiyaate waliin madaaluuf tola.

**Gocha**

- Barattoonni yaadannoo mataduricha jalatti dhiyaate dubbisanii Gilgaala 5 daree keessatti akka hojjatn taasisaa. Tokkoon tokkoon garee karaa bakka bu'oota isaa deebii dareef dhiyeessee erga irratti mari'atame booda barannicha guduunfuudha. Dhuma irrattis isin yaadolee guduunfaa kennuu dandeessu.
- Qabeenyawwan uumamaa fi hambaalee seenaa eeguu ilaalchisee dhaabbileen sab-qunnamtii sagantaalee adda addaa qopheessanii hawaasa barsiisuun hubannoo isaanii cimsuun dhaabbilee kanneen irraa eegama.
- Qisaasina qabeenya uumamaa fi hambaalee seenaaf sababa kan ta'an kaassaa.
- Kanneen armaan gadii ta'uu danda'u:
    - Beekumsa dhabuu fi hubannoon xiqqaachuu
    - Hiyyummaa fi jireenya boodatti hafummaa
    - Miira abbaa biyyummaa fi ittigaafatamummaa dhabuu
    - Ofittummaa (namoota biroof yaaduu dhabuu) fi kkf.
- Kanaafuu, qabeenya uumamaa fi hambaalee seenaa eeguuf jecha tokkoon tokkoon lammii miira abbummaatiin ka'ee, dhaloota egereef yaadee hojjechuun irraa eegama.

**Qabeenyawwan Uummamaa fi Hambaalee**

**Seensa**

Qabeenyawwan uumamaa fi hambaaleen seenaa faayidaalee hawaasummaa fi dinagdee qabu. Kanneen biyya keenyatti argamanis faaydaalee kanneen irraa argachuu akka dandeenyuuf sirriitti kunuunfamuu qabu. Qabeenyawwan uumamaa fi hambaalee seenaa eeguun, kunuunsuunii fi misoomsuun ittigaafatamummaa tokkoon tokkoon lammii irra akka jiru ta'uu isaa beekuun barbaachisaadha.

**Guduunfaa**

Qabxiilee mataduricha jalatti dhiyaatan barattoonni hangam akka hubatan mirkaneessuuf gaaffiiwwan dhiyeessuufiin, isinis gaaffiiwwan kaayyoo barannichaa waliin walqabsiisuun barannicha guduunfaa.

## 6.4 HIV/AIDS (Wayitii 2)

**Qophii duraa/meeshaalee deggarsaa**

- Suuraa/poostara namoota dhibee HIV/AIDStiin miidhaman agarsiisu.

**Gaaffii marii**

- Maanguddoo poostara/suuraa irraa mul'atan HIV/AIDSn akkamitti isaan miidhe?
- Daa'imni hammatamee jiru carraan isaa gara fuulduraa maal ta'uu danda'a?
- HIV/AIDS irraa of eeguun faayidaan isaa eenyuufi?

**Barsiisaa/tuu !**

- Barattoonni gaaffiiwwan jalqaba dhiyaataniif osoo deebii hin kennin dura, waan manguddoon suuraa/poostara irratti mul'atan jedhan dubbisanii akka xiinxalan taasisaa. Itti aansuunis barattoonni muraasni gaaffiiwwan akka deebisan taasisaa. Deebii isaanii gabatee boronqii irratti barreessaa. Isa irraa ka'uun gaaffiiwwan dhiyaataniif yaada guduunfaa kennaa. Fakkeenyaaf, dhibeen HIV/AIDS kan manguddoo suuraa irratti mul'atan miidhe gaddaan ta'ee, yeroo ofii sooramuu qabanitti daa'ima homaa hin beekne isaanitti gateera. Carraan egeree daa'ima kanaa maal akka ta'u beekuun hin danda'amu. Haata'u malee, manguddoo tanaa fi daa'ima isaan qaban kunuunsuun dirqamaa fi ittigaafatamummaa lammiiwwanii akka ta'e dubbachuun ni danda'ama. HIV/AIDS irraa of eeguun, dura mataa ofii, itti aansee maatii ofii, kanaan booda hawaasaa fi biyya akka fayyadu barattoota hubachiisuudha.

**Yaadannoo**

- Qabxiilee mala baruu-barsiisuu silaabasii keessatti tarreeffaman dhiyeessuun hubannoo barattootaa gabbisuun ni danda'ama.

**Gocha**

**Barsiisaa/tuu !**

Barattoonni Gilgaala 6 gareen hojjechuu akka danda'aniif dursanii yaadannoo mataduree kenname jalatti dhiyaate akka dubbisan qajeelchaa. Tokkoon tokkoon garee qabxii ijoo hubate karaa bakka bu'ootaa dareef dhiyeessee erga irratti mari'atame booda, isin guduunfaa kennaa. Yoo waan dabalataan daree mari'achiisu jiraate keessummeessaa.

### HIV/AIDS

Dhibee kanaan ogeeyyiinii fi hayyuuleen du’uun isaanii biyya irra miidhaa geessisa. Galteewwan misoomaa gufachiisa. Kanaan kan ka’e, guddinni kan yaadamne taasisa. Rakkoon maatii irra gahus guddaadha. Jireenyi ni gaaga’ama. Kadhaan ni baay’ata.

Keessattuu, dargaggeeyyiin dhibee kanaan akka hubamne amala badaa irraa of eeguu qabu. Kanaafis mootummaa fi hawaasni osoo hin nuffiin hubannoo dargaggeeyyii cimsuudhaan, wantoota dargaggeeyyiif tolan dhiyeessuudhaan, sagantaalee bashannanaa biyya alaa irraa biyya keessa galan kanneen miira dargaggeeyyii haqaaqanii karaa irraa isaan baasan to’achuun cufuu qaba. Namoota osoo ittigaafatamummaan itti hin dhagahamin gocha akkasii irratti bobba’an saaxiluudhaan tarkaanfiin akka irratti fudhatamu gochuudhaan lammii baraaruu qabna.

Walumaagalatti, dhibeen HIV/AIDS nama dhuunfaa, maatii, ummata, humna nama baratee, dhaabbilee hawaasaa fi dinagdee irratti dhiibbaa inni geessisu kan salphaatti tilmaamamu miti.

### Yaadannoo

Hubannoodhaaf akka tolutti kitaaba mataduree ”Barnoota HIV/AIDS” jedhu kan bara 1994 Dhaabbata Qorannoo fi Qophii Sirna Barnootaatiin qophaa’e dubbisuudha.

### Guduunfaa

Qabxiilee ijoo matadurichaa dhiyeessuun barannicha guduunfaa.

## Deebii Gaaffiiwwanii

**I. Soba yookiin Dhugaa**

1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa 4. Soba 5. Soba

**II. Walitti firoomsuu**

1. G 2. E 3. F 4. C 5. B 6. D 7. A

**III. Bakka duwwaa guutuu**

1. Waadaa
2. ittigaafatamummaa
3. hambaa (dabaree) seenaa

**IV. Filannoo**

1. B 2. A 3. C 4. A 5. A

**V. Deebii gabaabaa**

1. Ittigaafatamummaa bahuun, misoomaa fi guddina biyyaa mirkaneessuuf fayyada.
2. Qabeenyawwan uumamaa misoomsuu fi hambaalee eeguun, ittigaafatamummaa lammiiwwan hundaati.
3. Sababoonni qisaasina qabeenyaa baay'ee ta'anis muraasni hanqina barnootaa fi hubannoo, hiyyummaa fi boodatti hafummaa, miira jaalala biyyaa dhabuu fi faayidaa dhuunfaaf dura kennuudha.

# Iddattoo Karoora Barnootaa

**Barnoota 1: Ittigaafatamummaa Bahuu**

| Yeroo | Gocha Barsiisaa/tuu | Gocha Barattootaa |
|---|---|---|
| 10’ | **Seensa**<br>• Fakkii kitaaba baratаа keessatti mataduree, ”Akaakuu fi sadarkaa ittigaafatamummaa” jedhu jalatti dhiyaate ibsuu.<br>• Barattoota sissi’eessuu. | • Yaada fakkii irraa argatan ibsuu<br>• Barattoonni biroon yoo dubbatan caqasuu. |
| 20’ | **Ibsa**<br>• Yaada fakkii irraa argatan cimsachuuf yeroo barreeffama dubbisan irra deemanii ilaaluun, kanneen deggarsa barbaadan gargaaruu.<br>• Daree to’achuu.<br>• Dabtara soroorsuu.<br>• Barattoonni yaada qaban akka ibsan jajjabeessuu.<br>• Gaaffii barattoonni biroon akka deebisan haala mijeessuu.<br>• Yoo hubannoo isaanii ol ta’e dabalata kennuu. | • Naamusaan barsiisaa caqasuu.<br>• Hojii daree hojjechuu fi dabtara soroorsifachuu.<br>• Gaaffii gaafachuu, gaaffii gaafatame deebisuu.<br>• Yaadannoo fudhachuu. |
| 10’ | **Guduunfaa**<br>• Barannicha irratti barattoonni guduunfaa akka kennan taasisuu.<br>• Barannoo guyyaa sana barattoonni barsiisonni hubannoo akka argatan gochuu.<br>• Gaaffiiwwan kaayyoo barannichaa fiixaan baasan dhiyeessuu. | • Guduunfaa kennamu hordofuu<br>• Gaaffii dhiyeessuu<br>• Sirriitti caqasuu<br>• Yaadannoo qabachuu |

# BOQONNAA TORBA

## AADAA HOJII CIMAA

***(wayitii 13)***

**Barattoonni boqonnaa kana erga baratan booda,**

- hojiin kamiyyuu tuffatamuu akka hin qabne hubatu.
- kabaja hojii fi yeroo hubatu.
- naamusni ogummaa bu'uura oomishtummaa fi guddinaa ta'uu hubatu.

| Lakk | Barannoo (mataduree) | Kaayyoo Gooree | Meeshaalee deggarsa barnootaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Aadaa hojii guddifachuu | ➢ Kabaja hojii gochaan agarsiisu.<br>➢ Hariiroo yeroo, hojii fi misoomaa ibsu.<br>➢ Hojii hojjetan yeroo gabaabaa fi qulqullinaan hojjetu. | |
| 2 | Osoo hin hojjetin jiraachuu | ➢ Osoo hin hojjetin jiraachuun rakkoo fidu ibsu. | |
| 3 | Dandeettii fi naamusa ogummaa | ➢ Dandeettii fi naamusa ogummaa guddifachuun hariiroo inni oomishtummaa waliin qabu ibsu. | |

### 7.1 Aadaa Hojii Cimsachuu

**Qophii daree/meeshaalee deggarsaa**

**Poostara namoota hojii adda addaa irratti bobba'an agarsiisu.**

#### 7.1.1 Hojiin tokko kan biraa gadi akka hin taane amanuu

**Gaaffii marii**

- Hojiin tokko faayida-qabeessummaa isaatiin kan biraa gadi akka hin taane fakkeenyaan ibsaa.
- "Hojii hunda walqixa kabajuu qabna" yoo jedhamu maal jechuufi?

**Barsiisaa/tuu !**

Gaaffiiwwan ka'umsaaf dhiyaatan barattootaaf dhiyeessaa deebii irratti kennisiisaa. Barattoonnis deebii adda addaa kennuu malu. Deebii isaanii gabatee boronqii irratti barreessaa.

**Gocha**

Barreeffama dhiyaate dhuunfaan akka dubbisan qajeelchaa. Akka yaada barreeffamichaatti Gilgaala 1 dareetti akka hojjetan taasisuun, deebii kennuufiif gaaffii fi deebiin akka raawwatamu haala mijeessaa. Gaaffiiwwaniif deebii kan ta'an dubbifama keessaa argachuu akka danda'an ibsaafii.

- Hojiin tokko kan biroo gadi akka hin taane amanuun rakkoo hojii dhabdummaa fi hojii malee taa'uu fura. Carraaqqii mootummaas ni deggara. Daandii misoomaa biyyi keenya irra jirtu jabeessa; aadaa hojii gaarii cimsa.
- Hojiin kamiyyuu hanga faayidaa hawaasummaa qabutti tuffatamuu hin qabu. Sababni isaas hojiin kamiyyuu fedhii meeshaalee fi maallaqaa ilmaan namaa guutuuf gahee guddaa waan qabuufi.
- Ibsitoota jaalala biyyaa keessaa tokko osoo hojii hin tuffatin hojjechuun misoomaan biyya guddisuudha.

### Hubannoodhaaf

Boqonnaa 5 (Jaalala Biyyaa) fi Boqonnaa 8 (Of danda'uu) dubbisanii hubannoo gahaa argachuu danda'u.

### Barsiisaa/tuu !

- Barattoonni Gilgaala 1 erga hojjetan booda gaaffii fi deebiidhaan dhiyeessanii akka xumuraniin, gaaffiiwwan Gilgaala 2 jalatti dhiyaatan akka hubatan taasisaa.

### Yaadannoo

Gaaffiiwwan erga ilaalan booda, Gilgaala 1tti aanee dhiyaate akka dhuunfaan dubbisan qajeelchaa. Yaadannicha barattoonni hundi dubbisanii fixuu erga mirkaneessitan booda, Gilgaala 2 gareedhaan akka hojjetan haala mijeessaa.

### 7.1.2 Hojiiwwan Duunfaa fi Waliinii Bakka Hundatti Yeroo fi Qulqullinaan Hojjechuu

### Gaaffii marii

- Namoonni fakkii irratti mul'atan maal hojjetaa jiru?
- Carraaqqiin hojii dhuunfaa bu'aa waliinii irratti maal gumaacha?

### Barsiisaa/tuu !

- Barattoonni namoonni fakkii irrratti mul'atan maal hojjechaa akka jiran akka ibsan muraasa isaanii gaafadhaa.
- Gaaffii isa lammaffaa irrattis akkuma kana barattoonni deebii akka kennan taasisuun deebii isaanii gabatee boronqii irratti barreessaa.
- Bu'aa hojii faayidaa waliiniif oolu carraaqqii hojii namoonni dhuunfaa taasisaniidha. Barattoonni yaada kana akka hubatan taasisaa.

### Gocha

- Barattoonni dubbisa dhiyaate dhuunfaan akka dubbisan qajeelchaa. Itti aansees gaaffiiwwan dubbifamicha keessaa bahan gareedhaan akka hojjetan taasisaa.
- Murtii gareedhaan irra gahan erga dareef dhiyeessan booda waan sirrii hin taane irratti sirreeffama kennaa.
- Gaaffii 1 fi 2 deebisuuf dubbifamicha irra deebi'anii akka dubbisaniif haala mijeessaa.
- Gaaffii 3 immoo deebii akka argataniif hojiiwwan waliin hojjetan, bu'aa waliiniif faayidaa akka qaban karaa agarsiisaa.
- Dabalataanis, yaadannoo mataduricha jalatti dhiyaate dubbisuun Gilgaala 6 manatti akka hojjetan taasisaa. Deebii isaanii sirreeffachuufis yaadannoo sana dubbisanii akka argatan haala mijeessaa.

**Guduunfaa**

- Galmaan gahiinsa kaayyoo barannichaa mirkaneessuuf gaaffiiwwan murtaa'an dhiyeessuu fi deebii barattootaa madaaluun barannicha guduunfaa.

## 7.2 Osoo Hin Hojjetiin Jiraachuu (Wayitii 2)

**Qophii daree/meeshaalee deggarsaa**

- Fakkii namni fayyaan osoo kadhatuu agarsiisu.

### 7.2.1 Osoo hin hojjetin jiraachuun farra dinagdee, misoomaa fi guddinaati.

**Gaaffii marii**

- Osoo hin hojjetin nyaachuun maaliif qaanii ta'e?
- Akka yaada walaloo keessaatti, farra misoomaa kan jedhame maali?

**Barsiisaa/tuu !**

Walaloo dhiyaate akka qalbii barattootaa hawatutti isin dubbisaa. Kana booda barattoonni waan hubatan irratti akka yaada kennan taasiaa. Achiis namni yoo hin hojjenne jiraachuudhaaf kan isa/ishee barbaachisu argachuu akka hin dandeenye ibsaafii.

**Gocha**

- Dubbifama dhiyaate callisanii dhuunfaan akka dubbisan qajeelchaa. Itti aansee Gilgaala 7 dareekeessatti hojjechiisaa. Yeroo hojjetanii xumuran deebii kennuufiif gaaffii fi deebiidhaan dhiyeessaa. Kana booda qabxiilee armaan gadii akka guduunfaatti dhiyeessaa.

**Gaaffii 1**. Dadiin ofitti amantaa kan cimsatteef suuta suuta shaakala gootee fi firii hojii argameeni.
**Gaaffii 2**. Hojii dur jibbitu hojjechuuf tarkaanfii fudhachuun ishii jijjiirama isa tokko.

**Barsiisaa/tuu !**

Barattoonni Gilgaala 8 osoo hin hojjetin yaadannoo Gilgaala 7tti aanee jiru sirriitti erga dubbisan booda, dhuunfaan manatti hojjetanii akka dhufan taasisaa. Deebii isaanii soroorsuuf gaaffii fi deebiin fayyadamaa.

### 7.2.2 Kaayyoolee Misooma Diinagdee Heera M. F. D. R. I keessatti Turmaman

**Gaaffii marii**

Heericha keessatti mirgoota dinagdee tumuun maaliif barbaachise?

Barattoonni gaaffii armaan olii yaada qaban akka dhiyeessan taasisaa. Isinis qabxiilee armaan gadii dhiyeessuu dandeessu.

Heera keessatti mirgoota dinagdee tumuun kan barbaachiseef, mirgoota heera mootummaa keessa jiraneenyuyyuu yeroo jaallatee fi barbaadetti hir'isuu kan hin dandeenyee fi lammiiwwanis kanatti amanuun sodaa malee akka socho'an kan isaan dandeessisuudha.

**Gocha**

Barattoonni dubbifama dhiyaate erga sirriitti dubbisan booda Gilgaala 9 daree keessatti akka hojjetan taasisaa. Qabxiilee deebii ta'uu danda'an barreeffamicha keessaa argachuu akka qaban ibsaafii.
Gaaffii 2ffaaf yaada guduunfaa armaan gadii dhiyeessuu dandeessu.

- Hojjettoota qaxalee akka Aadde Haannaa akka badhaafaman gochuun, hojjettoota hafan kakaasuu danda'a. Kan badhaafame hojii caaluuf kakaasuu danda'a. Haalli kun misoomaa fi guddina biyyaa keessatti gahee guddaa qaba.
- Ibsa dabalataa yoo barbaaddan Heera Mootummaa FDRI Keewwata 41 jalatti qabxiilee dhiyaatan ilaaluun isin fayyada.

Itti aansuun Gilgaala 10 akka hoj-maneetti kennaafii. Gilgaala kana hojjechuuf dura Heera Mootummaa keessatti mataduree "Heera Mootummaa FDRI Keessatti Mirgoota Dinagdee Tumaman" jedhu jalatti yaadannoo jiru akka dubbisan qajeelchaa.

Yaadannoo kana irraa deebii kan ta'u argachuu waan danda'aniif, sirriitti akka dubbisan itti himaa.

**Ibsa**

Yaadannoon kenname kaayyoo barannichaa waliin gahaadha. Qabxii achi keessaa argatan muuxannoo isaanii waliin akka walitti hidhan taasisaa.

## 7.3 Dandeettii Ogummaa fi Naamusa Ogummaa (Wayitii 2)

**Qophii duraa/meeshaalee deggarsaa**

- Fakkii yeroo namoonni hojii adda addaa hojjetan agarsiisu.

### 7.3.1 Walitti Dhufeenya Dandeettii Ogummaa, Naamusa ogummaa fi oomishtummaa

**Gaaffii marii**

- Ogummaan maali? Naamusni ogummaa hoo?
- Barattoonni gaaffiiwwan kanneeniif akka isaanitti dhagahametti deebii akka kennan jajjabeessaa. Deebii isaaniis dabtara isaanii irratti akka barreeffatan taasisaa.
- Kanatti aansuun dubbifama dhiyaate hubannoon dubbisanii Gilgaala 11 daree keessatti dhuunfaan akka hojjetan qajeelchaa. Gaaffii fi deebiin yaada isaanii soroorsaa. Yaada deebiif ta'u dubbifamicha keessaa argachuun waan danda'amuuf, hubannoon akka dubbisan gochuun gahaadha. Dhuma irrattis Gilgaala 12 hojjechuuf yaadannoo Gilgaala 11 jala jiru dursanii akka dubbisan taasisaa.

**Dandeettii ogummaa fi Naamusa Ogummaa**

Ibsi mataduree kanaaf kenname gahaadha. Qabxiilee barbaachisan yaadannicha keessaa baasanii deebiif akka fayyadaman gochuudha.

**Guduunfaa**

Gaaffiiwwan karoora barannichaa galmaan gahan gaafachuudhaan barannicha xumuraa.

# Deebii Gaaffiiwwanii

**I. Soba yookiin Dhugaa**

1. Soba 2. Dhugaa 3. Dhugaa 4. Soba 5. Dhugaa

**II. Walitti firoomsuu**

1. C 2. E 3. B 4. A 5. D

**III. Bakka duwwaa guutuu**

1. Kaayyoolee dinagdee MFDRI
2. Naamusa Ogummaa
3. Osoo hin hojjetin nyaachuu
4. Aadaa hojii 5. Dandeettii fi ogummaa

**IV. Filannoo**

1. C 2. D 3. D 4. A 5. D

**V. Deebii gaggabaabaa**

1. Aadaa hojii cimaa guddisuun kan danda'amu jiruu ofii keessatti jabaatanii hojjechuu qajeelfama yoo godhataniidha.
2. Misoomni biyyaa sadarkaa barbadamu irra hin gahu, jireenyi hawaasaa hin fooyya'u; baasii dabalataaf nama saaxila.
3. Yaada "kan hin hojjenne hin nyaatin" jedhu hojii irra oolchuun, tarkaanfiiwwan osoo hin hojjetin nyaachuu fi kadhaa hambisuu dandeessisan fudhachuu fi dandeettii fi gahumsa omishtummaa ammayyaa cimsachuudhaani.

# Iddattoo Karoora Barnootaa

**Barannoo 1: Aadaa Hojii Cimsachuu**

| Wayitii | Gocha Barsiisaa/tuu | Gocha Barattootaa |
|---|---|---|
| 10’ | **Seensa**<br>• Gaaffii ka’umsaaf deebii fakkeenyaan walqabsiisanii akka kennan gochuun barattoota kakaasuudha. | • Gaaffii mariif dhiyaateef dammaqinaan deebii kennuu |
| 20’ | **Ibsa**<br>• Dubbifama ”ogummaa mukaa” jedhu dhuunfaan akka dubbisan gochuu.<br>• Dubbifamicha barattoonni hundi akka dhagahanitti sagalee ol kaasuun dubbisuu.<br>• Akka yaada dubbifamichaatti Gilgaala 1 daree keessatti dhuufaan akka hojjetan gochuun daree to’achuu.<br>• Barattoonni deebii kennanii yoo xumuran gaaffii fi deebiidhaan deebii sirrii argatanii akka dabtara isaanii soroorsan taasiisuu.<br>• Gilgaala 2 hoj-manee godhachuun yaadannoo dubbisaa akka hojjetan taasisuu. | • Gilgaalicha dhuunfaan dubbisuu<br>• Yeroo barsiisaan dubbisan callisanii dhaggeeffachuu<br>• Hojii daree dhuunfaan hojjechuu<br>• Dabtara ofii soroorfachuu<br>• Gilgaala 2 hojii manaa, hojjechuu<br>• Yaadannoo dubbisuudhaan qabxiilee keessaa fudhachuu |
| 10’ | **Guduunfaa**<br>• Gaaffiiwwan barannicha guduunfan qopheessuun dhiyeessuu.<br>• Barannoo guyyaa sanaa gabaabsanii dhiyeessuun guduunfuu. | • Deebii kennuu<br>• Dammaqinaan dhaggeeffachuu<br>• Yaadannoo fudhachuu |

# BOQONNAA SADDEET

## OF DANDA’UU

*(Wayitii 7)*

**Barattoonni boqonnaa kana erga xumuran booda,**

- amala jibbisiisaa maxxantummaan qabu hubatu.
- faayidaa dandeettii ofii beekuun qabu hubatu.
- bu’aa hojii gaariif beekamtii/kabaja kennuu fi namoota biroo irraa barachuun ofitti amantaa cimsuuf faayidaa inni qabu hubatu.

| Lakk | Barannoo (mataduree) | Kaayyoo Gooree | Meeshaalee deggarsaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Aadaa of danda’uu guddifachuu | • Tooftaa maxxantummaan ittiin badu ibsu.<br>• Faayidaa of danda’uu ibsu. | |
| 2 | Bu’aa hojii gaariif kabaja kennuu | • Namoota hojii gaarii hojjechuun beekaman dinqisiifatu.<br>• Haallan hojii gaariif nama geessisuu danda’an ibsu. | |
| 3 | Ofitti amanuu | • Ofitti amanuun maal akka ta’e ibsu.<br>• Amala nama ofitti amanuu tarreessuu. | |

### 8.1 Aadaa Of Danda’uu Gabbifachuu *(Wayitii 3)*

**Qophii daree/meeshaalee deggarsaa**

- Suuraawwan daldalli seeraan alaa yeroo raawwatamu agarsiisan

#### 8.1.1 Hirkattumma Dhabamsiisuu

**Seensa**

- Suuraawwan lamaan irraa kan carraaqqii of danda’uu ibsu isa kami?
- Maxxantummaan akkamitti dhabamsiifama?

**Barsiisaa/tuu!**

- Barattoonni suuraawwan lamaan mataduree ”maxxantummaa dhabamsiisuu” jedhu jalatti dhiyaate ilaaluun gaaffiiwwan lamaaniif deebii akka kennan taasisaa. Maxxantummaa dhabamsiisuuf walta’uu, hojjechuu fi carraaquun of danda’uun akka milkaa’u fakkeenya dhiyeessanii (namoota beekanii fi waldaalee hojiin isaanii hubatame) akka irratti mari’atan taasisaa.
- Barattoonni marii ho’aa akka taasisan haala mijeessuun mataduree barannoo beeksisaa.

## Gocha

- Barattoonni mataduree dhiyaate dubbisanii waa'ee maalii akka ibsu akka tilmaaman carraa kennaafii.
- "Yabbuu jiidhaatti maru" kan jedhu waan gara fuulduraatti nama rakkisu dafanii sirreessuun akka barbaachisu murtii tokko irra akka gahan taasisaa.
- Dubbifamicha callisanii dhuunfaan akka dubbisan qajeelchaa.
- Gilgaala 1 daree keessatti hojjetanii afaanumaan deebii akka kennan taasisaa.
- "Walirraa garagalchuun" waan ofii itti hin dhamaane argachuuf, barattoonni biroon firii dhama'anii fidan qooddachuu jechuu fi innis amala maxxantummaa akka ta'e akka hubatan gargaaraa.
- Jabaatanii qu'achuun maxxantummaa irraa bilisa ta'anii of danda'uuf ka'uu akka ta'e hubachiisaa.
- Barannoo kana mataduree Boqonnaa 7 jalatti dhiyaate waliin walqabsiisuun hubannoo akka cimsatan taasisaa.

## Hojii garee

- Gaaffii barattootaaf dhiyaatu dursaa qopheeffadhaa.
- Tokkoon tokkoon miseensa garee hojii keessatti akka hirmaatu taasisaa. Fakkeenyaaf, walitti qabaa, barreessaa fi kkf.
- Yaadolee gareedhaan qophaa'anii dhiyaatan irratti barattoonni biroon gaaffii akka kaasan jajjabeessuun akka mari'atan taasisaa.
- Dhuma marii irratti maalummaa maxxantummaa, ibsitoota maxxantummaa fi maxxantummaa akkamitti dhabamsiisuun akka danda'amu irratti guduunfaa kennaa.

## Maxxantummaa Dhabamsiisuu

Dinagdeedhaan of danda'uu dhabuun, kanaan kan ka'e namoota biroo kadhachuu fi eeggachuun, dhimma nama mudatu kaka'umsa ofiitiin xumurachuuf fedhii dhabuun, ibsitoota maxxantummaa hawaas-dinagdeeti. Maxxantoonni sochii hawaasummaa fi dinagdee keessatti waan gumaachan waan hin jirreef, guddina hawaasummaa fi dinagdee nama dhuunfaa fi biyyaa irratti dhiibbaa qaba.

Maxxantoonni miira ofitti amantummaa hin qaban; ofiifis kabajaa fi ilaalcha gaarii hin qaban. Namoonnis isaan irraa amantaa hin qaban. Cimanii barachuunii fi hojjechuun maxxantummaa dhabamsiisuun ni danda'ama.

## Gocha

- Gaaffii Gilgaala 2 jalatti dhiyaateef barattoonni deebii akka kennan taasisaa. Itti aansuun yaadicha ibsaafii.

Barattoonni daree fi mana isaanii qulqulleessuun hanga humna isaaniitti wantoota isaan hojjechuu danda'an keessaa muraasa. Haata'u malee, isaan osoo hojjechuu hin barbaadin daree barattoonni biroon dafqanii qulqulleessan keessatti barachuun, mallattoo maxxantummaa akka ta'e ibsaafii. Dabalataanis fakkeenya dhiyeessuun dhimmicha cimsaa.

## 8.1.2 Maxxantummaa fi Daldala Kontirobaandii

## Seensa

- Waa'ee daldala seeraan alaa (kontirobaandii) waan hubattan ibsaa.

- Fakkiin lakk. 8.3 jalatti dhiyaate kan ibsu nama meeshaa hin eyyamamne seeraan ala loosee dabarsuuf yaalu, poolisiin sakatta'amu agarsiisa. Barattoonni yaada fakkicha irraa argamu akka tilmaaman jajjabeessuun barannichaaf kakaasaa.
- Dabalataanis gaazeexaa fi barruulee adda addaa irraa suuraawwan yeroo meeshaaleen kontirobaandiin darban qabaman ibsan dareetti fiduudhaan, haala isaanii ibsuudhaan barattoonni dammaqinaan akka barannoo hordofan haala mijeessaa.

### Gocha

- Dubbifama dhiyaate barattoonni dhuunfaan akka dubbisan taasisaa. Yeroo muraasa kennaafii. Gilgaala 3 ilaalchisee yaada dubbifama keessaa argatan irratti akka mari'atan taasisaa. Hojiin daldala seeraan alaa hojii ayyama daldalaa hin qabne, kan gibirri itti hin kaffalamne; kanaan kan ka'e meeshaaleen biyyatti galan qulqullina kan hin qabne, dinagdee fi fayyaa hawaasaa irratti miidhaa kan qabu ta'uu hubachiisuudha.
- Gilgaala 3, lakk 3 irratti hundaa'uun, barattoonni 3-4 ta'an diraamaa gabaabaa waa'ee hojii daldala seeraan alaa jibbisiisaa ta'uu isaa qopheessanii dareef akka dhiyeessan taasisaa. Diraamaa dhiyaate irratti akka mari'atan taasisuun hojiin kontirobaandii maxxantummaa dinagdee fi hawaasummaa ta'uu isaa akka hubatan gargaaraa.
- Yaadannoo waa'ee kontirobaandii ibsu keeyyata keeyyataan akka irratti mari'atan taasisaa. Keeyyata keeyyataan yaada barattootaa fudhachuun, yaada yaadannichi dabarsuu barbaade irratti ejjannoo tokko qabaachuu akka danda'an gargaaruudha.

### Haaluma kanaan

**Keeyyata 1**: Kontirobaandiin yakka, kan biyyaaf galii hin galchine, dinagdee biyyaa miidhee guddinaaf gufuu ta'uu isaa.

**Keeyyata 2**: Kontirobaandiin bu'aa-bayii gatii gabaa kan fiduu fi meeshaaleen osoo hin galmaa'in galan jeequmsaaf humna ta'uu isaa.

**Keeyyata 3**: Meeshaaleen kontirobaandiin galan jeequmsaaf sababa ta'uufi, jeequmsi immoo nageenya ummataa kan miidhu ta'uu isaa ibsuun guduunfaa.

### Maxxantummaa fi Daldala Seeraan Alaa

Daldalli kontirobaandii, ashuuraa fi gibira akkasumas sadarkaa qulqullinaa mootummaan murteessu, eegumsa oomishaa buufata irratti taasifamu jalaa miliquudhaan, dirqama dinagdee fi hawaasummaa jiru cabsuudhaan hanqina dhiyeessiitti fayyadamuun karaa gabaabaa fi seeraan alaatiin duroomuuf hojii daldalaa seeraan alaati.

Kontirobaandiin daldala malaammaltummaa yoo ta'u, innis kan itti yaadanii hojjetani. Sochiin isaa fedhii bu'uuraa dhuunfaa guuttachuuf osoo hin taane, kaayyoo kanaa olii kan qabuudha. Sababoonni kunniinis hawaasummaa, dinagdee fi siyaasaa jedhamuu danda'u.

### Yaadannoo

Seerri adaba yakkaa 1997 keewwata 352 akka ibsutti kellaa cabsuun (kontirobaandiin) yakkaa fi kan nama adabsiisu ta'uun beekamaadha.

- Barannoo kana Boqonnaa 2 " Olaantummaa Seeraa" kan jedhu waliin walqabsiisuun, keessattuu seera cabsuu fi kabachiisuu dhiisuun miidhaa inni lammiiwwan irraan gahu caalaatti hubachiisuun ni danda'ama.

**Gocha**

**Barsiisaa/tuu!**

- Barattoonni yaadannoo waa'ee kontirobaandii ibsu irratti hundaa'anii Gilgaala 4 mana isaaniitti hojjetanii akka dhufan taasisaa. Gaaffii fi deebiidhaan deebii isaanii soroorsuudhaan guduunfaa kennaa.
- Kontirobaandiin meeshaalee waraanaa dhoksaan loosee galchuun jeequmsi akka babal'atu taasisa. Kun immoo nageenya biyyaa miidha.
- Nageenyi biyyaa dhibuun uummanni tasgabbaa'ee akka hin hojjenne, hin daldallee fi hin baranne gochuun jireenya hawaasummaa miidha.
- Kontirobaandiidhaan dawaa fi meeshaaleen adda addaa qulqullina hin qabne waan biyyatti galaniif, fayyummaa lammiiwwanii akka miidhu hubachiisuu qabdu.

Walumaagalatti, kontirobaandiin hojii carraaqqii ofiitiin guddatan osoo hin taane karaa seeraan alaa sooromuuf, hojii maxxantummaa hawaas-dinagdee ta'uu isaa barattoonni hubachuu mirkaneessuudha.

**Guduunfaa**

**Qabxiilee ijoo barannichaa gabaabinaan dhiyeessuun barannicha xumuraa.**

## 8.2 Bu'aa Hojii Gaariif Kabaja Kennuu (Wayitii 2)

**Qophii daree/meeshaalee deggarsaa**

- Suuraawwan namoota bu'aa hojii isaaniitiin badhaafamanii
- Dubbii kan akka "hojiin nama guddisa" jedhu
- Hojii fi seenaa namoota bebbeekamoo barreeffaman

**Seensa**

- Fakkii 8.4 jalatti ibsa kennamee fi fakkicha walitti fiduun barattoonni dhaamsa inni dabarsu akka tilmaaman taasisaa. Namoota naannawa isaanii hojii gaariin badhaafaman maal hojjetanii akka badhaafaman, badhaafamuun isaaniin fayyaduu fi dhiisuu isaa irratti akka mari'atan gochuun barattoota si'eessuun barbaachisaadha.

**Gocha**

- Dubbifamni dhiyate hawataa akka ta'uuf, barattoonni gaafataa fi gaafatamaa ta'anii cimdii cimdiin yoo dhiyeessan filatamaadha. Kana keessatti tokko dhiiraa, takka immoo dubara ta'uu qabu. Barattoonni kaawwan immoo gaaffiif deebii kenname caqasanii yaadannoo akka qabatan taasisaa.
- Gilgaala 5 dareetti akka hojjetan gochuun deebiin isaanii sirrii ta'uu mirkaneessaa.
- Akka Gaaffii 1 jalatti dhiyaateetti, Aadde Boontuun humna dinagdee dubartootaa cimsuu fi dubartoonni akka ofitti amanan gochuuf waldaa waan gurmeessaniif, badhaafamuu akka danda'an barattoonni hubachuu isaanii mirkaneessuun, hojiin ofiif, lammii fi biyyaaf fayyadu hojjechuun bu'aa hojii gaarii akka jedhamu beekuu isaanii mirkaneessaa. Kana malees, barattoonni namoota hojii gaariin badhaafaman mana barnootaa, ganda, biyya keessaa fi biyya alaa keessaa kan beekan maqaa dhahanii akka irratti mari'atan haala mijeessaa.
- Gilgaala 5 lakk. 3 jalatti gaaffii dhiyaateef mootummaan Aadde Boontuu badhaasuun isaaniin jajjabeessuu fi namoonni biroon fakkeenyummaa isaanii akka hordofan gochuuf akka ta'e barattoonni hubachuu isaanii deebii isaanii irraa mirkaneessuudha. Itti aansuun, bu'aa hojii gaariif kabaja kennuun, namoota badhaafamanis dinqisiifachuun, hojiif caalaatti kan nama kakaasu ta'uu barattoonni akka

hubatan taasisaa. Barattoonni ofii isaaniif yeroo hojii gaarii hojjetan waliif kabaja kennuu isaanii gaafachuudhaan muuxannoo isaanii barannicha waliin walqabsiisaa ibsaafii.

### Gocha

- Bu'aa hojii gaarii ilaalchisee yaadannoo dhiyaate barattoonni dhuunfaan dubbisanii Gilgaala 6 manatti hojjetanii akka dhufan haala mijeessaa. Dabalataanis barattoonni yaada isaanii dabaree dabareen akka ibsan jajjabeessuun, yaadolee sirreeffamuu qaban sirreessaa barannicha guduunfaa.

### Bu'aa hojii gaariif kabaja kennuu

Kaayyoo barannichaa irratti hundaa'ee ibsi kenname gabaadha. Qabxiilee barbaachisoo yaadannicha keessaa baasuun ibsuu yaalaa.

**Guduunfaa**

- Bu'aan hojii gaarii ofiif, lammii fi biyyaaf kan fayyadu ta'uu;
- Barachuu fi cimanii hojjechuun bu'aa gaariif akka nama gahu;
- Dinqisiifannaa fi badhaasni bu'aa hojii gaarii kan jajjabeessu ta'uu fi namoonni biroon miira dorgommiitiin hojiitti akka ciman kan isaan kakaasu ta'uu, barattoonni hubachuu isaanii mirkaneessuun barannicha guduunfaa.

### 8.3 Ofitti Amanammummaa (Wayitii 2)

### Qophii daree/meeshaalee deggarsaa

- Poostaroota adda addaa yaada adda addaa ibsan.

### 8.3.1 Ofitti amanuun bu'aa hojii gaarii fiduuf gahee murteessaa inni qabu

### Seensa

### Gaaffii marii

- Ofitti amanuun, akkamitti bu'aa hojii gaariitiin nama gaha?

Gaaffii barattoota sissi'eessuuf dhiyaate irratti barattoonni yaada qaban akka ibsan taasisaa. Ofitti amanuun, qophii gahaa gochuun sodaa malee of ibsuuf waan gargaaruuf, humna ofii beekanii hojii raawwachuuf kan oolu bu'aa hojii gaariin kan nama geessisu ta'uu isaa barattoonni hubannoo argachuu akka danda'aniif sissi'eessuun gara barannoo guyyaatti cehaa.

### Gocha

- Dubbisicha osoo hin dubbisin dura mataduree isaa ilaalanii yaada dubbisichaa akka tilmaaman yoo taasifaman jalqabbii gaarii ta'a. Namni mul'ata qabu dandeettii fi humna isaa beekee gara fuulduraatti waan dhaqabuuf yaade dursee kan akeeke ta'uu isaa akka hubatan haala mijeessaa.
- Dubbifamicha callisanii dhuunfaan akka dubbisan qajeelchaa. Barreeffamicha irratti hundaa'uun Gilgaala 7 dareetti hojjetanii deebii sirrii akka walirraa fudhatan taasisaa. Gilgaala 7 irraa ka'uun jarreen barreeffamicha keessaa akka isaan ofitti amanan kan taasise,
- Waan qaban (beekumsaa fi maallaqa) addaan baasanii beekuu;
- dandeettii qabaniin waan hojjetan waan beekaniif;
- waan itti amananitti osoo yaada isaanii hin jijjiirin murteessuun isaanii ofitti amantaa isaanii kan ibsu ta'uu barattoonni deebii isaanii irraa akka hubatan taaisaa.

**Gocha**

- Ofitti amantaa ilaalchisee yaadannoo dhiyaate barattoonni akka dubbisan taasisuun, Gilgaala 8 manatti hojjetanii akka dhufan qajeelchaa. Akkaataa Gilgaala 8 keessatti ibsametti ofitti amantaan,
- Walitti dhufeenya hawaasummaa fi mana barnootaatti kan cimu ta'uu;
- Namni ofitti amanu dandeettii fi humna isaa kan beeku, waan dandeettii fi humna isaa waliin deemu kan addaan baasuu fi waliin madaalee kan murteessu ta'uu isaa barattoonni akka hubatan haala mijeessaa.

### 8.3.2 Ilaalchaa fi yaada namoota biroo iftoominaa fi haalaan keessummeessuun, ilaalchaa fi amantaa ofii ciminaan tarkaanfachiisuu

**Gaaffii marii**

- Ilaalcha ofii ciminaan tarkaanfachiisuu jechuun maali?
- Barattoonni yaada armaan olii akka isaaniif galetti akka ibsan taasisaa. Itti aansuunis, "ilaalcha ofii ciminaan tarkaanfachiisuu" jechuun walbira qabanii ilaalanii yaada tarkaanfachiisuuf murteeffatan irratti rakkoolee nama mudatan dandamatanii waan yaadan bira gahuu jechuu akka ta'e akka hubatan taasisaa.

Dubbifamicha keessatti namni abbaa seenichaa ta'an murtii isaanii irratti hamii ka'e dandamatanii akkamitti ciminaan yaada isaanii akka tarkaanfachiisan hubachuun ni danda'ama.

**Gocha**

Ibsa mataduree jalatti dhiyaate barattoonni erga dubbisan booda Gilgaala 9 manatti hojjetanii akka dhufan taasisaa. Deebii isaanii waliin soroorsaa.

**Ofitti amanuu**

Dhimma tokko irratti namni kamiyyuu yaadaa fi ilaalcha tokko qabachuu hin danda'u. Kana hubachiisuuf barattootaaf dhimma tokko dhiyeessuun akkaataa isaan yaada adda addaa qaban ibsan agarsiisuun ni danda'ama.

- Yaadoleen adda addaa jiraachuu isaanii fudhatanii yaada ofii waliin madaaluun sakatta'anii yaada ofii ciminaan tarkaanfachiisuun, amala nama ofitti amanuu akka ta'e hubachuu barbaachisa. Yaadaa fi ilaalcha namoota biroo sirriitti dhaggeeffachuu fi madaaluun sirrii akka ta'e hubachuu barbbaachisa.

Walqixxeessanii ilaaluun gocha ofitti amanuu irraa kan maddu yoo ta'u, innis of beekuu, yaada nama biroo caqasuufi madaaluu gaafata.

Namni tokko ofitti amanee yaada isaa sodaa malee dhiyeessuuf, dandeettii fi beekumsa isaatiin waan hojjechuu danda'u adda baasuun murtii irra gahuuf, yaada ofii ciminaan tarkaanfachiisuuf, dandeettii fi gahumsa isaa leenjii fi shaakalaan beekuu qaba. Yeroo kana kan inni nama ofitti amane kan ta'u.

**Yaadannoo**

- Gadiaantummaan, of gadiqabanii/xiqqeessanii of ilaaluudha.
- Olaantummaan, of olguddisuudha.

Lamaaniyyuu waa'ee mataa ofii tilmaama dogoggoraa akka qabaannu waan taasisaniif, ofitti amanuu irratti rakkoo fiduu danda'u.

### Guduunfaa

- Qabxiilee ijoo ibsuun guduunfuu dandeessu. Fakkeenyaaf, ofitti amanuun bu’aa hojii gaarii argachuuf gahee guddaa qaba. Namni ofitti amanu yaadaa fi ilaalcha namoota biroo iftoominaa fi karaa sirrii ta’een kan keessummeessuu fi kan ofiis ciminaan kan tarkaanfachiisuudha. Haalli kunis faayidaa hawaasummaa akka qabu beekuun barbaachisaadha.

# Deebii gaaffiiwwanii

**I. Soba/Dhugaa**

1. Soba 2. Dhugaa 3. Soba 4. Soba 5. Soba

**II. Walitti firoomsuu**

1. D 2. F 3. A 4. B

**III. Bakka duwwaa guutuu**

1. of danda'uu
2. badhaasa

**IV. Filannoo**

1. C 2. D 3. D 4. D 5. D

**V. Deebii gaggabaabaa**

1. Of danda'uun ijoollummaa irraa kaasee ta'uu qaba. Sababni isaas namni tokko ijoollummaa isaatti waan hojjechuu danda'u yoo hin hojjenne, yoo guddatu ogummicha barachuunii fi amaleeffachuun waan isa rakkisuufi.
2. Namoonni bu'aa hojii gaariitiin badhaafaman ittifufuun bu'aa fooyya'aa argamsiisuun, namoota biroof fakkeenya ta'uu qabu.
3. Daldalli seeraan alaa (kontirobaandiin) miidhaa hawaas-dinagdee biyyaa inni fidu,
   - misooma gufachiisuun guddinaa fi nageenya biyyaa jeeqa.
   - galii biyyi al-ergii fi ashuuraa irraa argattu hambisa.
   - bu'aa-bayii gatii gabaa fiduun daldaltoota seeraan hojjetan irra dhiibbaa geessisa.
   - nagaa fi fayyaa ummataa hunkuruun jeequmsa fida.

## Iddattoo Karoora Barnootaa

| Wayitii | Gocha Barsiisaa/tuu | Gocha Barattootaa |
|---|---|---|
| 10’ | **Seensa**<br>• Mataduree ”Maxxantummaa dhabamsiisuu” jedhu jalatti fakkiiwwan lamaan irratti waan hubatan akka ibsanii fi yaada akka kennan jajjabeessuun barannicha eegaluu. | • Dhaamsa fakkiiwwanii dhuunfaan xiinxaluu.<br>• Dhaamsa fakkiiwwanii hiriyootaaf ibsuu. |
| 20’ | **Ibsa**<br>• Dubbifamni ”Yabbuu jiidhaati maru” jedhu maal akka ibsu dursanii akka tilmaaman taasisuu.<br>• Dubbisicha callisanii akka dubbisan taasisuu.<br>• Gilgaala 1 dhuunfaan akka dalagan gochuu.<br>• Waa’ee maxxantummaa yaadannoo kenname dubbisanii yaada akka kennan jajjabeessuu.<br>• Yaadolee dogoggoraa barattoota irraa dhiyaatu sirreessuun hubannoo uumuu; yaadannoo dabalataa kennuufii.<br>• Barattoonni hojii garee akka hojjetaniif gareetti qoqqooduun hojii garee kennuufii.<br>• Yoom hojii garee xumuranii akka dhiyeessanii fi akkamitti akka hojjetan ibsuu fi yeroo murteessanii kennuu. | • Mataduree barreeffamaa irraa ka’uun yaadicha tilmaamuu. Barreeffamicha dhuunfaan dubbisuu.<br>• Deebii kennuu<br>• Yaadannoo dhiyaate irratti yaada kennuu fi mari’achuu.<br>• Guduunfaa kenname caqasuu fi yaadannoo fudhachuu. Garee ijaaruu.<br>• Hojii garee keessatti si’aayinaan hirmaachuu. |
| 10’ | **Guduunfaa**<br>• Barannicha irratti gaaffiiwwan ijoo ta’an dhiyeessuun hubannoo barattootaa sakatta’uu fi yaada gabaabaa kennuun guduunfuu. | • Gaffii deebisuu<br>• Guduunfaa kenname dhaggeeffachuu |

# BOQONNAA SAGAL

## AADAA QUSANNAA

***(Wayitii 6)***

**Barattoonni boqonnaa kana erga xumuran booda,**

- maloonni qusannaa adda addaa jiraachuu beekuu.
- barbaachisummaa ofii fi maatii ofii akka humna ofiitti bulchuu hubatu.
- karooraan jiraachuun aadaa qusaannaa dagaagsuuf akka barbaachisu hubatu.

| Lakk | Barannoo (mataduree) | Kaayyoo Gooree | Meeshaalee deggarsa barnootaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Gosoota qusannaa | • Gosoota qusannaa tarreessu.<br>• Maloota qo'annootti fayyadamu. | |
| 2 | Aadaa qusannaa | • Aadaa qusannaa guddisuu dhiisuun hiyyummaa babal'isuu keessatti gahee inni qabu ibsu. | |
| 3 | Karooraan hogganamuu | • Karooraan hogganamuu dhiisuun miidhaa inni qabu tarreessu.<br>• Karoora torbanii qopheessanii ittifayyadamu. | Iddattoo karoora torbanii |

### 9.1 Gosoota Qusannaa (Wayitii 2)

**Qophii daree/meeshaalee deggarsaa**

- Mammaaksa

Fakkeenya: Gowwaan of jalatti, beekaan baargamatti.

- Dabtaroota waldaalee qusannaa adda addaa

**Seensa**

**Gaaffii marii**

Qusannoon mallif barbaachisa?

- Barbaachisummaa qusannaa ilaalchisee barattoonni gareedhaan mari'achuun, waan irra gahan karaa bakka bu'oota isaanii dareef akka dhiyeessan sissi'eessaa. Kana boodas qusannoon osoo jireenya ammaa hin miidhin jireenya egeree haala gaariidhaan gaggeessuuf barbaachisaa akka ta'e hundumtuu hubannoo akka qabaatan taassisuun, gara barannoo itti aanuutti cehaa.

**Gocha**

Qusannaa irratti yaadannoo dhiyaate barattoonni gareedhaan akka irratti mari'atan taasisaa. Itti aansuun gaaffiiwwan Gilgaala 1 jalatti dhiyaatan hojjetanii dareef dhiyeessuun waan irra gahan akka waliif ibsan taasisaa.

- Qusannaa fi doqnummaan tokko akka hin taane yaada ka'umsaa keeyyattoota 1 fi 2 irraa gahuun gaaffii isa duraaf deebii kennuu,

- Ciminaan hojjechuun, qabeenya argametti sirnaan fayyadamuun karooraa fi sagantaan gaggeeffamuun, maallaqaa fi qabeenya gara fuulduraaf oolu qusachuun akka danda'amu hubachiisuun gaaffii lammaffaaf deebii kennuun ni mala.

### 9.1.1 Qusannaa gosaan  taasifamu

**Gaaffii marii**

- Qusannaan akaakuun ta'u kan akkamiiti?
- Barattoonni qusannaan akaakuu maal akka ta'e akka ibsanii fi sababa isaas akka dhiyeessan jajjabeessaa.

**Gocha**

- Barreeffamni dhiyaate baargamoon qabeenya dhaabbataa ta'uu isaa hubachiisuufi. Kana irraa ka'uun barattoonni akka dubbisichaatti Gilgaala 2f fakkeenya qabeenya dhaabbataa akka tarreessan taasisaa, fakkeenyaaf buna dhaabuu.
- Qusannaa akaakuun taasifamu ilaalchisee yaadannoo dhiyaate irratti barattoonni akka mari'atan taasisaa. Dhuma irrattis qusannaan akaakuu qabeenya dhaabbataa horachuu ta'uu fi yaadannicha keessatti lakkoofsa tokko irratti kan ibsame ta'uu isaa hubachiisaa.
- Qabeenya bitanii kaa'uun, beeyladaa horsiisuun, mukkeen dhaabanii kunuunsuun, keeyyata 1 keessatti kanneen ibsaman Gilgaala 3, lakkoofsa 1ffaaf deebii ta'uu danda'u.
- Qabeenyi akka sookoo, yoo namni barbaadu kan ittifayyadamuudha.  Kunis Gilgaala 3, lakkoofsa 2ffaaf deebii ta'uu danda'a.

### 9.1.2  Qusannaa maallaqaa

**Seensa**

"Horiin karra waaqaa saaqa."
"Kan horii qabu waa hunda qaba."

**Maallaqni qabeenya qusatamuu qabuudha.**

- Barattoonni barannicha irratti akka fuulleffataniif maammaaksonni olii ergaa isaan dabarsan maal akka ta'e akka addeessan jajjabeessaatii gara barannoo itti aanuutti cehaa.

**Gocha**

**Barsiisaaa/tuu!**

Barreeffamni mataduree kana jalatti dhiyaate maallaqa akkamitti akka horatanii fi qusatan kan ibsuudha. Barattoonni  dubbifamicha dhuunfaan dubbisuun gaaffiiwwan lamaan Gilgaala 4 jalatti dhiyaatan dhuunfaan dareetti akka hojjetan taasisaa. Hubannoo gahaa akka argataniif qabxiilee guduunfaa kennaa.

**Gosoota Qusannaa**

- Barreeffamni mataduricha jalatti kenname kaayyoo barannichaa fiixaan baasuuf gahaadha. Yaada ijoo dubbifamicha keessaa baasuun ibsaafii.
- Yaadannoon dhiyaate maallaqni akkamitti akka argamu, eessatti akka qusatamu, kan qusatame eessa taa'uu akka qabu kan addeessuudha. Yaadolee dhiyaatan barattoonni keeyyata keeyyataan akka irratti mari'atan gochuun, dhuma irratti hubannoo walfakkaatu akka qabaatan taasisaa. Kanaanis karaa ammayyaatiin maallaqa qusachuun kan danda'amu iqquubiin, baankii kaa'achuun, liqii fi qusannaan ta'uu akka danda'u hubachiisaa.

**Gocha**

- Dubbifamni dhiyaate maallaqni akkamitti akka argamuu fi akkamitti akka qusatamu ibsa. Barattoonni dubbifamicha dhuunfaan erga dubbisan booda, yaada argatan akka ibsan jajjabeessaa. Yaadichis namni tokko yeroo, humnaa fi beekumsa ofii sirriitti fayyadamee galii argate maallaqa gara fuulduraatti ittifayyadamu argachu akka danda'u kan addeessuudha.
- Barattoonnis namoota haala kanaan fakkeenya ta'an eeruudhaan yaadicha cimsuu danda'u.

**Hojii garee**

- Barattoonni mataduree kennameef irratti dursanii qophaa'uun walfalmii akka adeemsisan haala mijeessaa.
- Mataduree kenname waliin kan deeman ragaalee walitti qabachuun akka of qopheessan taasisaa. Yeroo falmii gidduutti, barattoonni dhaggeeffatan gaaffii akka gaafatan taasisaa.
- Dhuma irrattis jabaatanii hojjechuun maallaqa akka argamsiisu, maallaqa argame qusachuun immoo hojii babal'isuuf akkamitti akka fayyadu hubachiisuun xumuraa. Barattoonni akka mari'atan haala mijeessaa. Kana irrattis waraqaalee waldaa qusannaa adda addaa fidanii barattoota dubbisiisuun barannicha cimsuudha.

**9.1.3 Qusannaa yeroo**

**Seensa**

- "Harree ganama badde galgala kurkuriin hin deebisu."
- "Beellama Habashaa"

Yaadoleen armaan olii lamaan waa'ee yeroo kan ibsaniidha. Barattoonni yaada yeroo irratti qaban hanga beekan akka dabalan taasisaa.

**Ibsa**

Qusannaa yeroo jechuun hojii tokko yeroo murtaa'ee fi barbaadame keessatti, akkasumas hojii baay'ee yeroo gabaabaa keessatti hojjechuu akka ta'e kan ibsuudha.

**Gocha**

**Barsiisaa/tuu!**

- Tokkoon tokkoon keeyyataa dubbisaa, barattoonni ittifayyadamaa fi qusannaa yeroo irratti yaada isaanii ibsuudhaan dhuma irratti hubannoo tokko akka qabaatan taasisaa.
- Akkaataa gaaffii gilgaalichaan, hojii tokko yeroo barbaadametti hojjechuu dhiisuun karoora kan faallessuu fi bu'aa isaa kan balleessu ta'uu fakkeenya qabatamaadhaan akka ibsan taasisaa. Fakkeenyaaf, mana barnootaatti galmeen yeroodhaan yoo hin raawwanne raawwiin karoora hojii yoo harkifate, qorumsi yeroon yoo hin kennamne, barattoonni yeroon yoo hin qu'anne haallan uumamuu danda'an dhiyeessanii akka mari'atan gochuun qusannaa yeroo caalaatti akka hubatan taasisa.
- Yerootti sirnaan fayyadamuuf sagantaa hojii qopheessuun akka barbaachisu yaadannoo dhiyaate irratti mariisisaa. Hojii garee kennameef barattoonni waan hojjetaniif sagantaa hojii qopheessanii akka fidan gochuun, kanneen murtaa'an irratti akka mari'atan haala mijeessaa.
- Deebiin gaaffii gabatee jalatti dhiyaateef kennamu "Barataa A" yookiin "Barataa B" ta'uu danda'a. Kan hubatamuu qabu garuu yaada amansiisaa barattoonni dhiyeessan ta'a.

**Guduunfaa**

**Yaadolee ijoo barannichaa gabaabinaan dhiyeessuun barannicha xumuraa.**

## 9.2 Aadaa Qusannaa (Wayitii 2)

### Qophii daree/meeshaalee deggarsaa

- Afoola (Mammaaksota)

"Arfaasaa qotan malee birraa maal makaratu, Ijoollummaan horan malee niitii fuunaan maal nyaatu."

Geerarsi armaan olii yeroo ofiitti fayyadamuu baannaan booda rakkoon akka nama mudatu ibsuuf dhiyaate. Barattoonnis yeroo fi humna ofii bakkaa fi waqtii barbaachisutti fayyadamuu irratti yaada qaban akka gumaachan jajjabeessaa.

### Gocha

- Dubbifama dhiyaate dubbisaafii. Barattoonni dhaggeeffatanii dhaamsa isaa gabaabsanii akka ibsan taasisaa.
- Barreeffamichi osoo qusannaan hin yaadamin rakkoo uumamu faluuf yaaduun barbaachisaa akka ta'e addeessa. Haata'u malee, namichi seenaan isaa ibsame kan qusate waan hin qabneef, gaafa haati isaa du'an illee awwaaluuf akka rakkate, kanaan kan ka'e namoota biroo irratti maxxantuu ta'uuf yaalee akka hin milkoofne; achiis araaxaa liqeeffachuuf dirqamee jireenya isaa egereef gufuu akka kaa'e ibsa. Seenaa kana irraa barattoonni barbaachisummaa aadaa qusannaa akka hubatan gargaaraa. Gaaffiiwwan Gilgaala 6 yaada armaan olii irraa ka'anii deebisuu danda'u.
- Gilgaala 6 booda yaanni dhiyaate sirnoonni aadaa yeroo gaddaa fi gammachuu raawwataman walitti dhufeenya isaan qusannaa waliin qaban ibsa. Barattoonni yaadicha hubatanii kan ofii akka dhiyeessan taasisaa.
- Hojii garee barattoonni akka dhiyeessan tolchaa. Yeroo mariis baasiin hin barbaachifne aadaa qusannaa hangam akka miidhu akka hubatan taasisaa.

### Ibsa

- Namoonni maallaqa isaanii kan qusataniif sababa lamaafi. Inni tokko haallan hin eegamnee fi eegamaniif yoo ta'u, inni lammataa qabeenya dhaabbataa horachuufi. Kana ilaalchisee yaada kitaaba barataa keessatti dhiyaate irratti barattoonni yaada isaanii akka kennan taasisaa. Keessattuu naannawa isaaniitti rakkoolee eegamanii fi hin eegamneef akkamitti maallaqni akka qusatamu ragaa akka dhiyeessan gochuun barannicha qabatamaa taasisuu ni anda'ama.

### Gocha

- Gilgaala 7 irratti hundaa'uun, haallan eegamanii fi hin eegamne addaan baasuun, qusannaan rakkoo keessaa nama baasuuf akka gumaachu hubachuu akka danda'an taasisaa.
- Gilgaala 7f deebiin kennan akka haala jireenya barattootaatiin adda addaa ta'uu danda'a. Kanaafuu, gaaffichi deebii sirrii tokko qofa jechuu irra qusannaa irratti deebii fi sababa isaanii caqasuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, cidhii gaa'eelaa aadaa tokko tokko keessatti haala eegamu ta'uu danda'a; kan biroo keessatti immoo kan eegamus, kan hin eegamnes ta'uu danda'a.

### Guduunfaa

- Gaaffiiwwan kaayyoo barannichaa mirkaneessan dhiyeessuudhaan barannicha guduunfuu dandeessu.

## 9.3 Karooraan Hogganamuu *(Wayitii 2)*

**Qophii daree/Meeshaalee deggarsaa**

- Iddattoo karoora barnootaa adda addaa (kan dhuunfaa, mana barnootaa, aanaa fi kkf)

**Seensa**

- Waa'ee maalummaa fi raawwii karooraa waan beektan hiriyoota dareef ibsaa.
- Barattoonni yeroo gabaabaaf (guyyaa, torban, ji'a) maal akka karoorsanii fi kan karoorsan akkamitti raawwachuuf akka yaadan akka ibsan gaafachuu fi waa'ee maalummaa fi raawwii karooraa kan beekan akka ibsan jajjabeessuudha. Maatii waliin yeroo gabaabaa fi dheeraa keessatti maal hojjechuuf akka karoorsan akka dareef ibsan taasisaa.

**Gocha**

- Barattoonni barreeffama waa'ee karooraa dhiyaate keeyyata keeyyataan akka irratti mari'atan haala mijeessaa. Dhuma irrattis karoorri hojii tokko raawwachuuf yookiin galtee tokko irra gahuuf, dursanii akkaataa itti hojjetan baasuu fi wantoota hojii raawwachuuf barbaachisan (ciicatoota) guutuu akka ta'e sirriitti hubachuu isaanii mirkaneessa.
- Kana hubachiisuuf karoora barnootaa muummee tokkoo yookiin karoora barannoo tokkoo dareetti dhiyeessuun barannicha caalaatti qabatamaa taasisa.
- Barattoonni Gilgaala 8 dhuunfaan akka hojjetan taasisaa.
- Barattoonni muraasni deebii akka kennan gochuun deebii isaanii irratti akka mari'atan taasisaa. Yaada xumuraa kennuun barattoonni hundi hubannoo walfakkaatu argachuu isaanii mirkaneessaa.

**Gaaffii 1** - Karoora raawwachuun kan danda'amu,

- waan raawwachuu dandeenyu sirriitti yoo addaan baafane.
- galtee keenye irra gahuuf tooftaa raawwii sirrii yoo baafne.
- karooricha fiixaan baasuuf ciicata barbaachisu yoo arganneedha.

**Gaaffii 2** - Deebii barattoonni dhiyeessan caqasuun karoora raawwachuuf dhimmoota bu'uura ta'an ibsuu isaanii addaan baafachuudhaan kan hafe yoo jiraate guutuudha.

**Karooraan hogganamuu**

Hojiin kamiyyuu adeemsa walduraa duubaan raawwatamu qaba. Adeemsi hojii kun kan yeroo tokkotti qofa xumuramu osoo hin taane tokko isa biroo hordofee kan raawwatamuudha. Kanaafuu, raawwiin adeemsota hojii yoo milkaa'e gara galtee kaa'amee gahuuf gahee murteessaa qaba. Kana waan ta'eef, filannoowwan baay'ee keessaa kan galtee bira gahuuf barbaachisan filachuu qabna. Karoorri raawwii sagantaa tokkootiif wantoota barbaachisan (yeroo, meeshaa, humna namaa fi kkf) qixeessanii ramaduun gocha adeemsa hojii agarsiisuudha.

**Guduunfaa**

- Dhuma irratti gaaffiiwwan kaayyoo barannichaa dhugoomsan barattootaaf dhiyeessuun, deebii isaan kennan madaaluun barannicha guduunfaa.

### 9.3.1 Akka humna ofiitti jiraachuu dhiisuun rakkoolee inni fidu

**Seensa**

- Humna ofii beekuu fi beekuu dhiisuu gidduu garaagarummaa jiru fakkeenyaan ibsaa.

- Barattoonni humna ofii beekuu fi beekuu dhiisuu gidduu garaagarummaa jiru akka ibsan sissi'eessuun, fakkeenya dhiyeessan caalaatti qabatamaa gochuu barbaachisa.
- Gochaalee barataan kutaa 7ffaa tokko raawwachuu danda'uu fi gochaalee namoonni isaan ol jiran hojjechuu danda'an walkeessa makanii dhiyeessuun, gochaalee kamtu kan humni isaanii danda'uu fi isaan kamtu humna isaanii ol akka ta'an sababa isaa waliin akka ibsan gochuun gara barannoo itti aanuutti cehuudha.

**Gocha**

- Dubbifama waa'ee humna ofii beekuu ibsu barataan/ttuun tokko/takka sagalee ol kaasee/tee akka dubbisu/tu taasisuudhaan, Gilgaala 9f  ka'umsa ta'ee barattoonni akka irratti mari'atan gochuu.
- Dhuma irratti karooraan hogganamuuf  yookiin karoora raawwachuuf, humna ofii beekuun dhimma murteessaa akka ta'e humna ofiin ol karoorsuun raawwachuuf osoo hin taane ittiin kufuuf akka ta'e hubachuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.
- Yaadannoon culullee fi nama qaruuxee walbira qabee dhiyeesse faayidaa qusannaa ibsuuf yaada ka'umsaa qaba. Barattoonni haala qusannaa culullee yookiin goondaa irratti yaada isaanii akka ibsan taasisaa. Achiis bu'aaleen qusannaa lama akka jiran ibsuun, fakkeenyawwan yaadannicha keessaa irratti mari'achiisaa. Isaanis muuxannoo qaban akka ibsan affeeruun barannicha cimsaa.
- Gilgaala 10 irratti barattoonni yaada falmii akka dhiyeessan taasisaa. Falmii dhiyaatu irratti dhaggeeffattoonni gaaffii akka kaasan taasisuun waltajjii falmii cimsaa. Dhuma irrattis ijoollee barsiisuun, qabeenyawwan uumamaa qusachuun bu'aalee qusannaa yeroo dheeraa booda argaman, kanneen maatii fi biyyaaf bu'aa qaban ta'uu hubachiisuudhaan qabxiin falmii barannicha waliin akka walqabatu taasisuu barbaachisa.

### 9.3.2 Karooraan hogganamuu dhabuun rakkoolee inni fidu

**Seensa**

**Gaaffii marii**

- Karoora jechuun maal jechuudha? Tooftaaleen raawwii karooraa maalfa'i?
- Barattoonni kanaan duraa kutaa 6ffaatti kan baratan irraa ka'uun maalummaa karooraa akka ibsan taasisaa. Waa'ee tooftaalee raawwii karooraas hubannoo qaban akka ibsan gaafadhaa.

Barattoonni, karoorri hojii namni tokko yookiin manni hojii tokko galtee biran gahe jedhee maal, yoomii fi akkamitti hojjechuu akka qabu kan agarsiisu ta'uu hubannoo akka qabaatan taasisaa.

Tooftaan raawwii karoorri bahe akkamitti akka hojjetamu kan agarsiisuudha, Tooftaaleen akkuma karoora bahuutti adda adda ni ta'u.
Fakkeenyaaf, maallaqa qusachuu, barachuu, handaaqqoo horsiisuun buuphaa gurguranii maallaqa argameen waan tokko hojjechuun tooftaalee raawwii karooraati. Barattoonni gaaffii ka'umsaa olii irratti yaadolee ibsan akka hubatan jajjabeessaa.

**Gocha**

- Mataduree waa'ee qusannaa dhiyaate osoo hin dubbisin dura mataduricha ilaalanii yaada inni ibsuu danda'u akka tarreessan jajjabeessaa.
- Dubbifamichi maatii karooraan hogganamuu fi karooraan hin hogganamne walbira qabuun, karooraan hogganamuun faayidaa qabu;

Karooraan hogganamuu dhabuun miidhaa inni qabu kan agarsiisuudha. Haala kanaan isaan tokko kan karooraan hogganaman, isaan biroon immoo kan karooraan hin hogganamne ta’u. Dubbifamichi erga dubbifame booda Gilgaala 11 yaada armaan olii akka cimsatan taasisaa. Karooraan hogganamuu dhiisuun rakkoolee inni fidu.

Karoora jechuun, hojiin tokko eenyuun, eenyuuf, haala kamiin, akkamitti, meeshaa kamiin hojjetamuu akka qabu kan agarsiisuudha, Innis galtee tokko bira gahuuf karaalee adda addaa keessaa isa gaarii ta’e filachuun kan raawwatu yoo ta’u, murtii kennuus kan of keessaa qabuudha. Walumaagalatti karoorri,

- Dhuga-qabeessummaa fiduun  namoonni maal akka hojjetan kan agarsiisuu;
- Namoonni sababa quubsaa ta’e irratti hundaa’uun rakkoo hiikuun murtii akka kennan kan gargaaru;
- Galtee kaa’ame bira gahuuf filannoowwan adda addaatti fayyadamuun murtii akka kennan kan deggaruu fi jireenya gaarii akka jiraatan kan dandeessisuudha.
- Adeemsi murtii kennuu abbummaa fi ittigaafatamummaa irratti akka hundaa’u kan jajjabeessu;
- Hirmaannaa ittifayyadamtoota sagantaa tokkoo guddisuuf hojii gargaaruudha.
- Karooraan hogganamuu dhabuun, jireenya dhuunfaa fi hawaasummaa keessatti yeroodhaan maallaqaa fi humnaan miidhaa fidu hubachiisuun barannicha guduunfaa.

## Guduunfaa

- Gaaffiiwwan kaayyoo barannichaa galmaan gahan kennuudhaan yaada barattootaa madaaluun barannicha xumuraa.

# Deebii Gaaffiiwwanii

**I**. 1. Soba 2. Dhugaa 3. Soba 4. Dhugaa 5. Soba

**II. Walitti firoomsuu**

1. F 2. D 3. C 4. B 5. A

**III. Bakka duwwaa guutuu**

1. karoora
2. mudannoowwan eegamanii fi hin eegamne

**IV. Filannoo**

1. D 2. D 3. B 4. A

**V. Deebii gaggabaabaa**

1. Maallaqa kaa'uu caalaa meeshaalee galii ta'an bituun kaa'uu, qabeenyawwan dhaabbataa kan akka bunaa, mangoo dhaabuun, akkasumas horii horsiisuudhaan maallaqa hojii irra oolchuun akaakuudhaan qusachuun ni danda'ama. Haala kanaan maallaqni bu'aa akka fidu gochuun ni danda'ama.
2. Gosoonni qusannaa sadii: isaanis, akaakuudhaan qusachuu - qabeenyawwan dhaabbataa bitanii kaa'uu caalaa ittiin hojjechuu, horii horsiisuu fi kkf.
   - Qusannaa maallaqaa - maallaqa karooraa fi qusannaan ittifayyadamuu, kan hafe baankii kaa'uu.
   - Qusannaa yeroo - yeroo gabaabaa keessatti hojii baay'ee hojjechuu fi hojii yeroo inni fudhatutti hojjechuudha. Fakkeenyaaf barnoota ofii sirriitti hordofaa, daldalatanii bu'aa argachuun ni danda'ama.

# Iddattoo Karoora Barnootaa

## Barannoo 1: Gosoota Qusannaa

| Yeroo | Gocha Barsiisaa/tuu | Gocha Barattootaa |
|---|---|---|
| 5’ | **Seensa**<br>• Barattoonni yeroo murtaa’eef waa’ee qusannaa akka mari’atan gochuu. | • Garee xixiqqaan ta’uudhaan marii gabaabaa gaggeessuu.<br>• Waan irratti waliigalan karaa bakka-bu’oota isaanii dareef dhiyeessuu. |
| 25’ | • Barreeffama waa’ee qusannoo ibsu gareen akka dubbisan gochuu.<br>• Yaada qaban kan gaaffii marii irratti kenname waliin akka madaalan gochuu.<br>• Gilgaala 1 gareen hojjechuun karaa bakka bu’oota isaanii akka dhiyeessan gochuu.<br>• Waa’ee qusannaa akaakuu gaaffii gaafachuu.<br>• Dubbifama dubbisanii (dhuunfaan) Gilgaala 2 afaaniin akka deebisan taasisuu.<br>• Yaadannoo dhiyaate irratti ibsa gabaabaa kennuu. | • Garee xixiqqaa ijaaruun dubbisuu.<br>• Deebii kennuu.<br>• Yaada ofii dhiyeessuu.<br>• Gaaffiiwwaniif afaaniin deebii kennuu. |
| 10’ | **Guduunfaa**<br>• Maalummaa qusannaa fi qusannaa akaakuu akka ibsan gochuun madaaluu.<br>• Barannicha keessaa qabxiilee ijoo irra deebi’uun guduunfuu. | • Gaaffiif deebii kennuu.<br>• Ibsa dhaggeeffachuun yaadannoo qabachuu. |

# BOQONNAA KUDHAN

## DAMMAQINAAN HIRMAANNAA UMMATAA

**Barattoonni boqonnaa kana erga xumuran booda,**

- dhimmoota naannoo fi biyyaa keessatti hirmaannaa si'aawaa taasisuun hangam murteessaa akka ta'e hubatu.
- gahee waldaalee siivikii hubatu.
- faayidaa waldaalee siivikii keessatti hirmaachuun argamsiisu beeku.

| Lakk | Barannoo (mataduree) | Kaayyoo Gooree | Meeshaalee deggarsa barnootaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Dhimmoota naannoo irratti hirmaannaa si'aawaa gochuu | • Duula misooma naannoo irratti si'aayinaan hirmaatu. | Kitaaba "BLAG Hawaasa Giddu-galeessa Godhate" jedhu (Bara 1993) |
| 2 | Hojiiwwan Waldaalee Siivikii | • Dhaabbilee hirmaannaaf fayyadan ibsu.<br>• Gurmaa'inaa fi kaayyoo waldaalee siivikii ibsu.<br>• Hojiiwwan waldaalee tarreessu.<br>• Waldaalee cimsuuf faayidaa hirmaannaa ummataa si'aawaan qabu ibsu. | |

### 10.1 Dhimmoota Naannoo Keessatti Hirmaannaa Si'aawaa Taasisuu (wayitii 2)

**Qophii daree/meeshaalee deggarsaa**

- Poostaroota/suuraawwan hirmaannaa ummataa agarsiisan.
- Hirmaannaa hawaasaa keessatti namoota si'aayinaan qooda fudhatan.
- Barreeffamoota gaggabaaboo kaayyoo fi hojii waldaalee siivikii ibsan.

#### 10.1.1 Duula misooma naannoo keessatti si'aayinaan hirmaachuu

**Seensa**

- Suuraan dhiyaate maal akka ibsu gabaabsaa addeessaa.
- Namoonni suuraa irratti mul'atan hojicha akkamitti akka raawwataa jiran ibsaa.

Kitaaba barataa keessatti lakkoofsa 10.1tiin suuraan dhiyaate, namoota biqiltuu dhaabuun naannoo isaanii misoomsuuf hirmaannaa si'aawaa taasisan agarsiisa. Barattoonnis gaaffii ka'umsaa irraa ka'uun yaaduma kana akka tilmaaman taasisaa. Poostaroota gochaalee akkanaa ibsan fiduudhaan yaada akka itti kennan gochuun barannicha gabbisuun ni danda'ama.

**Gocha**

- Barreeffamni dhiyaate gandoota/araddaalee lama walbiratti madaala. Gandi inni tokko hirmaannaa ummataa si'aawaa ta'een naannoo isaa kan jijjiire, gandi inni biroon immoo hirmaannaa si'aawaa osoo hin taasisin qabeenyawwan naannoo jiranitti osoo hin fayyadamin, yaada maxxantummaatiin harka mootummaa qofa kan eeggachaa tureedha. Barreeffamichi barattootaan erga dubbifame booda, dhaamsa isaa irratti mari'atanii yaada olitti ibsame akka hubatan taasisaa.
- Barattoonni gaaffiiwwan Gilgaala 1 gareedhaan hiratanii deebii akka qopheessan taasisaa. Deebii kennan irratti mari'achuun hunduu deebii sirrii argachuu isaanii mirkaneessaa.
- Barannoo kana keessatti barattoonni kan hubachuu qaban, lammiiwwan dhimmoota misooma naannoo isaanii irratti furmaata kennuu danda'uudha.

**Gilgaala 2**, lakkoofsa 1 - Hirmaannaa ummataa dammaqinaan taasifamuuf kan namoonni gummaachan,

- maallaqaan, humnaan, beekumsaan ibsamuu danda'a.

**Gilgaala 2**, lakkoofsa 2

Hirmaannaan ummataa dhugoomeera kan jechisiisan

- qulqullinni naannoo yoo fooyya'u;
- naannoon mukkeeniin yoo uwwifame;
- dhaabbileen barnootaa fi fayyaa yoo ciman;
- barmaatileen miidhaa qaban yoo hafan ta'u.

Barannoo kana "miira ittigaafatamummaa" kan jedhu waliin walqabsiisuun cimsuu barbaachisa.

### 10.1.2 Sirna dimookraatawaa cimsuu

**Seensa**

- Fakkiiwwan olii irraa waan hubattan ibsaa.
- Filannoon sirna dimookraarawaatiin gaggeeffamuu fi dhiisuun isaa maaliin beekama?

Fakkiiwwan 10.2 fi 10.3 maal akka dabarsan gaafachuun barattoonni akka si'aayan taasisaa. Fakkiiwwan dhiyaatan hirmaannaa ummanni sochii siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa keessatti taasisu agarsiisa.

Filannoowwn karaa ifa ta'een raawwachuu isaa to'annoon ummataa yoo jiraatuu fi yeroo isaa eegee yoo gaggeeffame, filannichi sirna dimookraatawaatiin akka raawwate agarsiisa. Kana irraa ka'uun gaaffii ka'umsaa isa lammataa irratti barattoonni yaada akka kennan jajjabeessaa.

**Gocha**

- Barreeffamni mataduree "Magaalaa Mucilee" jedhu hirmaannaan hawaasaa misoomaa fi ijaarsa sirna dimookraasii keessatti murteessaa akka ta'e ibsuufi. Barattoonni dubbifamicha erga dubbisan booda, qabxii isaa hubachuu isaaniif gaaffii dhiyeessuun yaada isaanii ibsuu akka danda'anii fi hubannoo walitti dhiyaatu qabaachuu isaanii mirkaneessaa.
- Itti aansuun Gilgaala 3 barattoonni gareedhaan osoo dalaganii wayya. Deebiin isaaniis garaagara ta'uu mala. Ta'us waan hubatamuu qabu sababa isaan dhiyeessan ta'uu qaba. Walumaagalatti, hirmaannaa ho'aa ummataan taasifamu malee misoomnii fi ijaarsi sirna dimookraasii eessaan iyyuu kan nama hin geenye ta'uu hubachuu isaanii mirkaneessuun barbaachisaadha.

### Ibsa

- Mootummaan dimookraatawaan tokko kaayyoon isaa akka fiixaan bahuuf, hirmaannaa fi eegumsi lammiiwwanii murteessaadha. Lammiiwwan dirqama isaanii kan bahan hirmaannaadhaani. Sirna dimookraatawaa keessatti lammiiwwan dhimmoota biyya isaanii irratti dammaqinaan yoo hin hirmaanne, sirna bittaa cunqursaa qabutti deebi’uu danda’u. Hirmaannaan hawaasaa yoo cime fedhiin ummataa mootummaa biratti caalaatti beekama. Kana ilaalchisee kitaaba duraan maqaa dhahame dubbisuun ni danda’ama.
- Barannoo kan mataduree kanaan dura baratan ”Sirna dimookraasii” fi ”mirgoota dimookraasii fi namoomaa” waliin walitti hidhuun cimsuun ni danda’ama.

### Sirna dimookraasii cimsuu

Sirni dimookraasii saffisaan akka dagaaguu fi dhaabbilee fi amantaan isaa akka ciman yoo barbaachise, hawaasni hundi ijaarsa sirnichaa keessatti bal’inaa fi kallattiin hirmaachuu qaba. Qajeelchoowwan bu’uuraa sirna dimookraasii irratti amantaa waliinii uumuuf dhaabbilee jiran qindeessuun ittifayyadamuun gamatti, dhimma kana irratti ummanni hundi sadarkaa hundatti hirmaataa ta’ee kallattiidhaan dimookraasicha irraa fayyadamuu qaba. Sirna dimookraasii ijaaruuf sochii guyyuu taasifamu keessatti ummanni kallattiin hirmaataa ta’ee, muuxannoo isaa irraa barachaa, hanqinoota sirreessaa, ciminoota gabbisaa sirna dimookraasii irraa kallattiin fayyadamaa ta’uu qaba.

Kana ilaalchisee kitaaba ”Itoophiyaatti Dhimmoota Ijaarsa Sirna Dimookraasii” jedhu bara 1994 kan maxxanfame fuula 19 irraa dubbisuu qabdu.

## 10.1.3 Itoophiyaatti carraaqqii guddina misooma ariifachiisaa dhugoomsuuf taasifamu hirmaannaa hawaasaatiin deggaruu

### Seensa

- Yaada fakkiiwwanii gabaabsaa ibsaa.
- Fakkiiwwan keessatti guddinni yoo jiraates, guddinni garaagarummaa akka qabu ifa. Sadarkaa garaagarummaa ibsaa.
- Barattoonni garaagarummaa yaadaa fakkiwwan 10.4 fi 10.5 gidduu jiru hubatanii akka ibsan taasisaa. Akka fakkiiwwan irraa hubatamutti, jijjiiramni jira. Ta’us 10.5 irratti rakkoolee geejjibaa hiikuuf jijjiiramni bu’uuraa irratti taasifameera.

Poostaroota biroo hirmaannaa ummataatiin jijjiirama misoomaa kan ibsan fiduudhaan barattoonni waan hubatan akka addeessan jajjabeessuun ni danda’ama.

### Gocha

- Barattoonni dubbifama dhiyaate erga dubbisan booda, yaada ijoo hubachuu isaanii gaaffiiwwan adda addaa dhiyeessuun mirkaneessaa. Dubbifamni inni itti aanu maatii lama waliin madaaluudhaan hiyuummaa keessaa bahuuf gahee misooma ariifachiisaa mul’isuuf dhiyaate. Maatiin inni tokko maatii jijjiirama suutaa keessa darbeedha. Ilmi isaanii baratee gara fuulduraatti rakkoo keessaa akka isaan baasu eegama. Karaa biraatiin maatiin inni biroon saffisaan kan hiyyummaa keessaa baheedha.
- Kana irraa ka’uun Gilgaala 4 hojjechuun misoomni saffisaan dafanii hiyyummaa keessaa bahuuf akka fayyadu mariidhaan akka irra gahan taasisaa.

**Itoophiyaatti carraaqqii guddina misooma ariifachiisaa dhugoomsuuf taasifamu hirmaannaa hawaasaatiin deggaruu**

Ummanni hundi misoomaaf daangaa hanga daangaatti ka'ee gahee isaa kan ittiin bahu sirni diriiruun, haala qabatamaa biyya keenyaatiif dhimma filannoo biraa hin qabneedha. Hiyyummaa kana keessaa bahuuf ummanni hundi osoo itti hinhirmaatin dhiisiitii hawaasni hundi sadarkaa olaanaatti irratti hirmaatee illee salphaatti dhugoomsuun kan danda'amu miti. Burqaawwan hiyyummaa baay'ee walxaxoo fi yeroo yeroottis kan walxaxan waan ta'eef, hojiin misooma keenyaa hirmaannaan ho'aan hawaasaa yoo itti dabalame malee bifa kamiin iyyuu milkaawuu hin danda'u. Raawwiin sochii misooma keenyaa kan milkaawu, hawaasni guutuun dhimmootaa fi kaayyoowwan bu'uuraa misoomaa irratti ejjannoo tokkoo fi hubannoo walfakkaatu qabatee, kan irrattis tokkoon tokkoon lammii gahumsaan gahee isaa bahuu yoo danda'eedha.

(Kitaaba "Itoophiyaatti Dhimmoota Ijaarsa Sirna Dimookraasii" jedhu, Bara 1994 : 9)
Dabalataan kitaaba kana dubbisuun gaariidha.

**Guduunfaa**

- Gaaffiiwwan kaayyoo barannichaa dhugoomsan dhiyeessuun barannicha guduunfaa.

## 10.2 Hojiiwwan Waldaalee Siivikii (wayitii 2)

**Qophii daree/meeshaalee deggarsaa**

- Fakkiiwwan, suuraawwanii fi poostaroota sochii waldaalee siivikii agarsiisan

### 10. 2 . 1 Hirmaannaa Ummataa Cimsuu Keessatti gahee Waldaalee Siivikii

**Seensa**

- Waldaan Fannoo Diimaa maal maal hojjeta?
- Waldaan Fannoo Diimaa hirmaannaa si'aawaa hawaasaatiin gochaalee inni hojjechuu danda'u ibsaa.
- Maalummaa fi hojiiwwan Waldaa Fannoo Diimaa akka ibsan taasisuun, keessattuu Gumiin Fannoo Diimaa mana barnootaa isaanii maal maal akka hojjetu akka ibsan gochuun barannicha eegalaa. Kana malees, Fannoo Diimaan hirmaannaa ho'aa barattootaa fi hawaasaatti fayyadamuun yeroo rakkoo fi balaa maal akka raawwatu akka ibsan taasisuun barattoonni akka si'aayan haala mijeessaa.

**Gocha**

Kutaa 6ffaa keessatti waa'ee waldaalee siivikii waan baratan irraa ka'anii maalummaa isaanii akka ibsan taasisuun barannicha jalqabuu wayya. Barattoonni hubannoo walfakkaatu qabaachuu isaanii mirkaneessuun dubbifamicha akka dubbisan qajeelchaa.

- Gochaalee waldaalee siivikii/gumiiwwan dubbifama keessatti ibsamanii, hirmaannaa hawaasaatiif haala akkamii akka uuman gaaffii adda addaa dhiyeessuun mariisisaa.
- Gilgaala 6 irratti hundaa'uun, hirmaannaa ummataa ho'aa cimsuuf faayidaa waldaaleen siivikii qaban akka hubatan taasisaa.

**Gilgaala 6, gaaffii 1ffaf**

- Damee Ittisa Dhibee HIV/AIDS fi tajaajila hawaasummaa
- Waldaa dargaggootaa
- Gumiiwwan minii midiyaa jedhamu danda'a.
- Gaaffii lakkoofsa 2f dubbifamicha keessaa keessatti kan ibsame deebii ta'uu danda'a.

### Hojii Garee

- Mataduree kitaaba barataa keessatti dhiyaate irratti barattoonni erga walfalmanii fi mari'atan booda, waldaaleen siivikii hawaasas ta'e nama dhuunfaa akka fayyadan, akkasumas sirna dimookraasii ijaaruun mootummaa qofaan kan dhugoomu osoo hin taane, waldaaleen akkanaa ummata kallattiin hirmaachisuun gahee isaanii kan bahan ta'uu barattoonni hubannoo akka qabaatan gargaaruudha.
- Yaadannoon kitaaba barataa keessatti dhiyaate maalummaa waldaalee siivikii, hundeeffama, gurmaa'ina, kaayyoo fi hojii isaanii kan ibsuudha. Kana irratti barattoonni hubannoo walfakkaatu akka qabaatan taasisaa.

### Gaaffiiwwan lamaan Gilgaala 7 jalatti dhiyaataniif,

1. Tajaajilli isaan kennan kan bu'aa irratti bu'uureffate ta'uu hin qabu.
2. Hirmaannaa ummataa sochii keessa galchuu qaba.
3. Walitti dhufeenya ifaa fi ittigaafatamaa qabaachuu barbaachisaa.
4. Waldaaleen siivikii hirmaannaa hawaasaa cimsuudhaan, ummanni rakkoo isaa ofuma isaa akka furatu gochuuf kaayyoo waan qabuuf, hirmaannaan hawaasaa akka jiraatuu fi jabaatuuf gahee guddaa qabu.

### Hojiiwwan Waldaalee Siivikii

Kaayyoo barannichaa galmaan gahuuf ibsi dhiyaate gahaadha. Barannicha Boqonnaa 1 mataduree "Sirna Dimookraasii" jedhu waliin walqabsiisuun cimsuun gaariidha. Dabalataanis,

1. Kitaaba "Itoophiyaatti Dhimmoota Ijaarsa Sirna Dimookiraasii" jedhu.
2. "BLAG Hawaasa Giddu-gala Taasifate" kan jedhu dubbisuun ni danda'ama.

### Guduunfaa

- Qabxiilee ijoo barannichaa gabaabsuun dhiyeessaatii barannicha xumuraa.

# Deebii Gaaffiiwwanii

## I. Soba yookiin Dhugaa

1 Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa 4. Soba 5. Soba

## II. Walitti Firoomsuu

1. D 2. F 3. A 4. B 5. G

## III. Filannoo

1. B 2. A 3. D 4. D 5. C

## IV. Bakka duwwaa guutuu

1. Waldaa siivikii 2. Mootummaaf

## V. Deebii gabaabaa

1. A. Namoonni hojii bu’a-qabeessa dalaguu isaanii
   B. Namoonni yeroo hojii waliiniif bobba’an yeroo fi naamusa kabajanii hojicha raawwachuu
   C. Kopha kophaatti osoo hin taane bifa gurmaa’een hojjetanii bu’aa argachuu
2. - Hojii misooma waliinii keessatti hirmaannaa ho’aa taasisuu.
   - Gahee hojii kenname yeroottii fi sirriitti raawwachuu
   - Misooma naannoof yaadolee ijaaran maddisiisuu
   - Qabeenya ummataa fi mootummaa eeguu.

# Iddattoo Karoora Barnootaa

## Barannoo 1: Dhimmoota Misooma Naannoo Keessatti Hirmaannaa Ummataa Si'aawaa

| Yeroo | Gocha Barsiisaa/tuu | Gocha Barattootaa |
|---|---|---|
| 5' | **Seensa**<br>• Fakkii lakk 10. 1 hubatanii yaada inni dabarsu akka ibsan gochuun barattoota sissi'eessuu | • Fakkiiwwan kitaaba keessaa hubatanii yaada isaan dabarsan ibsuu. |
| 30' | **Ibsa**<br>• Dubbifama dhiyaate akka dubbisan qajeelchuu<br>• Barattoonni garee afuriin akka gurmaa'an gochuu<br>• Gilgaala 1 gareen hojjetanii akka dhiyeessan taasisuu.<br>• Yaadannoo waa'ee hirmaannaa ummataa irratti ibsa gabaabaa kennuu<br>• Gaaffiiwwan Gilgaala 2 jalaa akka dhuunfaan hojjetan gochuu<br>• Yaada sirreessaa kennuu. | • Dubbisuun hirmaachuu.<br>• Gareen hojjechuu.<br>• Garee keessatti dammaqinaan hirmaachuu; gabaasa garee qopheessanii dhiyeessuu.<br>• Gaafachuu, deebisuu, yaadannoo qabachuu. |
| 5' | **Guduunfaa**<br>• Misooma naannoo keessatti dammaqinaan hirmaachuun maaliin akka ibsamu barattoota gaafachuu.<br>• Gaaffiiwwan irra deebii gaggabaaboo dhiyeessuu. | • Dhaggeeffachuu<br>• Deebisuu<br>• Yaadannoo qabachuu |

# BOQONNAA KUDHA TOKKO

## BEEKUMSA FEDHUU

***(wayitii 8)***

**Barattoonni boqonnaa kana erga xumuran booda,**

- beekumsi misoomaaf, qo'annaaf, kalaqaaf bu'uura ta'uu hubatu.
- barbaachisummaa fi faayidaa ragaa hubatu.
- madda ragaa, qabinsa ragaa fi malota ittifayyadama ragaa beeku.

| Lakk | Barannoo | Kayyoo Gooroo | Meeshaalee deggarsa barnootaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Beekumsi misoomaaf, qo'annaaf, kalaqaaf | • Faayidaa ilaalchota qabatamoo fi saayinsaawaa ibsu. | Kitaabolee adda addaa |
| 2 | Maddaa fi ittifayyadama ragaa | • Barbaachisummaa ragaa ibsu<br>• Mala qo'annoo fi muuxannoo dubb-isuu ibsu. | |
| 3 | Yaadolee boodatti hafoo fi dubbii oftuulummaa | • Naannawa isaaniitti kan dubbatamu jecha oftuulumaa tarreessu. | |
| 4 | Kitaabolee adda addaa dubbisuu | • Faayidaa kitaabolee adda addaa dubbisuu ibsu.<br>• Mala itti qu'atan qopheeffatu. | |

### 11 Beekumsa Fedhuu (wayitii 2)

**Qophii daree/meeshaalee deggarsaa**

- Poostaroota gochaalee saayinsaawaa agarsiisan.
- Mammaaksotaa fi dubbii yaadolee boodatti hafaa ibsan.

**Fakkeenya** : Dubartiin ofii hin beektu, beekaa deessi. (Tuffii dubartiif)
Ijoollee fi fuulli hin dhaamotu (mirga daa'immanii cabsuuf)

**Beekumsa**

**11.1. Faayidaa beekumsa saayinsaawaa**

**Seensa**

- Fakkiiwwan irraa maal hubattan?
- Fakkiin laboraatorii keessaa waa'ee ilaalcha saayinsaawaa maal ibsa?

Fakkiiwwan 11.1 fi 11.2 ilaalanii dhaamsa fakkiiwwan dabarsuu danda’an karaa gaaffiiwwan fakkiiwwan jalatti dhiyaatanii akka ibsan taasisaa. Keessattuu Fakkiin 11.1 beekumsa saayinsaawaa jechuun, kan yaaliidhaan mirkanaawe ta’uu isaa agarsiisuuf akka ta’e waliigaltee irra akka gahan gargaaraa.

### Gocha

- Dubbifama ”Sinbira Halkanii” jedhu osoo hin dubbisin dura barattoonni sinbirri halkanii maaliif halkan akka barristu akka ibsan gaafadhaa.
- Kana booda yaada isaanii kan dubbisan keessaa waliin akka madaalan taasisaa.
- Barreeffamichi afoola; kan yaliidhaan mirkanaa’e miti. Kanaafuu, yaadichi saayinsaawaa miti. Kana irraa ka’uun Gilgaala 1 hojjechuun, hubannoo walfakkaatu akka qabaatan taasisaa.

Kanatti fufuun, barattoonni dubbifama ”Gaala” jedhu osoo hin dubbisin dura waa’ee gaalaa akka dubbatan haala mijeessaa. Kan barattoonni ibsanii fi yaada barreeffama keessaa akka walmadaalan taasisaa. Dhuma irrattis barattoonni Gilgaala 2 dareetti akka hojjetan gochuun, yaada barreeffama ”Gaala” jedhu keessa jiru haala qabatamaa namoota gaalatti fayyadaman ilaaluun mirkaneessuu akka danda’an ibsuudha. Kana irraa ka’uun yaada saayinsaawaa jechuun, waan namoonni dhimma tokko irratti walitti fufinsaan irra gahanii fi beekumsa nuuf dabarsan akka ta’e hubannoo walfakkaatu akka qabaatan gargaara.

Gilgaalli 3 kan barattoonni yaada saayinsaawaa fi saayinsaawaa hin taane ittiin adda baafataaniidha. Kanaafuu, dhuunfaan dareetti akka hojjetan qajeelchaa. Deebii isaanii akka soroorfataniif gaaffii fi deebii taasisaa. Barattoonni yeroo deebii kennan sababa isaanii akka dhiyeessan taasisaa.

Haala kanaan deebiin

1. saayinsaawaa
2. mit-saayinsaawaa
3. mit-saayinsaawaa
4. saayinsaawaa
5. saayinaasaa
6. mit-saayinsaawaa jedhamuu danda’a.

### Faayidaa Beekumsa Saayinsaawaa

Yaadannoon kitaaba barataa keessatti dhiyaate faayidaa beekumsa saayinsaawaa kan ibsuudha. Kanaafuu, barattoonni erga irratti mari’atan booda, beekumsi saayinsaawaa murtii sirrii kennuuf, dandeettii kalaqaa gabbisuuf, misooma saffisiisuuf, of danda’uuf akka fayyadu fakkeenyawwan dhiyeessuun hubachiisuudha.

## 11.2 Madda Ragaalee fi Ittifayyadama Isaanii

### Qophii daree/meeshaalee deggarsaa

- Kitaaboolee, barruulee fi gaazexoota akka wabiitti fayyadan

### 11.2.1 Ragaan eessaa argama?

### Seensa

Fakkiiwwan ilaaltan waa’ee ragaa yaada maalii isinii kennan?

Fakkiiwwan lakkoofsa 11.6, 11.7 fi 11.8 jalatti dhiyaatan madda ragaati. Akka fedhii abbaa dhimmaa fi haala barbaadamuutti, faayidaan madda ragaalee adda adda ta’uu danda’a. Kallattii kanaan barattoonni dhaamsa

fakkiiwwanii akka ibsan gochuun, gaaffiiwwan ka'umsaa dhiyaataniin barattoota sissi'eessuun gara barannoo itti aanuutti cehaa. Poostaroota akka madda ragaatti gargaaranis dabalataan ittifayyadamuun barattoota sissi'eessaa. Yaadannoon dhiyaate madda ragaalee yookiin ragaaleen eessa eessaa akka argaman hubachiisuuf dhiyaate. Yaadannicha dubbisuun marii gahaa erga godhan booda ragaa sirrii eessaa fi akkamitti argachuun akka danda'amu ibsuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

### Gocha

- Barattoonni gaaffiiwwan ka'umsaa dhiyaatan bu'uureffachuun, ragaa haala kamiin akka qabatanii fi akkamitti akka ittifayyadaman muuxannoo qaban akka walii hiran jajjabeessaa. Yaada barattoonni dhiyeessan galmeessuun yaadannoo armaan gadii waliin walbira qabanii hubannoo sirrii ta'e akka argatan taasisaa.
- Gilgaala 4 jalatti gaaffiiwwan dhiyaatan dareetti hojjechuun akka deebisan taasisaa. Yeroo deebisanis, ragaan mana kitaabaa, laboraatorii, mudannoo, marii, sab-qunnamtii (raadiyoo, gaazexaa, televiijina, barruulee) irraa akka argamu ibsuu isaanii mirkaneessaa. Ragaan akka dokumantiitti kan qabamu, madda amansiisaa irraa kan fudhatamuu qabuu fi sirriitti qindaawuu kan qabu, yeroon amma irra geenye kun odeeffannoo fi ragaan jireenya ammayyaatiif murteessaa ta'uu isaa akka hubataniif gaaffii fi deebiin hubannoo walfakkaatu akka argatan taasisaa.

### Madda ragaa fi ittifayyadama isaa

Ibsi kenname kaayyoo barannichaa galmaan gahuuf gahaadha. Qabxiilee barannichaa yaadannoo keessaa baasuun fakkeenyaan ibsuun dhiyeessuu yaalaa.

### Xumura

Gaaffiiwwan kaayyoo barannichaa galmaan gahuu danda'an barattootaaf dhiyeessuun guduunfaa.

## 11.3 Ilaalchawwan  Boodatti Hafoo fi Jechoota Oftuulummaa *(wayitii 2)*

### Qophii daree /Meeshaalee deggarsaa

- Jechoota oftuulummaa

### 11.3.1 Jechoota bodatti hafoo fi oftuulummaa

### Seensa

### Gaaffii ka'umsaa

- Namni tokko yaada boodatti hafaa qaba yoo jedhamu maal jechuufi?
- Naannawa isin jiraattan namoonni yaada/ilaalcha boodatti hafaa qaban jiruu?

Barattoonni ilaalcha boodatti hafaadha jedhan muuxannoo qaban irraa ka'anii akka ibsan taasisaa; maaliif boodatti hafaa akka jedhan sababa akka dhiyeessan marii gochuun sisi'eessaa.

### Gocha

Barreeffama dhiyaate keessa taatota (qooddattoota ) lamaan bakka bu'uuf dhiirri tokkoo fi dubarri takka akka dubbisan taasisaa.

Barreeffamichi ilaalcha boodatti hafoo dur namoonni qonnaan bulaa fi daldalaa irratti qaban agarsiisa. Barattoonni mari'atanii  yaanni ijoo dubbifamichaa ilaalcha boodatti hafaa ta'uu akka bira gahan taasisaa. Itti aansees, gaaffiiwwan Gilgaala 5 jalatti dhiyaatan dareetti dhuunfaan akka hojjetanii fi deebii irratti akka mari'atan taasisaa.

Gaaffii lakkoofsa lammaffaa ilaalchisee ilaalchi" Gita ishii malee heerumtee sanyii keenya balleessuu mannaa kan ishiin qixxaatu dhabdee hin heerumin hafte," jedhu mirga ijoollee dubaraa kan dhiibu ta'uu ibsa. Barattoonnis yaada ofii isaanii yeroo dhiheessan sababa isaa waliin akka ibsan taasisaa, kanneen sirrii hin taane sirreessuun hubannoo walfakkaatu akka qabaatan gargaaraa.

### Jechoota Boodatti hafoo fi Oftuulummaa Naannawatti Dubbataman

Jechoonni /dubbiin boodatti hafoo ta'an maddi isaanii saayinsaawaa kan hin taane, waan qabatamaa osoo hin taane miira namatti dhagahamu irraa kan maddan waan ta'aniif walitti dhufeenya ummattootaa miidhu. Yaadoleen kunniin misooma, guddina, hirmaannaa hawaasaa fi kkf daangessu.

Ilaalchi boodatti hafaan ka'umsi isaa doofummaa waan ta'eef, yeroo baay'ee faallaa beekumsa saayinsaawaa dhaabbachuun yaannii fi hojmaanni ammayyaa akka hin babal'anne gufuu ta'ee argama. Ilaalchi oftuulummaa immoo faayidaa kutaa hawaasaa murtaa'e qofa eegsisuuf seenaa keessatti yeroo tokko kan eegalamuu fi ilaalcha garee tokko guddisuun garee biroo xiqqeessuudha. Ilaalchi kun adeemsa seenaa yeroo tokkoo keessattis akka sirriitti kan inni fudhatamu jira.

Namoonni ilaalchota saayinsaawaa cimsuudhaaf beekumsa ragaa qabatamaa fi sababa guutuu qabu dagaagsaa yoo deeman, ilaalcha boodatti hafaa fi oftuulummaa keessaa bahuu danda'u.

### Guduunfaa

Barattoonni gilgaalota irratti hundaa'uun, yaadolee fi ilaalcha ofii isaanii akka ibsan gochuun, ilaalchota sirrii hin taanes mariidhaan sirreessuun hubannoo walfakkaatu akka qabaatan gochuun yaadolee ijoo dabaluun guduunfaa.

### 11.4 Kitaabolee Adda Addaa Dubbisuu (Wayitii 2)

### Qophii daree /meeshaalee deggersaa

- Fakkiiwwanii fi poostaroota yeroo barattoonni kitaaba dubbisan agarsiisu.

### 11.4.1 Muuxannoo dubbisuu gabbifachuu

### Gaaffii marii

- Dubbisuun maali?

Barattoonni kutaa 6ffaa keessatti waa'ee dandeettii dubbisuu (kan barnoota afaanii keessatti baratan) akka ibsan gochuun sissi'eessaa.

### Gocha

- Yaadannoo waa'ee dubbisuu ibsuuf dhiyaate irratti erga mari'atan booda, beekumsa ofii dabaluuf dubbisuun barbaachisaa ta'uu akka hubatan taasisaa.

Yaaddannicha dubbisuun Gilgaala 7 hojii manaa yoo taasifatan gaariidha. Kanaafuu, barattoonni ragaalee adda addaa waan dubbisan dareetti fidanii akka waliif hiran gochuu, qabatamaatti dubbisuun meeshaa beekumsaa ta'uu akka hubatan taasisaa.

### 11.4.2 Tooftaalee qo'annaa baafachuu

### Seensa

### Gaaffii marii

- Isin akkamitti qu'attu?

Tokkoon tokkoon barataa gaaffii dhiyaate irratti hundaa’uun mala ofii ittiin qu’atan akka ibsan gochuun, maloota qu’annaa dhiyaatan irratti ciminaa fi hanqina qaban akka ibsan taasisuun sissi’eessaa.

### Gocha

- Dubbifama waa’ee mala qu’annoo erga dubbisan booda, ciminaa fi hanqina inni qabu irratti yaada akka kennan mari’achiisaa. Itti aansuunis,
- Gaaffiiwwan sadan Gilgaala 8 jalatti dhiyaatan dareetti akka hojjetan taasisaa. Kana keessatti qabxiin hubatamuu qabu qu’annoodhaaf dursanii sagantaa qopheessuun barbaachisaa ta’uu isaati. Sagantaanis hojichi yoom, eessattii fi eenyuun akka hojjetamu waan addeessuufi.

Kitaaba barataa keessatti qabxiileen 1-4 dhiyaatan, qu’annaa bu’a-qabeessaaf tooftaalee fayyadan ibsu. Barattoonni yaadannoo kennameef irratti hubannoo walfakkaatu akka qabaataniif gaaffiiwwan gaafachuun mirkaneessaa.

Toora lakkoofsaa 5 jalatti kanneen 5.1 - 5.4tti jiran, yaadolee kitaaba dubbisuun beekumsa argachuuf, akkasumas adeemsota yeroo qu’annoo ibsuuf kan dhiyaataniidha,

Tokkoon tokkoon isaa irratti barattoonni yaada qaban akka ibsan taasisuun, ofii isaanii yeroo qu’atan maal akka hojjetan gaafachuun hundumtuu hubannoo walfakkaatu akka qabaatan taasisaa.

Dhuma irrattis barattoonni Gilgaala 9 manatti hojjetanii akka dhufan gochuun mala qu’annoo irratti hubannoo akka cimsatan taasisaa.

### Kitaabolee adda addaa dubbisuu

Kaayyoo barannichaaf kan gahu ibsi kennameera. Isa kenname daran cimsuu barbaachisa.

### Gudunfaa

- Barattoonni qabxiilee ijoo barannichaa gabaabsanii akka ibsaniif carraa kennaafii. Dhuma irrattis gaaffiiwwan kaayyoo barannichaa fiixaan baasan dhiyeessuun barannicha guduunfaa.

# Deebii Gaaffiiwwanii

**I. Sobaa yookiin Dhugaa**

1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa 4. Dhugaa 5. Dhugaa

**II. Walitti firoomsuu**

1. A 2. B 3. D 4. E 5. G

**III. Filannoo**

1. D 2. C 3. B 4. D 5. B

**IV. Deebii gaggabaabaa**

1. Murtii sirrii kennuuf, dandeettii kalaqqii gabbisuuf, misooma ariifachiisuuf, of-anda'uuf faayidaa olaanaa qaba.
2. Yaada boodatti hafaa fi oftuulummaa ummatoota gidduu waldanda'uu fi walkabajuun akka hin jiraanne, garee tokko ol, isa biroo gadi gochuudhaan waldiddaa fi jibba waan uumaniif nageenyaa fi guddina biyyaaf gufuu ta'u.
3. Gaaffii gaafanne hanga deebisnutti qu'annoo keenya akka addaan hin kunne nu gargaara.
4. Dargaggeeyyiin ilaalchota boodatti hafoo addaan baasuun, ittifayyadamuu dhiisunn, balaaleffachuun, dhaloota itti aanutti akka hin dabarre gochuudhaan, akkasumas ilaalchota saayinsaawaa bu'a-qabeessa ta'an dagaagsuudhaan gahee guddaa qaban bahuu danda'u.

**V. Karoora qayyasabnnaa barattooni qopheeffatan ilaaluun qajeelchaa.**

# Iddattoo Karoora Barnootaa

**Barannoo 1: Beekumsa**

| Yeroo | Gocha Barsiisaa/tuu | Gocha Barattootaa |
|---|---|---|
| 10’ | **Seensa**<br>• Fakkiiwwan lakkoofsota 11.1, 11.2 fi 11.3 jalatti dhiyaatan dhaamsa isaan dabarsan akka ibsan barattoota gaafachuu. | • Fakkiiwwan hubatanii yaada qaban ibsuu.<br>• Yaada kennuu |
| 25’ | **Ibsa**<br>• Barattoonni osoo dubbifamicha hin dubbisin sinbirri halkanii maaliif halkan akka barriftu akka ibsan gaafachuu.<br>• Barataan tokko akka dubbisu gochuu.<br>• Deebii duraan kennan yaada dubbifama keessaa argatan waliin akka madaalan taasisuu.<br>• Gilgaala 1 dhuunfaan hojjetanii afaanumaan akka deebisan taasisuu.<br>• Deebiiwwan irratti yaada/qeeqa dhiyeessuu.<br>• Dubbifama ”Gaala” jedhu akka dubbisan taasisuu.<br>• Gilgaala 2 dhuunfaan, lakkoofsa 2 immoo gareen akka hojjetan taasisuu.<br>• Barreeffamoota ”Gaala” fi ”Sinbira Halkanii” keessaa yaada argatan beekumsa saayinsaawaa waliin madaaluun akka ibsan taasisuu. | |
| 5’ | **Guduunfaa**<br>• Faayidaa beekumsa saayinsaawaa gaafachuu<br>• Beekumsa saayinsaawaa irratti ibsa kennuu fi barannoo guyyaa xumuruu | • Deebii kennuu, gaaffii gaafachuu, yaadannoo qabachuu |

## Alaabaa Mootummaa Naannoolee Miseensota Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippuubilikii Itoophiyaa.



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Tigraay**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Affaar**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Amaaraa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Sumaalee**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Beeneshaangul-Gumuz**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Ummatoota Kibbaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Gambeelaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Hararii**

Miseensonni mootummaa naannoolee armaan olii kun akkaataa heera Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippuubilikii Itoophiyaa (*Keeyyata 47, fuula 102 - 103*) kan kaa’amedha.